INSTIITIYUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QORANNOO SEERAA OROMIYAA

QORANNOO

RAKKOOLEE BU'AA QABEESUMMAA MANNEN MURTII BULCHIINSA FI AANGOO KEESSA DEEBII MANNEEN MURTII IDILEE:-HAALA QABATAMAA NAANNOO OROMIYAA

QORATTOOTNII:

1. ALAMAAYYOO WAGGAARII
2. ABDUSALAAM AABBEE

GULAALTOOTNI: HABTEE WALDASAMBAT

MILKII MAKURIYAA

ABDII ASAFFAA

WAXABAJJII, 2009

ILQSO, ADAAMAA

WAXABAJJII, 2009

ILOQHQSO

Baafata

Mata duree **Fuula**

Boqonnaa Tokko 3
Gumee Qorannoo 3
Seensa 3
1. Hima Rakkoo 5
2. Gaaffilee Qorannoo 8
3. Kaayyoo Qorannichaa 8
4. Daangaa Qorannichaa 9
5. Faayidaa Qorannichaa 9
6. Mala Qorannoo 9
Boqonnaa Lama 11
Hiikkoo, Maalummaa, Caaseefama fi Gurmaa'insa Manneen Murtii Bulchiinsaa 11
Seensa 12
2.1. Hiikkoo fi Maalummaa Manneen Murtii Bulchiinsaa 12
2.1.1. Adeemsa Seeraa Kan hordofu Ta'uu 14
2.1.2. Murtiiwwan kennaman kan Dhumaa Ta'uu (Conclusive) 16
2.1.3. Seerota Hiikuun Kan Kennamu Ta'uu 16
2.2. Caaseeffama fi Gurmaa'insa Manneen Murtii Bulchiinsaa 16
2.2.1. Caaseeffama 17
2.2.2. Gurmaa'insa 18
2.3. Maalummaa, Caaseeffama fi Gurmaa'insa Manneen Murtii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa 20
2.3.1. Maalummaa fi Aangoo Manneen Murtii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa 20
2.3.2. Caaseeffama Manneen Murtii Bulchiinsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa 24
2.3.3. Gurmaa'insa Manneen Murtii Bulchiinsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa 24
Boqonnaa Sadii 26
Aangoo Keessa Deebii Fi Ol'iyyannoo Manneen Murtii Idilee Murtiiwwan Manneen Murtii Bulchiinsaarratti Qaban 27
Seensa 27

3.1. Aangoo Manneen Murtii 28
3.1.1. Ol'iyyannoon Murtiiwwan Manneen Murtii Bulchiinsaa Keessumeessuu 28
3.1.2. Keessa Deebiin Murtiiwwan Manneen Murtii Bulchiinsaa Ilaaluuu 32
3.2. Sababoota Keessa Deebii Murtii 36
3.2.1. Aangoo gar-malee fayyadamuu / Ultra Virus/ 38
3.2.2. Adeemsa Seeraan Taa'e Hordofuu Dhabuu 39
3.2.3. Dhama Dhabeessummaa Murtii /Unreasonableness/ 40
3.3. Daangaa Aangoo Keessa Deebii Murtii Manneen Murtii 41
3.3.1. Dhimma Mana Murtiin Ilaalamu Hin dandeenye /non-justiciability/ 41
3.3.2. Furmaata Qaama Bulchiinsaa Bira Jiru Duguuguu 43
Boqonnaa Afur 46
Xiinxala Daataa Bu'aa Qabeessummaa Manneen Murtii Bulchiinsaa fi Aangoo Too'annoo Manneen Murtii Idilee Murteewwan Manneen Murtii Bulchiinsaan Kennaman Irratti Qaban ... 46
4.1.1 Aangoo, Adeemsa Kenninsa Murtii fi Gurmaa'insa Mana Murtii Bulchiinsaa Hoojjattoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa 48
4.1.1.2. Adeemsa Kenninsa Murtii fi Si'oomina Mana Murtichaa 56
..... 59
1.2. Aangoo, Adeemsa Kenninsa Murtii, Gurmaa'insaa fi Si'oomina Murtii Boordii Ol'iyyannoo Gibiraaf Taaksii 62
1.2.1. Aangoo Boordii Ol'iyyannoo Gibiraa fi Taaksii 62
1.2.2. Gurmaa'insa Boordii Ol'iyyannoo Gibiraa fi Taaksii ..... **Error! Bookmark not defined.**
1.2.3. Adeemsa Kenninsa Murtii fi Si'oomina Murtii 66
1.3. Aangoo, Adeemsa Kenninsa Murtii fi Gurmaa'insa Boordii Invastimantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa 71
1.3.1. Aangoo Abbaa Seerummaa Boordii Invastimantii 71
1.3.2. Adeemsa Kenninsa Murtii .....**Error! Bookmark not defined.**
1.4. Aangoo Ol'iyyannoo fi Keessa Deebii Manneen Murtii Idilee Murtiiwwan Manneen Murtii Bulchiinsaan Kennama Irratti Qaban 78
1.4.1. Ol'iyyannoon Murtiiwwan Manneen Murtii Bulchiinsaa Keessumeessuu 78
1.4.2. Aangoo Keessa Deebii Manneen Murtii Idilee Murtiiwwan Manneen Murtii Bulchiinsaan Kennaman Irratti Qaban 85
Boqonnaa Shan .....**Error! Bookmark not defined.**
Yaada Gudunfaa fi Furmaataa .....**Error! Bookmark not defined.**

Boqonnaa Tokko

Gumee Qorannoo

Seensa

Addunyaa yeroo ammaa keessatti qaamoleen bulchiinsaa aangoo seera raawwachiisuu duwwaa osoo hin ta'iin aangoo seera tumuu fi seera hiikuu akka qabaatan ta'uun hundeeffamaa jiru.[1] Aangoo seera tumuu fi hiikuun qaama bulchiinsaaf kennuun bu'aa fi miidhaa mataa isaa kan qabu ta'u isaa irraa kan ka'e ogeessota seeraa biratti ijoo falmisaa ta'e dha. Haata'uti, aangoo abbaa seerummaa haala addaan qaama bulchiinsaaf kennuun bu'aa mataa isaa kan qabuu waan ta'eef qabatamaatti seerotni biyyoota garagaraa aangoo kana manneen murtii bulchiinsaaf yeroo kennan ni mul'ata.[2] Aangoo abbaa seerummaa manneen murtii bulchiinsaaf kennuun bu'aawwan qabu keessaa si'oomina, dhimmoota ogummaa addaa barbaadan ogeessan akka hojjataman taasisuu, baasii qusachuu, dhaqqabamummaan isaan muraasa dha.[3] Kanaaf, qaama bulchiinsaa keessatti manneen murtii bulchiinsaa ykn qaama amala mana murtii qabu hundeessuun falmiiwwan bulchiinsaa qaama bulchiinsaa fi namoota dhuunfaa ykn qaamolee mootummaa gidduu uumamu keessummessan seerotaan beekamtiin kennameefi hojjachaa jiru.

Manneen murtii bulchiinsaa ibsuuf maqeeffamni garagaraa seerota adda addaa keessatti kan kennameef waan ta'eef hiikkoo tokko kennuun ulfaataa dha. Kanaaf, manneen murtii bulchinsaaf hiikkoo kennuurraa amaloota fi hojiiwwan qaama kanaan hojjataman ibsuun salphaa dha. Fakkeenyaaf barreeffamni tokko kan yoo ibsu manneen murtii bulchiinsaa boordii, koomishinii, koree ol'iyyannoo mootummaan hundeeffaman ta'e aangoo murtii kennuu kan qabu dha jechuun kaa'a.[4] Barreeffamni biroon ammoo jecha '*triibunaal*' jedhu hojii qaamoleen kun hojjatan irratti hundaa'uun yoo ibsu triibunaaliin qaamolee manneen murtii ala falmii hojii mootummaa waliin

[1] William F. Fox, Jr. Professor of Law, Understanding Administrative Law, Fourth Edition, Catholic University of America, fuula 18. https://www.lexisnexis.com/documents/pdf/20090218103837_large.pdf, gaafa 13/11/20160 ilaalame.
[2] Matthew Groves, Australian administrative law: Fundamentals, principles and doctrines, Cambridge University Pres, bara 2007, fuula 77, irratti Biyya Awustraaliyaatti manneen murtii bulchiinsaa bu'aa garagaraa kan qaban waan ta'eef manneen murtii idileetin ala akka hundeeffaman ta'eera.Biyya biyya Kaanaadaa keessatti manneen murtii bulchiinsaa iddoo guddaa kan qabanii dha. Ombudusman, Administrative Tribunals and the Canadian Legal System, fuula 11.
[3] Matthew Groves, Akkuma oliitti.
[4] Ombudusman, Administrative Tribunals and the Canadian Legal System fuula 11.

wal-qabatee ka'uu furanii fi gareen falmataan tokko mootummaa itti ta'e dha.[5] Hikkoowwan kanarraa amaloota manneen murtii bulchiinsa adda addaa baasuun ni danda'ama. Kunis, manneen murtii bulchiinsaa maqaa garagaraan waamamu kan danda'an ta'uu isaanii, gareelee falmisiisuun akka mana murtii murtii kennu kan danda'an ta'uu isaanii, garee wal-falman keessaa tokko mana hojii mootummaa ta'u kan qabu ta'uu ni ibsuu. Manneen murtii bulchiinsaa yeroo falmii gaggeessanii fi murtee kennan adeemsa seeraa mataa isaa danda'e kan mana murtii idileerraa adda ta'e ykn sana fakkaachuu danda'u hordofuun murtii kennu qabu. [6]

Manneen murtii bulchiinsaaf aangoon abbaa seerummaa haala addaan yoo kennamellee dhimmoota mana murtiin furmaata argachuu danda'an manneen murtii idileetti kan dhiyaachuu qaban waan ta'aniif dantaawwan lamaan kana wal-dandeessisuuf seerotni baay'een aangoo murtii manneen murtii bulchiinsaa keessa deebiin ilaalu manneen murtii idileef ni kennu.[7] Manneen murtii idilees murtiin bulchiinsaa sun adeemsaa seeraa hordofamu qabu kan hordofe ta'u, qaamni murtii kenne aangoo murtii kennu kan qabu ta'u isaa, dogoggoorri seeraa jiraachuu isaa fi kkf ni qulqullessu.[8]

Heerri mootummaa RDFI keewwata 37 jalatti namni kamiyyuu dhimmoota mannen murtiin furmaata argachuu danda'an/justiciable/ ta'an mannen murtii idileetti ykn qaama biroo aangoon abbaa seerummaan kennameef biratti dhiyeessuu akka danda'u ni tuma. Dabalataan keewwatni 78(4) manneen murtii addaa hundeeffaman adeemsa seeraan kaawwame hordofu akka qaban tumeera. Bu'uura kanaan labsiiwwan Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataa Feedaraalaa fi Caffee Oromiyaan tumaman mannen murtii bulchiinsaa aangoo abbaa seerummaa qaban qaamolee bulchiinsaa jalatti akka hundeeffaman taasisaniru.[9] Keewwattoota heera mootummaa armaan oliitti

[5] Aberham Yohannes & Desta G/Michael, Administrative Law Teaching Material, prepared under the Sponsorship of the Justice and Legal System Research Institute, 2009, http://r.search.yahoo.com/_ylt=A9mSs2WCRDVYESQAHw1LBQx.;_ylu=X3oDMTEyNjFlam1pBGNvbG8DaXIyBHBvcwMzBHZ0aWQDQjI2NDdfMQRzZWMDc3I-/RV=2/RE=1479914754/RO=10/RU=http%3a%2f%2fwww.joptc.gov.et%2fjoptc%2fPortals%2f0%2fadministrative-law.pdf/RK=0/RS=6Fp88V2JEtkybIO.TII3UHJmraU- fuula 141.

[6] Miiljalee Olii, fuula 129.

[7] William F. Fox, Jr. Professor of Law, Understanding Administrative Law, Fourth Edition, Catholic University of America fuula 21,. https://www.lexisnexis.com/documents/pdf/20090218103837_large.pdf, gaafa 13/11/20160 ilaalame.

[8] Miiljalee 5ffaa fuula 201.

[9] Seerota sadarkaa naannoo Oromiyaatti tumamanii fi aangoo abbaa seerummaa mannen murtii bulchiinsaa ykn qaamolee isaaniin fakkaataniif kennan keessaa Labsiin Gibira Galii Oromiyaa lakk 74/95 kutaa kurnaffaa keewwata 104 – 117, Labsii Hojjatoota Mootummaa Oromiyaa lakk. 61/1994 Keewwata 70-73 jalatti waa'ee mannen murtii

ibsamanii fi seerota garagaraa irraa akka hubachuun danda'amutti manneen murtii bulchiinsaa Itoophiyaa fi naannoo Oromiyaa keessatti hundeeffaman adeemsa seeraan ta'e hordofuu kan qaban ta'uu isaanii fi maqeeffamni isaanis gargara ta'u akka danda'u hubachuun ni danda'ama. Seerota akka naannoo Oromiyaas ta'e feederaalatti bahan keessatti manneen murtii bulchiinsaa kun maqaa boordii, koomishinii, tribunaalii, gumii ol'iyyannoo fi kkf mooggaafamanii jiru. Akka naannoo keenyatti manneen murtii bulchiinsaa aangoo abbaa seerummaa qabanii fi hojii keessa jiran keessaa manni murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaa boordii ol'iyannoo gibiraaf taaksii fi Boordiin invastimantii isaan ijoodha. Haa ta'u malee, sadarkaa feedaraalattis ta'e naannootti seerri bulchiinsaa qiindaa'e aangoo abbaa seerummaa qaamolee bulchiinsaa, adeemsa kenninsa murtii qaamolee kanaa, sirna ol'iyyannoo fi sirna keessa deebii murtii tumu hin jiru. Kanaaf, ijoowwan kannen seerota bu'uuraa waa'ee hundeeffama mannen murtii bulchiinsaa tuman jalatti akka haguugamu ta'eera. Seerotni muraasni akkaataa gurmaa'insa mana murtii bulchiinsaa, adeemsa kenninsa murtii fi sirna ol'iyyannoo fi keessa deebii murtii ifaan yoo tuman kaan ammoo dhimmoonni kannen dambiiwwanii fi qajeelfamootaan akka murtaa'u danda'an ni tumu. Haa ta'uu malee dambiiwwanii fi qajeelfamoonni hundinuu bu'uura labsiin teechifameen bahani hin argaman.

Kanaaf, aangoon mannen murtii bulchiinsaa adda addaa, gurmaa'insi isaanii, adeemsi kenninsa murtii, sirni ol'iyyannoo fi keessa deebii murtii iftoomina kan hin qabnee fi hiikkoo garagaraaf kan saaxilamee dha. Kunis, mannen murtii bulchiinsaa biratti hoj-maatni garagaraa fi gurmaa'insi adda addaa akka jiraatu taasiseera. Aangoo manneen murtii murteewwan bulchiinsa irratti qaban falmisiisaa akka ta'uu fi hoj-maatni wal-fakkaataan mannen murtii biratti akka hin jiraanne taasisee jira. Qorannoon kunis hoj-maata manneen murtii bulchiinsaa lamaan kanaa fi aangoo keessa deebii murtii manni murtii idilee dhimmoota hojjattoota mootummaa fi gibira ilaallatan irratti qaban kan sakata'u dha.

1. Hima Rakkoo

Akkuma armaan oliitti ibsameen heerri mootummaa RDFI qaamoleen aangoo abbaa seerummaa qaban manneen murtiin alattis hundeeffamuu akka danda'an tumeera. Bu'uura kanaan seerotin hedduu sadarkaa feedaraalaa fi naannootti tumaman aangoo abbaa seerummaa manneen murtii

bulchiinsaa tumeera. Labsiin investimantii Oromiyaa lakk 138/200 keewwatni 5 waa'ee hundeeffama boordii investimatii komiiwwan investmantii ol'iyyannoon dhagahu tumeera.

idileerraa fudhachuun manneen murtii bulchiinsaa ykn qaamolee bulchiinsaaf yeroo kennan ni mul'ata. Aangoo abbaa seerummaa haala addaan qaamolee kanaaf kennun deeggarsa seeraa kan qabuu fi biyyoota baay'ee keessa kan jiru dha. Aangoo abbaa seerummaa haala addaan yeroo qaamolee bulchiinsaaf kennamu sirnaan akka gaggeeffamu seerri bulchiinsaa qajeeltoowwan seeraa olaantummaa seeraa, qoodinsa aangoo /separation of power/ fi too'annoo aangoo/check and balance/ giddu galeessa godhate ni barbaachisa.

Biyyoota biroo keessattis jiraachuun seera bulchinsaa qindaa'aa ta'e guddina seera bulchiinsaaf barbaachisaa dha jedhamee waan yaadamuuf seerri bulchiinsaa koodiitti[10] ykn seera tokkoon akka qindaa'ee tumamu ta'a[11]. Kaanaaf, dhabamuun seera bulchiinsaa qindaa'aan guddina seera bulchiinsaa biyyaarratti dhiibbaa kan fidu dha. Akka biyya keenyas seerri bulchiinsa qindaa'aan gatii hin jirreef guddina seera bulchiinsaa irratti dhiibbaa kan uume ta'u barreeffamonni ni agrsiisu.[12] Kanarraa kan ka'e qajeelfamni haala muudama, hojiirraa ka'uu, adeemsa kenninsa murtii abbootiin seeraa bulchiinsaa tumu hin jiru. Kana malees, keessa deebii murtii bulchiinsaa kana mana murtiin taasifamurrattis dhiibbaa uumeera.[13] Biyyoota sirna feederaalizimi hordofan keessatti qaamni bulchiinsaa sadarkaa feedaraallatti fi naannootti kan qoodamu waan ta'eef seerri bulchiinsaas haala wal-fakkaatun sadarkaa feedaraalaa fi naannootti kan qoodamu dha. Haa ta'u malee, akka naannoo Oromiyaattis ta'e sadarkaa feedaraalatti seerri bulchiinsa qiindaa'a ta'e tokko hin jiru.

Kanaaf, seerotni bu'uuraa garagaraa aangoon manneen murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaa, boordii ol'iyannoo gibiraaf taaksii fi Boordii invastimantii waa'ee mudamaa fi hojiirraa ka'uun abbootii seeraa (miseensoota boordii) manneen murtii bulchiinsaa, gurmaa'insi abbootii seeraa, adeemsi kenninsa murtii, sirni ol'iyyannoo fi keessa deebii murtii manneen murtii bulchiinsaa haala sirnaawaa ta'een tumamee hin jiru. Ijoowwan kanneen keessaa kaan haguggii seeraa seerota bu'uuraa keessatti haala gad-fageenyummaa hin qabneen akka argtan yoo ta'an kaan ammoo osoo haguggii hin argatiin bira darbamaniiru. Fakkeenyaaf, Labsii galii gibiraa naannoo Oromiyaa lakk.74/95 fooyyeessuuf bahee labsii lakk.134/2000 akkasumas labsii bulchiinsa taaksii mootummaa Oromiyaa lakk.203/2009 yoo ilaalle madda bajataa boordichaa, waa'ee bilisummaa

[10] Fakkeenyaaf koodiin seera bulchiinsaa Yukireen bara 1927 bahe guddina seera bulchiinsaa Gamtaa Raashiyaaf gahee guddaa taphateera. http://encyclopedia2.thefreedictionary.com/Administrative+Code
[11] South African Administrative Justice Act No. 20853,
[12]Miiljalee 5ffaa, fuula 47-48
[13] Miiljalee 5ffaa, fuula 47-48

fi itti gaafatamummaa abbootii seeraa haala ifa ta'een hin keenye. Haaluma wal-fakkaatuun gurmaa'insa mana murtii bulchiinsa hojjatoota mootummaa ilaalchisee labsii 61/94 kwt 70 jalatti manni murtii bulchiinsa akka hunda'u fi walitti qabaan dhaddachaa fi abbootiin seera komishinaraan kan muudaman ta'uu caqasuun alatti waa'ee muudama, itti gaafatamummaa fi bilisummaan hojii isaanii waan jedhu hin qabu. Dambiin kana raawwachiisuuf bahe Dambii lakk.36/96 ijoowwan kanaaf furmaata hin kennine. Kana malees,labsii invastimantii mootummaa naannoo Oromiyaa lakk.138/2000 keessatti murtiin boordii invatimantiin kennamu kan dhumaa akka ta'e ni tuma. Aangoo keessa deebii manneen murtii idilee murteewwan boordii invastimantii kennaman irratti ni qaban moo hin qaban kan jedhu garaagarumma ogeeyyi adda addaa jidutti uumee jira. Aangoo yoo qabaates ijibbaatan kan ilaalamuu moo? Ol'iyyannoon mana murtii waliigalaatti kan ilaalamu dha kan jedhu ifaa miti.[14] Kanaaf, akka naannoo keenyatti seerri bulchiinsaa qindaa'aan waan hin jirreef qaawwiin seeraa armaan oliitti ibsamaniif kannen biroon uumamaniiru. Kun ammo tajaajila sirna haqaa naannichaarratti dhiibbaa garagaraa uumeera. Isaanis, baay'inni galmee manneen murtii bulchiinsaa kanneen keessatti akka baay'atu taasiseera, muudamni, hojiirraa ka'uun abbootii seeraa akka naannootti haala wal-fakkaataan akka hin gaggeefamne taasiseera, manni murtii idilees murtiiwwan manneen murtii bulchiinsaa haala wal-fakkaataan akka keessa deebiin hin ilaalle taasiseera.

Kanaafuu, rakkooleen qaawwii seeraa fi hoj-maataa manneen murtii bulchiinsaa fi manneen murtii idilee murteewwan manneen murtii bulchiinsaa keessa deebiin ilaalan waliin wal-qabatee ka'e kanaaf furmaatni hin kennamu yoo ta'e tokkooffaa manneen murtii idilee murtiiwwan manneen murtii bulchiinsaa haala wal-fakkaataan keessa deebiin hin ilaalan waan ta'eef amantaan uummanni manneen murtii idileerraa qabu xiqqaachaa deema. Lammaffaa, murteewwan manneen murtii bulchiinsaa abbootii seeraa dandeetti, naamusa, fi bilisummaa hin qabneen akka kennamu taasisa. Kunis, manneen murtii bulchiinsaa kun kaayyoo itti hundeeffaman murtii ogummaan deeggarame fi si'ataa ta'e kennu jedhu akka galma hin geessisne ta'a. Kunis, mirga lammilee haqa argachuu jedhuu fi dhimmoota manneen murtiin ilaalamu danda'an manneen murtiitti dhiyeessuu jedhu kan cabsu ta'a. Kanaaf, mirga namummaa lammilee akka cabu taasisun sirna heeraallee gaaffii keessa akka galuu kan taasisu dha. Kanaafu, rakkoolee armaan oliitti ibsamaniif furmaata kennuun amantaa uummannii manneen murtii idileerraa qaban akka dabalu taasisuuf akkasumas

[14] Sakata'a qorannoo duraa abbootii seeraa mana murtii idilee,mana murtii hojjatoota mootummaa fi ogeessoota abba taayita galiwwaan Oromiyaa keessatti hojjatan irratti gaggeeffameerraa hubatameera.

sirni heeraa biyyatti fi naannoo keenyaa akka kabajamu gochuuf qorannoo kana gaggeessuun barbaachisaa dha.

2. Gaaffilee Qorannoo

Kanarraa ka'uun qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa armaan gadii kan deebisu ta'a.

1. Manneen murtii bulchiinsaa naannoo Oromiyaa itti-gaafatamummaa seera hiikuu itti kenname hangam fixaan baasaa jiru?
2. Rakkooleen seeraa fi hoj-maataa aangoo, caaseeffama fi adeemsa kenninsa murtii manneen murtii bulchiinsaa naannoo Oromiyaa waliin wal-qabatanii jiran maal fa'ii?
3. Manneen murtii idilee oliyyannoo fi keessaa deebiin murteewwan mana murtii bulchiinsaa irraa dhufan ilaalan waliin walqabatee hanqinaaleen seeraa fi hoj-maataa mul'atan maal fa'i?

3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo gooroo fi gooree of keessatti kan qabatu dha.

3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa rakkoolee kenninsa murtii manneen murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaa, boordii ol'iyannoo gibiraaf taaksii fi Boordii invatimantii naannoo Oromiyaa bira jiru akkasumas aangoo keessa deebii manneen murtii idilee dhimmoota kanarratti qabaniin wal-qabatee jiru adda baasuun kallatti furmaataa kan kaa'u dha.

3.2. Kaayyoo Gooree

Qorannoon kun kaayyoo gooree armaan gadii qabaata.

1) Akkaataa caaseeffama mana murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaa, boordii ol'iyannoo gibiraaf taaksii fi boordii invastimantii ni sakatta'a.
2) Adeemsa qaamoleen kun murtii kennuuf hordofan maal akka fakkatu ni madaala.
3) Rakkoolee hojmaataa fi seeraa muudama, hojiirraa ka'uu, bilisummaa abbootii seeraa, adeemsa kenninsa murtii manneen murtii bulchiinsaa waliin wal-qabatanii adda ni baasa.

4) Aangoo ol'iyyannoo fi keessa deebii manneen murtii idilee murteewwan manneen murtii bulchiinsaarratti qaban haala maaliin raawwatamaa akka jiru ni sakatta'a.
5) Hanqinaalee seeraa fi hoj-maataa keessa deebiin fi ol'iyyannoon dhimmoota manneen murtii bulchiinsaarra dhufan ilaaluun wal-qabatanii jiran adda ni baasa.

4. Daangaa Qorannichaa

Seerotni aangoo abbaa seerummaa mana murtii idileerraa fudhuun mana murtii bulchiinsaaf kennan akka naannoo Oromiyaatti heddu akka ta'an kan beekamu dha. Haata'u malee manneen murtii bulchiinsaa seerotaan beekamti argatan hundii hundaa'anii hin jiran, Fakkeenyaaf, mana murtii bulchiinsaa dhimma liizii ilaalu. Kanaaf, qorannoon kun manneen murtii bulchiinsaa seerota sadarkaa naannootti tumamaniin hundeeffamanii fi hojii keessa jiran irratti kan xiyyeeffatudha. Isaanis, mana murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaa boordii ol'iyannoo gibiraaf taaksii fi Boordii invastimantiti. Manneen murtii bulchiinsaa dhimma liizii akka ilaalan seeraan kan tumamanii jiran ta'uus qabatamatti akka naannoo Oromiyaa hundeeffamanii kan hin jirre waan ta'aniif daangaa qorannoo kanaa ala akka ta'an taasifamaniiru.

5. Faayidaa Qorannichaa

Akkuma armaan oliitti ibsuuf yaalameen qorannoon kun kaayyoon isaa inni guddaan rakkoolee kenninsa murtii manneen murtii bulchiinsaa bira jiru fi aangoo keessa deebii manneen murtii idilee dhimmoota ijoo qorannoo kanaan qabaman irratti kan xiyyeeffatu dha. Kanaaf, rakkoolee qaamolee kanaa adda baasuun yaada furmaataa kaa'uun manneen murtii bulchiinsaa dirqama isaan irratti gatame sirnaan akka bahan godha. Kana malees manneen murtii idilee biratti murtiin manneen murtii bulchiinsaa haala wal-fakkaataan akka keessumaa'u kan gargaaru waan ta'eef qulqullinni murtii akka mirkanaa'u taasisu keessatti shora mataa isaa kan bahuu dha.

6. Mala Qorannoo

Qorannoon kun haala qabatamaa manneen murtii bulchiinsaa qorannoo kanaan filatamanii fi manneen murtii idilee kan sakatta'e waan ta'eef gosa qorannoo qabatamaa/non-doctrinal research/ ykn qorannoo raawwii seeraa yoo ta'uu maddoota odeffannoo, akkataa odeeffannoon funaanamuu, haalli xiinxala isaa akka itti aanutti ibsameera.

6.1. Madda Odeeffannoo

Maddoota odeeffannoo ilaalchisee maddoota odeeffannoo sadarkaa tokkooffaa/primary source/, madda odeeffannoo sadarkaa lammaffaa /secondary source/ fi madda odeeffannoo sadarkaa sadaffaa/tertiary/ irraa daataan funaanamee jira. Maddoota odeeffannoo sadarkaa tokkooffaa keessa af-gaaffii gariin caaseeffame(semi- structured interview) abbootii seeraa manneen murtii bulchiinsaa, itti gaafatamtoota waajjira bulchiinsaaf, abbootii seeraa mana murtii idilee, pirezidaantoota manneen murtii idilee, miseensoota boordii ol'iyyaanno gibiraa, itti gaafatamtoota fi ogeessota seeraa abbaa taayitaa galiiwwan fi waajjiraalee paabliik sarviis fi misooma qabeenya humna namaa, sadarkaan jiran irraa waliitti qabameera. Madda odeeffannoo sadarkaa lammaffaa keessaa dookumantiwwan kan akka murteewwan manneen murtii idilee, manneen murtii bulchiinsaa, seerota garagaraa, fi barreeffamoota seeraa akkasumas maddoota sadarkaa sadaffaa keessaa guuboo jechoota/dictionary/ seeraa faayidaa irra oolee jira.

6.2.Tooftaa xiinxalaa

Qorannoon kun manneen murtii bulchiinsaa naannoo Oromiyaa hangam bu'a qabeessa akka ta'an ykn hangam kaayyoo hundeeffamaniif galma geessisaa akka jiranii fi kaayyoo ittin hundeeffaman galma geessisuurratti hanqina qabu yoo ta'e maddii rakkinichaa maal akka ta'e adda kan baase dha. Kanaaf, kaayyoo manneen murtii bulchiinsaa akka addunyaatti itti hundeeffamanii fi kaayyoo addaa labsiiwwan manneen murtii bulchiinsaa qorannoo kanaaf filataman hundeessan keessatti taa'e jiru giddu galeessa gochuun bu'aa qabeessummaan manneen murtii bulchiinsaa kanneen kan madaalamee fi rakkoolee seeraa fi hoj-maataa manneen murtii bulchiinsaa kana bira jiru kan agarsiisee dha. Xiinxalli isaas irra caalaan mala qorannoo akkamtaa (qualitative research) fayyadamuun kan gaggeeffamee dha. Haata'u malee, bakka tokko tokkootti bal'iina rakkoolee agarsiisuuf daataawwan galmeerraa funaanaman mala qorannoo hammataan/quantitatively/ xiinxaleera.

Dabalataan, qorannoon kun rakkoolee seeraa fi hoj-maataa manneen murtii idilee murteewwan manneen murtii bulchiinsaa kennaman ol'iyyannoonii fi keessa deebiin ilaalan jiran kan adda baasee dha. Kunis, daataawwan bifa af-gaaffii fi galmeerraa argaman mala qorannoo akkamtaan xiinxaluun kan argame dha. Akka waliigalaatti xiinxalli daataa qorannoo kanaa irra caalaan mala qorannoo akkamtaa kan fayyadamee gaggeeffame yoo ta'u bakka tokko tokkootti mala qorannoo hammataan bal'ina rakkoo kan agarsiisee dha.

6.3.Mala eddattoo/sampling/

Qorannoon kun sadarkaa naannoo Oromiyaatti kan gaggeeffame ta'uus hanqina humna namaa, yeroo fi bal'ina naannoo Oromiyaa irraa ka'uun iddo hunda gahuun waan hin danda'amneef daataan mala eddattoon (sampling) garagaaramuun kan funaanamee jira. Kaayyoon qorannichaa rakkoolee jiran adda baasuu irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef bakka dhimmootni kun itti baay'atanii fi teessumma lafa naannoo Oromiyaa gidduu galeessa gochuun godinaalee 8(saddeet) fi Aanaalee lama lama filatamaniiru. Godinaaleen daataan irraa sassabame Godina Harargee bahaa, Jimma, Arsii lixaa, Wallaga Bahaa, Shawaa kaabaa, GAONF, Shawaa K/Lixaa fi Baalee dha. Aanaaleen daataan irraa sassaabame Baabbilee, Haramayaa, magaala jimmaa ,Sokorruu, Dodolaa, Kofalee, Guutoo giddaa, jimmaa arjoo, Gabra gurraacha, Fichee, Sabbataa, Walmaraa, Magaalaa Walisoo fi Aaanaa Tullu Boolloo, Roobee fi Goobbaa dha.

Akka waliigalaatti baay'ini daataa gurame gabateen akka armaan gadiitti ibsameera

lakk	Gosa daataa	Karoora	raawwii	%
1	Af-gaafii	218	182	83.48%
2	Galmee	184	196	106.52%
3	Ida'ama	402	378	94%

.

Boqonnaa Lama

Hiikkoo, Maalummaa, Caaseefama fi Gurmaa'insa Manneen Murtii Bulchiinsaa

Seensa

Biyyoota sirna seeraa siivil loow ta'e sirna seeraa kooman loow hordofan keessatti aangoon abbaa seerummaa mana murtii idileef duwwaa osoo hin taane sababoota garagara irraa kan ka'e manneen murtii bulchiinsaaf haala itti kennamu jira.[15] Manneen murtii bulchiinsaa kunis haala wal-fakkaataa ta'een osoo hin taane haala gara garaan caaseeffamu danda'u. Biyyoota tokko tokkootti akkuma mana murtii idilee sadarkaa wal-fakkaataan dhimmoota bulchiinsaa irratti aangoo waliigalaa akka qaban ta'uun yoo hundeeffaman biyyoota tokko tokko keessatti aangoo addaa/special jurisdiction/ akka qabaatan ta'uun hundeeffamu. Fakkeenyaaf, mana murtii bulchiinsaa gibiraa, mana murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaa fi kkf dha. Abbootiin seeraa isaanis gurmaa'insa garagaraa qabaachuu danda'u.

Akkuma biyyoota kaanii heerri mootummaa Feederaalaa aangoo abbaa seerummaa manneen murtii idilee duwwaaf kan kennee miti. Tumaalee heeraa keewwata 37(1) fi 78(4) irraa akka hubatamu aangoon abba seerumaa mana murtii idileef duwwaa osoo hin taane manneen murtii bulchiinsaa adeemsa seeraan taa'e hordofanif kennamu akka danda'u kaa'aniiru. Bu'uura kanaan aangoon abbaa seerummaa manneen murtii bulchiinsaa garagaraaf kennameera. Isaan keessaa kanneen qorannoo kanaan filataman mana murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaa boordii ol'iyannoo gibiraaf taaksii fi Boordiin invatimantii isaan ijoo dha.

Kanaaf, boqonnaa kana keessatti biyyoota gara garaa keessatti yaad rimeen manneen murtii bulchiinsaa akkaataa itti hubatamu ni sakata'ama. Kana jechuun akkaataa hundeeffama mannen murtii bulchiinsaa, falmii gaggeessan, murtii kennan, caaseeffama isaanii fi gurmaa'insi isaani seerota bu'uuraa isaan hundeessan waliin ni sakata'ama.

2.1. Hiikkoo fi Maalummaa Manneen Murtii Bulchiinsaa

Akkum armaan oliitti ibsameen aangoo abbaa seerummaa kan qaban manneen murtii idilee duwwaa osoo hin ta'iin manneen murtii bulchiinsaallee ta'u akka danda'an ibsameera. Manneen murtii idilee haala addaan yoo daangeeffaman malee dhimmota manneen murtiin ilaalamu danda'an ilaaluuf aangoo ni qabaatu. Gama biroon manneen murtii bulchiinsaa ammoo dhimmoota qaamni mootummaan keessa

[15] Fakkeenyaaf, biyya Inglaanditti manneen murtii bulchiinsa gosa70 ta'an jiru. Martina Kiinnecke, Tradition and Change in Administrative Law An Anglo-German, the University of Hull Law School Comparison, fuula=18. Fi biyyoota sirna seeraa siivil loow hordofan keessaa Faransaay yoo fudhanne manneen murtii bulchiinsaa sadarkaa duraa, oliyyannoo fi waliigalaa jira. Miiljalee 5ffaa, fuula 40 fi 41.

jiru duwwaa ilaaluuf kan aangeeffamanii dha.[16] Manneen murtii bulchiinsaa (Administrative tribunals) qaamoolee mootummaa imaammata hojiirra akka oolchaniif haala addaatiin sadarkaa federalaa fi naannoottii hundeefamanii dha. Aangoon qaamoota kanaaf kennamuun isaa dhimmoota saffisaan, adeemsa al-idileen akkasumas baasii xiqqaan murtii itti akka kennaniif gargaaruuf yaadameti. Kana males dhimmoota xaxamoo ta'an ogeeyyi dhimmicha irratti beekumsa qabaniin akka furmaata argatan taasissuu dha.[17] Manneen murtii bulchiinsaa kaayyoo kana galmaan gahuuf hundeeffaman maqaa garagaraan waamamu danda'u. kunis boordii, triibunaal, koomishinii ykn koree ol'iyyannoo jechuun moggaafamuu danda'u.[18] Barreeffamoota keessatti manneen murtii bulchiinsaa kun tribunal duwwaa ykn administrative tribunal ykn administrative court jedhamuun maqeeffamu.[19] Kanaaf, manneen murtii bulchiinsaaf akka haala isaaniitti hiikkoowwan tribunal ykn administrative tribunal ykn administrative court jedhamuun kennaman roogummaa kan qaban ta'u. Barreeffamni tokko yaada kan yoo ibsu:

Despite the differences in the terminologies used and their organizational setup from country to country, tribunals or administrative tribunals or administrative courts, as the case may be, refer to the forums where justiciable disputes that involve government agencies, in one or another form, are being adjudicated by a panel of impartial decision makers.[20]

Yaadni kunis mana murtii bulchiinsaa jechuun bakka falmiin qaama mootummaa karaa tokkoon ykn kaminuu of keessaa qabu itti ilaalamuu dha. Qaamni kunis murtii kan kennu abbaa seeraa bilisa ta' aniin dha. Barreeffamni biroo mana murtii bulchiinsaa yoo ibsu manneen murtii bulchiinsaa boordii, koomishinii, koree ol'iyyannoo mootummaan hundeeffaman ta'e aangoo murtii kennuu kan qabanii dha jechuun ni kaa'a.[21]Jechi tiribunaala jedhu manneen murtii bulchiinsaati alatti qaamolee biroos hammachuu kan danda'u ta'uus akka barreeffamootni agarsiisaniitti yeroo baay'ee mana murtii bulchiinsaaf kan hojiirra ooluu dha.[22] Bu'uura kanaan manni maree tribunaaloota jecha kanaaf ibsa kenneentribunaliin haala bilisa ta'een hundeeffamuu kan qabu, yeroo murtii kennan seera fi qajeelfamoota kan hojiirra olchan, fi qaama raawwachiftuu keessatti kan hundeeffamuu danda'an akka ta'an kaa'eera.[23]

[16] Miiljalee 5ffaa, fuula=141.
[17] Miiljalee 5ffaa, fuula 149
[18] Practice the essential for administrative tribunal ,fuula 13
[19] Miiljalee 5ffaa, fuula=141.
[20] Miiljalee 5ffaa, fuula =141.
[21] Ombudusman, Administrative Tribunals and the Canadian Legal System fuula 11.
[22] Neil Hawke, Introductions to Admnistrative law ,Cavendish publishing Limited London,1998 fuula 65,
[23] Miiljalee olii.

Kanarraa kan hubannu mana murtii bulchiinsaa jechuun hikkaa waliigala qabaachuu baatus akkaataa hundeefama, kaayyoo hundeefame daangaa aangoo kennameef, adeemsa hordofamu, miseensota hojjatan, walitti dhufeenya wal-falmitootan qabu ilaaluun qaama sadarka duraanis ta'ee ol'iyyannoon dhimmoota bulchiinsaa ilaaluun murtii kennuuf seeraan hundeefame akka ta'ee dha. Jecha biraatiin ogeyyiin ramadamani tiribunaalii keessatti hojjatan ogeeyyi seera qofa osoo hin taane dhimma ilaalamuu irratti ogummaa kan qabanii dha. Adeemsi hordofamu salphaa fi wal-falmitootaaf kan tolu dhiibba gare lamanuu irraa bilisa kan ta'eef dhaqabama ta'uu isaati.[24] Mannen murtii bulchiinsa akkuma manneen murtii idilee dhagaha gaggeessuu, ragaa madaaluu, seera hiikuu fi adeemsa haqa qabeessaa akkasumas loogummaa irraa bilisa ta'e hordofuun murtii kan kennanii dha. Kunis, kan agarsiisuu manni murtii bulchiinsaa akka mana murtii idilee kan seera jiru hordoofuun murtii bilisa ta'e kennuu kan qabanii dha. Garuu akka mana murtii idilee qaama raawwachiitfuu irraa addatti kan hundeeffaman waan hin taaneef bilisummaa akka mana murtii idilee akka qabaatan irraa hin eegamu.[25]Ibsa armaan oliitti kennameerraa ka'uun manni murtii bulchiinsaa amaloota armaan gadii akka qabaan barreeffamootni ni agarsiisu.

2.1.1. Adeemsa Seeraa Kan hordofu Ta'uu

Murtiin bulchiinsa yeroo kennamu adeemsii keessa darbame kennamu jiraachuun barbaachisaa dha. Qaamooleen bulchiinsa aangoo abbaa seerumaan murtii yammuu kennan adeemsa idilaawaa kan mana murtiin walitti dhiyatu ykn adeemsa salphaa dhimmoota muraasa qofa hammatu (idilaaawaa hin taane) keessa darbuun murtii kennuu. Dhimmoonni bulchiinsa namoonni dhuunfaan qaama bulchiinsa ykn qaamni bulchiinsa namoota dhuunfa irratti himata dhiyeessu danda'u, qaamni abbaa seerumma dhimmichi dhiyaatuuf qaamoolee lamaanuu irraa akka barbaachisummaa isaatti yaada isaanii caqasuu, raga akka dhiyeessan gaafachuu danda'a. Akkaata dhimmoonni ilaalamani itti murta'anii fi adeemsii keessa darbamu garaagarummaa qabaachuu danda'a. kunis adeemsa falmii idilaawaa fi adeemeesa falmii al-idilee jechuun ilaaluun ni danda'ama. Kanaafu murtiin qaama bulchiinsaan kennamu murtii adeemsa seeraa hin hordofne ta'uu hin qabu.[26]

Manni murtii bulchiinsa harki caalu adeemsa falmii idilaawaa hin taane kan fayyadamu yammuu ta'u kaayyoon guddaan qaamoolee bulchiinsaatiif aangoo abbaa seerummaa kennuun barbachiseef keessaa tokkoo adeemsa wal-xaxaa fi dheeraa manneen murtii keessatti hojirra jiran osoo hin

[24] Introduction to tribunal system fuula 6.
[25] Miiljalee 22, fuula 65.
[26] Miiljalee 5ffaa.

fayyadamin murtii kennuuf yaadame akka ta'ee ni beekama. Adeemsi falmii al-idilee biyyaa biyyattii akkasumas dhimmaa dhimmatti garaagarumma qabaachuu danda'a. Adeemsa kana keessatti mirgoonii bu'uura seeraan teechifaman muraasa qofa kabajuun dhimmichi akka ilaalamu kan taasifamuu dha.[27] Akka fakkeenyatti seera deemsa bulchiinsa (administrative procedure act) biyya Ameerika yoo ilaalle seerri deemsa akka biyyaatti jiru deemsa falmii bulchiinsa akka waliigalatti biyyatti keessa hojiirra olu kan tumu yoo ta'u naannooleen immoo seera deemsa bulchiinsa mataa isaanii qabaachuu danda'u. Seerri akka biyyatti jiru mirgoota bu'uura dhimma ittiin himataman beekuu fi mirga dhagahamu (Due process of law) akka kabajan kan eegamuu dha. Mirgi beeksifamuu yammuu jennu namni himatame yeroo, iddoo, gosa falmii abbaa taayitaa dhimmicha keessumessu irraa odeefannoo akka argatu taasifamuu qabaata. Mirga dhagahamu keessatti immoo wal-falmitoonni haala dhimmi isaanii furmata ittiin argatuu danda'u irratti yaadaa fi falmii isaanii akka dhiyeessan carraa argatuu qabaata.[28] Waa'ee dhagahamu yammuu dubbanu dirqama falmii afaanii gaggeesuu osoo hin taane akka haala isaatti falmiiwwan barreefaman dhiyeessuun qofti gahaa ta'uu danda'a.[29] Kanaaf, adeemsa al-idilee keessatti adeemsaaleen akka falmii idilee abuukaatoon bakka bu'amuu, falmii afaanii gaggeessuu, ragaalee bitaafi mirgaa dhagahuu jedhan hammatamanii hin jiran. Sababni isaas kaayyoo manneen murtii bulchiinsaa hundeessuuf barbaachise keessaa tokko dhimmootni yeroo gabaabaa keessatti akka furmaata argatan gochuu dha. Adeemsi al-idilee kunis yoo sirnaan too'atamee hojiirra ole malee mirga garee falmiitootaa miidhuu kan danda'u dha. Akkuma armaan gadiitti ibsamuun manneen murtii bulchiinsaa qorannoo kanaaf filataman adeemsa gara idileetti siqu kan hordofan waan ta'eef waa'ee adeemsa al-idlee kanumaan bira darbuun gahaa ta'a.

Mirgoota gaafii keessa jiran bu'uura godhachuun seerri manni murtii bulchiinsa adeemsa guutuu akka hordofu taasisuu ni danda'a. Adeemsa idilee keessatti wal-falmitootni mirgoota akka himata kan isaani irratti dhiyaate ta'uu beeksifamuu, carra dhagahamuu wal-qixxee argachuu, garagalcha himannoo argachuu , abukaatoon bakka buufamu, dhadacha mana murtii bulchiinsaa al-loogummaa irraa bilisa ta'een dhimmi isaa ilaalamuu, raga dhiyeessuu, ragaalee dhaabbata bulchiinsaarraa dhiyaatan qorachuufi murtii seera irratti hunda'e argachuu dha.[30]

[27] Miiljalee olii.
[28] Miiljalee olii.
[29]Miiljalee Olii.
[30] Miiljalee olii.

2.1.2. Murtiiwwan kennaman kan Dhumaa Ta'uu (Conclusive)

Amalli biroon manneen murtii bulchiinsaa murtiin isaan kennan kan raawwiif gahaa ta'e ta'u isaa ti. Kana jechuun murtiin mana murtii bulchiinsaan kenname qaamni biraa akka mirkaneessu eeguun osoo hin barbaachisiin qaamolee wal-falman irratti humna dirqisiisuu kan qabu ta'u isaa ti. Jecha biraan dhimmoonni tarkaanfiwwan fudhatamaniin wal-qabatee qaamni biroo akka mirkaneesuu, irra deebi'ee ilaalu taasifamu akka murtii aangoo abba seeruman kennameetti hin fudhatamu jecha dha.[31] Fakkeenyaaf, murtiiwwan koree adda addaa waajjiraalee garagaraa keessa kennaman hojii gaggeessaa manichaan akka mirkanaa'an ni taasifama. Kanaaf, murtiiwwan akkasi koreen kennaman murtiiwwan dhumaa raawwatamuu danda'an miti. Murtii mana murtii bulchiinsaan kenname ol'iyannoon ykn keessa deebiin mana murtii idileen ykn mana murtii bulchiinsaa sadarkaa olaannaarra jiruun ilaalama malee dalga hojii gaggeessitoota manichaan keessa deebiin ilaalamu kan hin dandeenye ta'u isaanii kan agarsiisuu dha.

2.1.3. Seerota Hiikuun Kan Kennamu Ta'uu

Murtiin mana murtii bulchiinsaan kenname tokko murtii aangoo abbaa seerummaan kan kenname ta'u kan ittin madaalamuu keessaa tokko murtiin sun seerotaa bu'uuraa fi adeemsa dhimmicha ilaallataniif hiikkoo kennuun kan murtaa'e yoo ta'e dha. Kana jechuunis falmii firii dubbii fi ijoo seeraa bitaa mirgi kaasan irratti seera dhimmicha ilaalu bu'uura gochuun kan murta'u ta'uu isaa kan akeeku dha.[32]

Akka waliigalattii qabxiiwwan sadan kana irraa akka hubatamuu danda'u murtiin tokko murtii aangoo abbaa seerummaa qaamoolee bulchiinsaatiin murtii kennamee jechuuf murtiin kenname ufii isaatiin humna dirqisiisaa qabaachuu, adeemsa keessa darbee murtiin kennamu qabaachuu fi murtiin ijoo seeraa fi firii dubbii ka'e irratti seeratti hiikkoo kennuun murtii kenname ta'u ilaaluun barbaachisa dha.

2.2. Caaseeffama fi Gurmaa'insa Manneen Murtii Bulchiinsaa

Akkuma seensa boqonnaa kana keessatti ibsameen caaseeffamni fi gurmaa'insi manneen murtii bulchiinsaa biyyoota garagaraa keessatti adda addumma kan qabu dha. Kutaa kana keessatti

[31] Miiljalee olii.
[32] Miiljalee olii.

caaseeffama fi gurmaa'ina manneen murtii bulchiinsaa biyyoota adda addaa keessatti maal akka fakkaatu akka kanaa gadiitti ibsameera.

2.2.1. Caaseeffama

Caasseefamni manneen murtii bulchiinsa qaamoolee bulchiinsaa irraa haala bilisa ta'een hundeessuun bilisummaadhaan murtiiwwan qaama bulchiinsaan kennaman irra deebi'anii ilaaluu keessatti dhimma baay'ee murteessaa dha.[33] Haalli addaa hundeefama isaanii akka mana murtii guutumaan guututti bilisaa jedhamuu baatuus yoo xiqqaate garuu qaama dhimmoota isaa ilaalaanii murtii kennan irraa caasefamni isaanii haala bilisa ta'een hundeefamuun irra jirata.[34] Jecha biraatiin abbootiin seeraa mana murtii bulchiinsaa, baajatni hojichaaf barbaachisu fi bulchiinsi mana murticha too'annoo mana hojii dhimma isaa ilaalan irraa bilisa taasifamuu qabu. Kana malees hojjattoonni iddoo lamaanu yeroo tokkoon hojjatan akka hin jiranne taasifamuun barbaachisa dha.[35]

Uumama fi daangaa aangoo isaanii bu'uura godhachuun manneen murtii bulchiinsa iddoo lamatti qooduun ilaaluun ni danda'ama. Isaanis mana murtii bulchiinsaa aangoo waliigala (general jurisdiction) fi mana murtii bulchiinsaa aangoo addaa (special jurisdiction) dha[36]. Biyyi mana murtii bulchiinsaa aangoo waliigala hundeessuun beekamtu biyya Faransaayi dha. Biyya kana keessatti manni murtii gosa lamaattu hundaa'ee jira. Isaanis mana murtii bulchiinsaa fi mana murtii idilee jechuun kan hundeefame dha. Manni murtii bulchiinsa dhimmoota seera bulchiinsaan haguuggii argatan hundaa ilaaluuf aangeefame jira. Manni murtii bulchinsa biyyaa Faransaay sadarkaa sadii kan qabuu dha. Sadrakaan sadan kunniinis mana murtii bulchiinsaa sadarkaa tokkoffaa (Tribunaux Administratifs), mana murtii bulchiinsa ol'iyyannoo (Cours Administratives d'Appel) fi mana murtii bulchiinsa waliigalaa (Conseil d'Etat)dha[37]. Kana malees biyyuma Faransaay keessatti mana murtii aangoo waliigalaan (general jurisdiction) hundeefame keessatti yammuu ogeeyyiin dhabaman aangoon addaa mana murtii bulchiinsa addaatti hundeefamaniin akka ilaalamu ni taasifama. Manni murtii kun garuu too'annoo mana murtii bulchiinsaa waliigalaa

[33] Tamirat malefiya,judicial review and competence of Adminstrative tribunal to give final decision:a comparative study with south Africa and UK
[34]Introduction to tribunal system
[35] Introduction to tribunal system
[36] Introduction to tribunal system
[37] Miiljalee 5ffaa, fuula 59

(Conseil d'Etat) jala ta'a.[38]Akka waliigalaatti wal-dhabbiiwwan seera bulchiinsaan wal-qabatee ka'an mannen murtii sadarkaa sadiin hundeefame kanniin keessatti furmaata kan argatan ta'a jechuu dha. Jecha biraatiin dhimmoota seera bulchiinsaan haguuggii argatan irratti carraan mana murtii idileetti ol'iyyannoo ittiin dhiyeessan hin jiru jechu dha.

Biyyoota sirna seera koman loow hordofan keessatti garuu manneen murtii bulchiinsaa aangoo waliigalatiin kan hundeefaman osoo hin taane akka dhimmaatti manneen murtii bulchiinsa addaa (special jurisdiction) kan hundeessanii dha. Hundeefama mannen murtii biyya keenyaas yoo ilaalle gosa manneen murtii sirna koman loow tiin kan wal-fakkaatuu dha.[39] Biyyoota sirna seera koman loow hordofan keessatti dhimmooni mana murtii bulchiinsaan ilaalamani dhuma irratti haalli mana murtii idileen akka fala dhumaatiif irra deebiin ilaalaman kan taasifamanii dha.

Gama kanaan muxannoo biyya Ingilaand yoo ilaalle manni murtii bulchiinsaa addaa sadarkaa lamaan kan hundeefame yammuu ta'u pirezidantii muuxannoo ol'aanaa qabuun kan hogganamuu dha. Manni murtii sadarkaa duraa dhimmoota jalqaba ykn sadarkaa duraan kan ilaalu yoo ta'u manni murtii addaa sadarkaa lammaffaarra jiru dhimmoota aangoo ol'iyannoon kan ilaalu dha. Muuxannoo Afrikaa kibbaas yoo ilaalle akka biyya Ingilaandi manni murtii bulchiinsaa adda bahee hundeefamuu baatus seerri ministeerri haqaa akka hundeessuu aangeessee jira. Manneen murtii bulchiinsa iddoowwn adda addaa irratti hundeefaman garuu bulchiinsaa fi baajata isaanitiin wal-qabatee bilisummaa kan qabanii dha. Pireezidantiin isaaniif baajatni isaanii mana mare bakka bu'ootan kan ramadamuu dha.[40]

2.2.2. Gurmaa'insa

Gurmaa'inni manneen murtii bulchiinsaa akka haala isaatti garaagarumma qabaachuu akka danda'u muxannoowwan addaa addaa ni agarsiisu. Jecha biraatiin gurmaa'insaa mana murtii bulchiinsaa akka waliigalaatti jiru yammuu ilaalu mana murtii bulchiinsa sirna siivil loow keessatti abbootiin seeraa beekumsa seeraa waligalaa fi seera bulchiinsaa kan qaban ta'uun irra jiraata. Hundeefamni isaa sirna koman loow yoo ta'e garuu garee sadiitti qoodnee ilaaluu ni dandeenya

[38]Miiljalee olii.
[39] Miiljalee olii, fuula 159
[40] Taamirat malefiya, judicial review and competence of Adminstrative tribunal to give final decision:a comparative study with south Africa and UK

beekumsa seeraa, ogummaa biroo dhimmichaan wal-qabatu fi ogeessa biroo haala addaan muudamu kan hammatuu dha.[41]

Gurmaa'insa manneen murtii bulchiinsa biyyoota akka Ingilaand fi Afrikaa kibbaa yammuu ilaallu dhaddachoonni ogeeyyii seeraa fi namoota ogummaa biroo qabaniin kan gurma'ee dha.[42]Gurmaainsa mana murtii bulchiinsa biyya Hindii immoo yammuu ilaallu dura ta'aa fi itti aanaa dura ta'a fi miseensota sadii walumatti namoota shan of keessatti kan hammatu dha.[43] Namoonni mana murtii bulchiinsa kan keessatti akka hojjataniif ramadaman muuxannoo hojii adda addaa qabaachuu akka qaban ni ibsa. Kunis dura taa'an ogeessa tanaan dura abbaa seera mana murtii ol'aanaa ta'ee hojjate ykn nama itti aanaa dura ta'aa mana murtii bulchiinsa ta'ee waggoota lamaaf hojjate, itti aanaan immo ulaaga abbaa seera mana murtii ol'aanaa kan guutu ykn nama waajjiraale keessattii hooggansaan muuxannoo waggaa lamaa qabu ykn abbaa seera mana murtii bulchiinsa ta'uun muuxannoo waggaa sadii qabu ta'uu qabaata.[44] Miseensoonni biroo immoo ogeessa seeraa ulaagaa abbaa seeraa mana murtii ol'aana guutu ykn kenna tajaajila seeraa biyyattii keessatti miseensa ta'ee waggaa sadii kan hojjate ta'uu qaba. Miseensi bulchiinsa irraa filatamu immoo nama muuxannoo bulchiinsa wagga sadii qabu ta'uu qabaata.[45]

Muxannoo biyyaa Ameerikaa yammuu ilaallu iddoo iddoottii akka haala qabatamaa isaattii akka garaagarumma qabu hubachuun ni danda'ama. Bulchiinsa Iowaa keessatti boordiin ol'iyyannoo gibiraaf taaksii miseensoota sadiin kan gurmaa'e yammuu ta'u miseensoota kanneen keessaa tokkoo ogeessa tilmaama qabeenyaan beekamtiin qabu, ogeessa seeraa fi miseensi inni biraa immoo ogeessa herreegaa muuxannoo herregaa ykn faayinaansii qabu ta'uu akka qabu ni kaa'a. [46] Miseensoonni boordii bara hojii jahaaf bulchiinsaan kan muudamanii dha.[47] Bulchiinsa Keentuukii keessatti immoo boordiin ol'iyyannoo taaksii of-danda'ee qaama kaabinee eegumsaa hawaasaa (public protection cabinet) jedhu jallatti kan gurmaa'ee dha. Murtiiwwan bilisaa, al-loogummaani fi yeroodhaan akka kennuu danda'uuf yaadame abbaa taayitaa taaksii irraa haala kamiin bilisa

[41] Miiljalee olii.
[42] Miiljalee 5ffaa.
[43] G.B Reddy, Administrative tribunals, fuula 6
[44] Miiljalee olii, fuula 5.
[45] Miiljalee olii fuula 7
[46] State tax appeal leg.mt.gov/content/committees/Interim/2013-2014/Revenue_and Transportation/meetings/October_2013/STATE%20TAX%20APPEALS.pdf fuula 7
[47] Akkuma oliitti.

ta'ee akka gurma'u kan taasifamee dha.[48]Miseensoonni boordii yoo xiqqaate umrii 35 ol ta'uu akka qaban ni ibsa. Bulchiinsa Meerii laand keessatti immoo boordiin ol'iyyannoo taaksii miseensoota sadi bulchiinsaan filatamaniin kan gurma'uu fi yeroo turtii waggaa shaniif kan filatamanii dha.[49] Bulchiinsa Deelaweer keessatti immoo boordiin ol'iyyannoo taaksii miseensa shanan qabu yammuu ta'u miseensoota kanneen keessa yoo xiqqaate miseensi boordii tokko dhaaba siyaasaa guddaa irraa kan filatamu, miseensi biraa immo dhaaba siyaasa guddaa kan biro irraa akkasumas yoo xiqqaate miseensoonni lamaa ogeessaa seeraa ta'uu qabu. Ogeessoota seeraa keessa tokko bulchiinsa dura ta'a inni lammaataa immo itti aanaa dura ta'a ta'uun kan ramadamanii dha. Yeroon turtii isaanii waggaa sadii ta'a.[50]

Bulchiinsa Minneesoota keessatti immoo mana murtii taaksii jechuun kan gurma'u yammu ta'uu abbootii seeraa sadii seera taaksiin ogummaa addaa qaban bulchiinsan muudamu. Yeroon turtii abbootii seeraa waggaa jahaa ta'a.[51] Bulchiinsa akka Misiisiippii keessatti immoo miseensoonni boordii ol'iyyannoo yoo xiqqaate digrii jalqabaa qabaan ta'ee miseensoota sadiin kan gurmaa'ee dha. Dabalataanis miseensoonni boordii yoo xiqqaate ji'aan al-tokko wal-gahuu qaba.[52]

2.3. Maalummaa, Caaseeffama fi Gurmaa'insa Manneen Murtii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Akkuma armaan olitti ibsamaa tureen akka biyyaattis ta'e akka naannootti seera buulchiinsaa qindaa'aa ta'e jiraachuu baatuus kaayyoon aangoon, caaseffamni, gurmaa'insii manneen murtii bulchiinsaa seerota bu'uura manneen murtii bulchiinsaa kanneen hundeessan keessatti tumamaniiru. Kutaawwan itti aananitti kan bal'inaan ibsaman ta'u.

2.3.1. Maalummaa fi Aangoo Manneen Murtii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Haala biyya keenya yammuu ilaallu akkuma seensa keessatti ibsameen bu'uura keewwattoota heeraa 37 fi 78 irraa hubachuun danda'amuti manneen murtii bulchiinsaa aangoo abbaa seerummaa manneen murtii idileerraa fudhachuun murtii aangoo abbaa seerummaa kennuu akka

[48] Miiljalee 46ffaa, fuula 9
[49] Miiljalee 46ffaa, fuula 10
[50] Miiljalee 46ffaa, fuula 4
[51] Miiljalee 46ffaa, fuula 12
[52] Miiljalee 46ffaa, fuula 12

danda'an ibsameera. Akka guutuu biyyatti seerri haala wal-fakkaatan adeemsoota manneen murtii bulchiinsaa hoogganu hin jiru. Jecha biraatiin adeemsi wal-fakkataan seeraan tumame manneen murtii bulchiinsa kamiyyuu hordoofuu qaban hin jiru jechuu dha. Kana yammuu jennu garuu manneen murtii bulchiinsaa biyyaa keenyaa murtii adeemsa tokkoo osoo hin hordofin tasaa kenna jiruu jechuu keenya miti. Adeemsonni muraasni seerota adda addaa keessatti faca'ani kan argamanii dha.[53]Bu'uura kanaan manneen murtii bulchiinsaa sadarkaa aangoo abbaa seerummaan murtii kennuu danda'an hedduu seerota garagara keessatti tumamaniiru. Manneen murtii bulchiinsaa haala kanaan murtii kennuu danda'an keessaa mannii murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaa, Boordii ol'iyannoo gibiraaf taaksii fi Boordiin invatimantii isaan ijoodha. Murtiin qaamolee kanaan kennamu agarsiistoota murtii aangoo abbaa seerummaan kennaman jedhamanii armaan oliitti ibsaman kan hammatu dha.

Tokkooffa, adeemsa seeraan taa'e hordofuun kan kennaman ta'uu isaanii. Adeemsa boordii ol'iyannoo gibiraaf taaksii hordofamu ilaalchisee labsiin bulchiinsa taaksii Oromiyaa lakk.203/2009 keewwata 89 -91 jalatti adeemsaalee hordofamu qaban tumeera. Kunis namni ol'iyyannoo dhiyeessu ijoo dubbii komiif sababa ta'e bifa iftomina qabuun caqasuu, maqaa kanfalaa gibiraa fi sanadoota komii dhiyaate deeggaran akkasumas nagahee kanfaltii qabdii abbaa taayitaaf walakkaan gibira komiin irratti dhiyaatee ittiin qabsiifame dhiyeessuun barbaachisa dha. Komiin dhiyaatu murtiin gibiraa akkuma dhaqabeen guyyoota 30 keessatti ta'uu qaba.[54] Garagalchi komii dhiyaatee abbaa taayitaaf dhaqabee deebii akka irratti kennu ni taasifama.[55] Abbaan taayitaa komii dhiyaate irratti beellama kennamen yoo deebii kennuu baate bakka hin jirretti kan dhagahamu fi murtiin kan kennamu dha.[56] Dhimmaa ragaatiin wal-qabatee dirqamni ol'iyyata dhiyaate mirkaneessuu kan nama komatuu ta'a.[57] Murtiin boordii ol'iyannoon kennamu ol'iyannoon dhiyaate guutummaan ykn gar-tokkeen fudhatama argachuu fi dhiisuu isaa, dhimmichi irra deebiin akka ilaalamu abbaa taayitaaf deebi'uu isaa, hammi maallaqa ol'iyataan

[53] Tamirat malefiya, judicial review and competence of Adminstrative tribunal to give final decision:a comparative study with south Africa and UK
[54] Labsii bulchiinsa taaksii lakk.203/2009 kwt 89(1)
[55] Labsii galii gibiraa lakk.74/95 kwt 110(1)
[56] Labsii galii gibiraa lakk.74/95 kwt 111(4)
[57] Labsii galii gibiraa lakk.74/95 kwt 110(2)

kanfalluun irra jiraatu kan murta'e yoo ta'e ibsamuu irra jiraata. Dhimmoonni biroon murtii keessatti xiinxalaman barreeffamaan teechifamuun barbaachisa dha.[58]

Gama adeemsa mana murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaatti yoo dhufnu dambiin lakk.36/96 labsii hojjatoota mootummaa nannoo Oromiyaa 61/94 raawwachiisuuf bahe keessatti adeemsaalee manni murtii bulchiinsa hordofuu qabu teechise jira. Dambicha kwt 36 jalatti namni murtii dhabbatichaan kennameen booda ol'iyyannoo gaafachuun garagalchi galme fudhachuun irra jiraata. Komiin ol'iyyannoo sababa murtiin dhaabbaticha komatamuu fi seerumma mana murtii bulchiinsa irraa barbaadu ifaan kaa'u qaba. Namni seeraan ala hojii irraa dhoorkamuu fi adabbi naamusa cimaa irratti komii dhiyeessu murtiin erga barreefaman dhaqabee guyyoota 30 keessatti ta'u qaba.[59] Namni mindaan isaa seeraan ala irraa cituun ykn miidhaa hojii irraa wal-qabatee komii dhiyeessu murtiin barreefaman erga qaqqabeen booda guyyoota 90 keessatti ta'u qaba. Yeroon ol'iyyannoo sababa humna oliitiin kan darbu yoo ta'e sababnii humna olii furmaata erga argateen booda guyyoota 15 keessatti sababa gahaa ta'e iyyannoo waliin akka hayyamamuuf mana murtii bulchiinsaa gaafachuu ni danda'a. Haa ta'uu malee murtiiwwan hojii irraa gaggeefamu ykn sadarkaa irraa gad-bu'uu erga murta'ee ji'a jahaan boodaa ol'iyyannoon irratti dhiyaachuu hin danda'u.[60] Erga ol'iyyannoon hayyamameef booda guyya 10 keessatti komii dhiyeessuun irra jiraata. Guyyaan dhumaa ol'iyyannoon itti dhiyaatu guyyaa boqonnaa yoo ta'e ol'iyyannoon guyyaa hojii itti aanutti dhiyaachu danda'a[61]

Komiin ol'iyyannoo dhiyaatu maqaa nama komatuu fi teessoo isaa, maqaa komatamaa fi teessoo isaa, sababoota ol'iyyannoof ka'umsa ta'an, seerumma manni murtii bulchiinsaa akka kennuuf barbaadu ibsuun irra jiraata.[62]Manni murtii bulchiinsa ol'iyyannoo akkaata labsii hojjatoota mootummaa lakk.61/94 kwt 71 kan guutu yoo ta'e dhaabbanni akka deebii itti kennu garagalcha komii akka dhaqabu ni taasisa.[63] Deebii kennaan firii dubbii ol'iyyata irratti caqafame ifatti kan hin haalle yoo ta'e akka amanametti kan laakawamuu dha.[64] Guyyaa beellamaatti waajjirichi yoo dhiyaachuu baate garuu bakka inni hin jiretti kan ilaalamu ta'a. Sababa gahaan osoo hin dhiyaatin

[58] Labsii galii gibira lakk.74/95 kwt 111(2)
[59] Dambii lakk.36/96 kwt 37(1)(2)
[60] Dambii lakk.36/96 kwt 37(3)(4)
[61] Dambii lakk.36/96 kwt 37(5)(6)(7)
[62] Dambii lakk.36/96 kwt 38
[63] Dambii lakk.36/96 kwt 41
[64] Dambii lakk.36/96 kwt 44(2)

kan hafe yoo ta'e garuu guyyoota 10 keessatti ajajni kenname akka irraa ka'uuf iyyachuu ni danda'a.[65] Yoo ol'iyataan bellamarraa hafee ol'iyannoon kan haqamu ta'a. Ol'iyyataan osoo hin dhiyaatin kan hafeef sababa gahan yoo ta'e immoo sababni dhiyaachuu isa dhoowwe erga furmaata argatee guyyoota 10 keessatti ol'iyyannoon jala haqame irra deebi'amee akka ilaalamuuf gaafachuu danda'a. Manni murtii bulchiinsaa duraan dursee ol'iyyanicha dhagahuun duratti mormiiwwan sadarkaa duraan ka'an irratti murtii kennuun irra jiraata.[66] Akka barbaachisummaa isaatti ol'iyyanni dhiyaate ykn deebiin kenname murtii sirrii kennuuf akka gargaaruuf jecha akka fooyya'u manni murtii bulchiinsa ajajuu ni danda'a. Gareen kaan akka iyyata fooyya'e irratti deebii kennan carraan ni kennamaaf.[67]

Dhiyeessa ragaan wal-qabatee ragaaleen wal-falmitoota hojjatoota dhaabbataa yoo ta'an gama dhabbatichaan akka dhiyaatuuf manni murtii bulchiinsaa ajajuu danda'a. Kanaan alattis manni murtii bulchiinsa murtii haqaa kennuuf ni barbaachisa jedhee yeroo amanu ragaa dabalataa kan namaa fi barreefamaa akka dhiyaatu ajajuu ni danda'a.[68]

Yammuu murtii kennus manni murtii bulchinsaa qabxiilee wal-dhabbii kaasan ragaa dhiyaate waliin xiinxaluudhaan labsiiwwan fi dambiiwwan rogummaa qabaniin walitti ilaaluun murtii kan kennu ta'a. Murtiin kenname murtii waajjirichaan kenname kan cimsu, fooyyeessu ykn haquu ta'uu danda'a. Murteen mana murtii bulchiinsa sagalee calmaan kan kennamu yammuu ta'u abbaan seeraa yaada adda baatee qabu murtii isaa addatti ni barreefata.[69] Haaluma wal-fakkaatuun boordiin ol'iyyannoo yammuu murtii kennu ijoowwan falmii dhiyaatan seeroota rogummaa qabaniin wal-biratti xiinxalee murtii akka kennuu qabu ni ibsa.

Adeemsa murtii Boordii invatimantii yammuu ilaalu adeemsoota lamaan kanniin irraa kan adda ta'ee dha. Erga Komishinii Invastimantii murtii waligaltee addaan kutuu beeksiisee guyyoota digdama keessatti komishiniif ragaa qabu waliin dhiyeessu akka qabu qajeelfamni Boordii invastimantii lakk.1/2004 teechisee jira. Dhimmichis karuma Komishinii Invastimantiin qulqulla'ee murtiidhaaf Boordiif dhiyaatuu akka qabu qajeelfamichi kwt 7(2)k jalatti teechisee jira.

[65] Dambii lakk.36/96 kwt 42(3)
[66] Dambii lakk.36/96 kwt 43
[67] Dambii lakk.36/96 kwt.46
[68] Dambii lakk.36/96 kwt 49
[69] Dambii lakk.36/96 kwt 50

Adeemsoota armaan olitti ibsaman gabaabinaan yammuu ilaallu dhimmi irratti komatamu murtii dhumaa ta'uu, komii dhiyaatu irratti gareen wal-falmitoota carraa qixa dhimma isaanii dhiyeefachuu kan qabanii fi murtiin kennamu ragaalee dhiyatan ijoo falmii kaase seerota rogummaa qabaniin waliin xiinxaluun kennamuu kan qaban ta'uu hubachun ni danda'ama. Akka waliigalaatti, murtiiwwan mana murtii bulchiinsaa kanneen kennamu agarsiistoota murtiin tokko aangoo abbaa seerummaan kenname jedhan kan guutan waan ta'aniif murtii aangoo abbaa seerummaan kennaman jechuun ni danda'ama.

2.3.2. Caaseeffama Manneen Murtii Bulchiinsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Biyya keenyattis caaseeffamni manneen murtii akka biyya Faransaay addatti of danda'e kan hundeeffame osoo hin taane haala biyyoota sirna seeraa kooman loow hordofanii mana murtii bulchiinsaa aangoo addaa qabaniitti kan hundeeffame dha. Fakeenyaaf, mana murtii dorgommi daldalaa fi eegumsa mirga fayyadamtootaa, soorama, tola ooltummaa, gibiraaf taaksii, hojjattoota mootummaa fi kkf dha. Akka naannoo Oromiyaattis manneen murtii bulchiinsaa garagaraa hundeeffamaniiru. Isaan seeraan hundeefaman keessaa kaayyoo qorannaa kanaa kan ta'an mana murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaa, Boordii ol'iyannoo gibiraaf taaksii fi Boordii invastimanti ti. Caaseeffamni isaaniis qaama bulchiinsaa keessatti dha.

Manni murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaa naannoo oromiyaa waajjira paabilik sarvisii fi misooma qabeenya humna namaa keessatti kan hundeeffame akka ta'e labsiin hojjattoota mootummaa naannoo oromiyaa lakk 61/94 kew 70 jalatti haala waliigala ta'een tumeera. Caaseeffama boordii Ol'iyannoo gibiraa yammuu ilaallu sadarkaa sadarkaan pirezidaantii mootummaa naannootiin, bulchiinsa godinaatiin, kaantibaa magaalaatii fi bulchiinsa aanaatiin miseensoonni Boordii kan muudaman ta'u labsiin 203/2009 keewwata 88(1) jalatti tumeera. Caaseefama Boordii invastimantii ilaalchisee immoo dambiin bulchiinsa invastimantii mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.141/2004 kwt.5(1) sadarkaa naannootti qofa kan hunda'ee fi miseensoota saddeeti kan qabuu akka teechisee jira.

2.3.3. Gurmaa'insa Manneen Murtii Bulchiinsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Gurmaa'insa mana murtii bulchiinsaa hojjatoota mootummaa yammuu ilaallu labsii lakk. 61/94 kwt 70 jalatti manni murtii bulchiinsa akka hunda'u fi walitti qabaan dhaddachaa fi abbootiin seera komishinaraan kan muudaman ta'u ni caqasa. Ogeeyyiin akka walitti qabaatti muudamanii fi

abbootiin seeraa ulaagaa akkamiin muudamu, itti yaamamni isaanii fi bilisummaan hojii isaanii maal akka ta'uu qabu seerichi ifaan waan jedhe hin qabu. Dabalataanis wantoota akka bulchiinsa dhaddachaa, madda baajata yeroo turtii hojii abbootii seeraa, irratti labsichi iftoomina kan hin qabne dha.

Waa'ee boordii ol'iyyannoo gibiraa fi taaksii naannoo Oromiyaa yammuu ilaallu labsii bulchiinsa taaksii lakk.203/2009 kwt 88(2) keessatti miseensoonni boordii ol'iyyannoo ta'anii muudaman Ogeessa seeraa dhimmoota taaksii yookiin daldalaa irratti muuxannoo bal'aa qabu, nama dhimmoota taaksii irratti muuxannoo bal'aa qabu, nama kana dura hojjetaa taaksii turee fi dhimmoota taaksii irratti muuxannoo teeknikaa fi bulchiinsaa bal'aa qabu, beekumsa, muuxannoo yookiin ogummaa addaa hojiiwwan Boordichaa waliin rogummaa qabu nama qabu ta'u akka qabu ibsa.

Gama Boordii invastimantii yammuu deebinu dambiin bulchiinsa invastimantii lakk.141/2004 jalattii miseensoota Boordii Biiroolee adda addaa irraa walitti bahaniif miseensoota lamaan bulchiinsa irraa Pireezidaantiin dabalaman kan of-keessatti hammatee dha.

Hundeefama fi muuxannoo mootummaa federaalaa yammuu ilaallu labsiin bulchiinsa gibiraaf taaksii lakk.983/2008 waantoota hedduu ifa gochuuf yaalee jira. Labsicha keessatti muudamni pireezidaantii komishinii ol'iyyannoo dhimma taaksii muummee ministeerchaatiin akka ta'ee fi itti yaamamni isaas muummee ministrichaaf akka ta'e dha. Baajatni komoshinis mootummaan kan ramadamu ta'uu teechisee jira. Ogeeyyiin koomishinii keessatti ramadaman hojjatoota abbaa taayitaa galiiwwanii ta'uu akka hin qabne ibsee jira. Gama ogummaa barbaadamuun immoo kadhimamtootni abbootii seeraa komishinii ol'iyyannoo taaksii ogummaa seeraa kan qaban, taaksii irratti ogeessa muuxannoo qabu, kanaan dura hojjata taaksii kan turee fi dhimmoota teeknikaa irratti muuxannoo ol'aanaa kan qabu, nama hojimaata komishinichaan wal-qabatee ogummaa qabuu ta'uu akka qabu tarreessee jira.[70] Dabalataanis bulchiinsi komoshinichaa pireezidaantiidhaan akka gaggeefamu ifatti tume jira. Yeroon turtii abbootii seera komishinichaa waggaa sadii ta'uu akka qabu tumee jira. Abbootiin seeraa yeroo turtii waggaa sadii osoo hin

[70] Labsii bulchiinsa taaksii federaalaa lakk 983/2008 kwt 87(2)

xumuramiin muudama irraa kan ka'uu danda'aan badiiwwan yoo raawwatanii ykn fedha isaaniitiin duwwaa yoo ta'eakka ta'e teechisee jira.[71]

Seerota naannoo Oromiyaa yammuu ilaallu dhimmoota ulaagalee walitti qabaa fi abbootiin seera mana murtii bulchiinsaa fi boordiin ol'iyyannoo guutuun irraa jiraatu bifa iftoomina qabuun teechisee hin jiru. Kana malees ramaddiin baajataa qaamolee kana ilaalchisee seeraan waanti ibsame hin jiru. Keessattuu mana murtii bulchiinsa hojjatoota mootummaan wal-qabatee komishinarri walitti qabaa fi abbootii seeraa ni muuda jechuun alatti iddoo kamii fi ogummaa isaan qabaachuu qaban ifaa miti. Hojjatoota mana hojii keessaa kan muudaman yoo ta'e immoo qajeeltoo mannen murtii bulchiinsa mirga dhaddacha bilisa ta'een murtii argachuu jedhuu kan falleessuu dha. Kaayyoon guddaan manneen murtii bulchinsaa hundeessuun barbaachiseef immoo dhimmoota qaamolee ogummaa qabaniin haala bu'a qabeessa ta'een furmaata itti kennuuf waan ta'eef gamaa kanaan ogummaan osoo hin caqasamin darbuun isaa bu'a qabeesummaa isaa irratti dhiibba kan qabaatu ta'a.

Boqonnaa Sadii

[71] Labsii bulchiinsa taaksii federaalaa lakk 983/2008

Aangoo Keessa Deebii Fi Ol'iyyannoo Manneen Murtii Idilee Murtiiwwan Manneen Murtii Bulchiinsaarratti Qaban

Seensa

Qaamolee mootummaa sadan gidduutti wal-too'annaan akka jiraatu gochuun bu'aa qabeessummaa hojii isaaniif murteessaa dha. Kanaaf, qaamolee mootummaa sadan gidduu wal-too'annaan akka jiraatu gochuuf malootni garagaraa heeraanii fi seeraan tumamaniiru. Maloota qaamolee bulchiinsaa fi manneen murtii bulchiinsaa ittin too'ataman keessaa too'annoo karaa dhaabbata abbaa gaar fi manneen murtii idileen taasifamu isaan ijoo dha. Kaayyoon qorannoo kanaa too'annaa karaa dhaabbata abbaa gaarin taasifamu irratti kan xiyyeeffate waan hin taaneef keessa galuun ilaaluun barbaachisaa miti. To'annoowwan karaa mana murtii idileen taasifaman murtiiwwan manneen murtii bulchiinsaa ol'iyyannoon ilaaluun ykn keessa deebiin ilaaluun ta'u danda'a.

Aangoon ol'iyannoon murtiiwwan manneen murtii bulchiinsaa ilaaluun yeroo baay'ee seeraan manneen murtii idileef kan kenname yoo ta'u keessa deebiin ilaaluun ammoo akka aangoo uumamaa manneen murtiitti yeroo itti ilaalamu hedduudha. Aangoon abbaa seerummaa haala addaan qaamolee bulchiinsaaf kennamu kan danda'u ta'us uumamaan(qoodamiinsa aangoo qaamoolee mootummaa sadananiin) aangoon abbaa seerummaa kan mana murtii idilee waan ta'eef manni murtii idileen murteewwan qaamolee bulchiinsaan kennaman akka too'atan aangeessun baratama dha. Aangoo keessa deebii jechuun maalii kan jedhu mataa isaatiin iftoomina kan hin qabnee fi biyyoota adda addaa keessatti daangaan isaa garaagarummaa kan qabu dha. Biyyoota tokko tokko keessatti aangoon manneen murtii dogoggoorri seeraa jiraachuu ilaalu yoo ta'u biyyoota tokko tokko keessatti dogoggora seeraa ilaalu irra darbuun firii dubbii fi heerummaa seerotaallee akka ilaalan yeroo aangeffaman ni mul'ata. Manni murtiis aangoo kanatti yeroo fayyadamu qajeltoowwanii fi seerota irratti hundaa'uu qaba.

Heerri mootummaa feederaals ta'e mootummaa naannoo Oromiyaa aangoon abbaa seerummaa kan mana murtii akka ta'eef haala addaan aangoon kun qaamolee biroof kennamuu akka danda'u tumaniiru. Bu'uura kanaan labsiiwwan adda addaa aangoon abbaa seerummaa haala addaan manneen murtii bulchiinsaaf yoo kennanillee manni murtii idilee murti bulchinsaarratti aangoo ol'iyannoo fi keessa deebii akka qabaatu yeroo aangeessan jira. Labsiiwwan tokko tokko ammoo haala ifa hin taaneen yoo ibsan kaan callisuun bira darbu.

Boqonnaa kan keessatti akkaataa manni murtii idilee murtii manneen murtii bulchiinsaa ol'iyannoon ilaaluu danda'u, maalummaa keessa deebii murtii, qajeeltoowwan manneen murtii idilee murtiiwwan bulchiinsaa keessa deebiin yeroo ilaalan itti hogganaman ni sakatta'ama. Dabalataan, ijoowwan armaan oliitti ibsaman keessatti seerotni manneen murtii bulchiinsaa qorannoo kanaaf filataman bulchan maal akka jedhan ni ibsamu.

3.1. Aangoo Manneen Murtii

Manni murtii idilee murteewwan manneen murtii bulchiinsaan kennaman irratti aangoo gosa lama qabaachuu akka danda'u seensa armaan olii keessatti ibsameera. Kunis, aangoo ol'iyannoo fi aangoo keessa deebii murtii dha. Kutaawwan itti aananitti aangoowwan kunneen haala maaliin dhimmoota ilaalaa jirru irratti raawwatamuu akka danda'anii fi qajeeltowwan itti hogganaman ni sakata'ama.

3.1.1. Ol'iyyannoon Murtiiwwan Manneen Murtii Bulchiinsaa Keessumeessuu

Seerotni biyya garagaraa ijoowwan manneen murtii bulchiinsaan murtii argatan irratti manni murtii idilee aangoo ol'iyannoo qabaachuu akka danda'u ni kaa'u. Muuxannoo biyyoota garagaraa irraa hubachuun akka danda'amuti murtiiwwan manneen murtii bulchiinsaan kennaman irraa gara mana murtii idilee ykn gara mana murtii bulchiinsaa olaanaatti ol'iyachuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, biyya Faransaay keessatti manneen murtii bulchiinsaa sadarkaa sadarkaan hundeeffamanii jiran waan ta'aniif qaamni komii bulchiinsaa mana murtii bulchiinsaa sadarkaa duraatti dhiyeesse mana murtii bulchiinsaa sadarkaa olaanatti dhiyeessa malee haala gara mana murtii idilee ol'iyannoon deemu hin jiru.[72]Biyyootni kan akka Faransaay manneen murtii aangoo ol'iyannoo akka hin qabaanne gochuun isaanii aangoo qoodinsa aangoo qaamolee mootummaa sadan gidduu jiru gar-malee dhiphisanii hiikuu irraa kan maddeedha. Kana jechuun qoodinsa aangoo qaamolee mootummaa gidduu taasifamu yeroo jedhamu qaamni qaamolee mootummaa sadan garagar kan bahanii fi kan wal irratti hirkatan miti qajeeltoo jedhu kan bu'uureefate dha.[73]Kunis, manni murtii idilee hojii qaama raawwachiiftu keessa galuu hin qabu yaada jedhuurraa kan madde dha. Haata'u malee, manneen murtii bulchiinsaa kun qaama bulchiinsaa dhimmi isaa ilaalamurraa bilisa waan ta'aniif darbees qaamni murtii mana murtii bulchinsaan

[72]Moojulii Leenjii Seera Bulchinsaa: Mana Murtiin Murtii Qaamolee Bulchiinsaa Irra Deebiin Ilaalu, Wiirtuu Leenjii Feedaraalaan Qophaa'e fuula 10.
[73] Miiljalee 5ffaa, fuula 62.

kenname irratti komii qabu dhimma isaa ol'iyannoon akkasumas keessa deebiin manneen murtii bulchiinsaa sadarkaa sadarkaan jiran biratti dhiyeessuu kan danda'u waan ta'eef kallattii mirga falmitootaa kabachisuun baay'ee waan qeeqamu hin qabu.

Biyyoota kana akka Inglaand keessatti ammo murtii mana murtii bulchiinsaan kennameerraa gara mana murtii idileetti ol'iyannoon dhiyaachuu akka danda'u ni kaa'u.[74] Manni murtii idilee ol'iyannoon murtii manneen murtii bulchiinsaa ilaalu kan danda'u yoo seeraan aangoon kennamefi duwwaa dha. Akka keessa deebii murtii aangoon ol'iyannoo aangoo uumamaa mana murtii akka ta'eetti hin fudhatamu waan ta'eefi dha.[75] Yoo aangoon ol'iyannoo manneen murtii idileef kenname manni murtii sun murtii mana murtii bulchiinsaan kenname irratti aangoo bal'aa ni qabaata. Aaangoowwan kunis, dhagahaa gaggeessuu, dhugaa baasuuf firii dubbii gad-fageenyaan xiinxaluu of keessatti hammatuu.[76] Biyya Inglaandiitti aangoon ol'iyannoo mana murtii idilee murtii ilaalchisee qabu manni murtii idilee murtii mana murtii bulchiinsaan kenname irra deebiiin falmii gaggeessuu, ragaa dhagahuun fi dhagahaa guutuu gaggeessuun murtii duraan kenname haquu, murtii biroon bakka buusuu, dhimmicha mana murtii bulchiinsaatti deebiisuu akka danda'u ni kaa'a.[77]Asirratti wanti hubatamu qabuu aangoon ol'iyannoon murtii mana murtii bulchiinsaa ilaaluun yoo seeraan kenname malee kan hojiirra oolu waan hin taaneef seerotni qaama seera baasuun bahan daangaa heeraa keessatti aangoo ol'iyannoo guutuumaan guutuuti, ykn gar-tokkeen ijoowwan murtaa'an irratti duwwaa akka hojiirra oluu daangeessuu danda'u.

Yaada kana ilaalcha keessa galchuun murtiiwwan manneen murtii bulchiinsaa qorannoo kanaan filataman irratti aangoo ol'iyannoo manneen murtii idilee naannoo Oromiyaa qaban ibsuun barbaachisaa dha. Akkuma biyyoota kaanii aangoon ol'iyannoo manneen murtii idileef kan seeraan kenname waan ta'eef manneen murtii idilee aangoo kan hanguma seeraan kennameef duwwaa hojiirra olchu jechuu dha. Kana jechuun seerri mana murtii bulchiinsaa adeemsa seeraan taa'e hordofu fi bilisa ta'ee hundeessuun aangoo ol'iyannoo manneen murtii idilee irraa guutumaan guutuuti fudhachuu danda'a. Yookiin aangoo ol'iyyannoo manneen murtii idilee

[74]http://www.lawteacher.net/lecture-notes/english-legal-system/admin-tribunals.php
[75] Carolyn Brando, Feature Judicial Review of Tribunal Decisions content/uploads/2016/05/200912. Fuula=1.
[76] Akkuma oliitti.
[77]Appeal from licensing order http://www.wandsworth.gov.uk/info/200293/alcohol_entertainment_and_late_night_refreshment_licences/1616/representations_reviews_complaints_and_appeals/5

dhimmoota muraasa irratti akka ta'u daangeessuu danda'a jechuu dha. Seerotni garagaraas aangoo ol'iyyannoo haala guutummaan guututti daangessuun ykn gar-tokkoon daangeessuun tumamanii jiru.Seerota gar-tokkoon aangoo ol'iyannoo daangeessan keessa Labsiin Liizii Lafa Magaalaa keewwata 29(1) jalatti qaamni murtii qabiyyee lafa magaalaa gad-lakkisun kenname irratti komii qabu gumii ol'iyannoo komiiwwan liiziin wal-qabatan dhagahu biratti ol'iyannoo isaa dhiyeessu akka danda'u kaa'era. Murtiin gumii ol'iyannoo komiiwwan liiziin wal-qabatan dhagahuun kennamuus ijoowwan dhimmoota beenyaan wal-qabataniin alatti ijoowwan seeraa fi firii dubbii akkasumas lafa bakka bu'uummaa naaf haa kennamu jedhu irratti isa dhumaa akka ta'e keewwatni 29(3) tumeera. Kanaaf, falmiiwwan beenyaan wal-qabataniin alatti ol'iyachuun kan hin danda'amne ta'u hubachuun ni danda'ama. Gama biroon dhimma beenyaa irratti manni murtiii idilee aangoo ol'iyannoo akka qabu hubachuun ni danda'ama. Labsiin Invastimantii 138/2000 keewwata 6(5) manni murtii idilee murtii boordiidhaan kennamerratti aangoo ol'iyannoo kan hin qabaanne ta'uu guutuummaan guutuutti daangessuun kaa'era. Kanaaf, seerotni biyyaa fi naannoo Oromiyaa kaan isaanii aangoo ol'iyannoo guutummaan guutuutti yoo daangessan kaan ammo gar-tokkeen kan daangessan jiru.

Seerotni naannichaa Ijoowwan qorannoo kanaaf filataman kaan irraa haala adda ta'een kan bocaman miti. Dhimmoota gibiraa ilaalchisee murtii boordii ol'iyannoo gibiraaf taaksiin kenname yeroo ilaallu, labsiiwwan gibiraa hedduun kallattinii fi al-kallattiin aangoo ol'iyannoo manneen murtii idilee ibsaniiru. Labsiin Abbaa Taayitaa Galiiwwan oromiyaa hundeessuuf bahee 175/2005 keewwata 19 jalatti manneen murtii idilee naannoo Oromiyaa raawwii seerota gibiraa fi taaksii ariifachiisuuf dhaddacha addaa dhimmoota gibiraa fi taaksii keessatti keessummeeffaman hundeessuu akka qabu tumeera. Labsiin Bulchiinsa Taaksii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 203/2009 keewwata 58(1) jalatti qaamni murtii koree gibiraa koomate beeksisni gibiraa erga isa gahe guyyaa soddoma keessatti boordii ol'iyannoo gibiraaf taaksiif dhiyeessuu akka danda'u tumeera. Murtii boordii ol'iyannoo gibiraaf taaksii komii gibirri kaffalamu akka fooyya'uuf dhiyaate irratti kenne qaamni komii qabu mana murtii ol'aanatti dogoggora seeraa kamiirrattu dhiyeessuu akka danda'u keewwata 59(1) jalatti kaa'eera.

Kanaaf, aangoon ol'iyannoo manneen murtii idilee akka biyya keenyaa fi akka naannoo keenyaa dhimmoota gibiraa irratti qaban dogoggora seeraa ilaaluu duwwaa irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef aangoo ol'iyyannoo manneen murtii biyyoota biroof kenname waliin jechuun ijoowwan

seeraa fi firii dubbii oliyannoon ilaaluu jedhu waliin wal-bira qabne yeroo madaaluu dhiphaa ta'uu isaa hubachuun ni danda'a. Aangoo mana murtii idlee dhiphisuun kun manneen murtii idlee ogummaa addaa dhimmicharratti hin qaban kan jedhurraa kan madde dha. Haata'u malee kun mirga garee falmiitootaa kan dhiphisu dha. Biyyootni kan akka Inglaand mirgi garee falmiitootaa akka hin dhiphanneef manneen murtii bulchiinsaa dhimmoota gibiraaf taaksii ilaallatan sadarkaa lama akka qabaatan taasisaniiru.[78] Akkuma armaan oliitti ibsameen aangoon ol'iyannoo manneen murtii idilee manneen murtii bulchiinsaa irratti qaban hanguma seeraan kennameef irratti kan daanga'u ta'uun isaa dagatamuu hin qabu. Seerotni gibiraa sadarkaa feedaraalatti tumaman haala wal-fakkaatuun manni murtii idilee aangoo ol'iyannoo dogogora seeraa irratti kan qaban ta'uu tumaniiru.

Labsii Hojjatoota Mootummaa Oromiyaa lakk. 61/1994 Keewwata 72(3) yeroo ilaallu murtiin mana murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaa firii dubbii iratti kenne isaa dhumaa akka ta'e fi qaamni manni murtii bulchiinsaa dogoggora seeraa raawwateera jedhu Mana Murtii Waliigala Oromiyaatti ol'iyachuu akka danda'u tumeera. Kunis daangaan aangoo isaanii dhiphaa ta'uus manneen murtii Oromiyaa murtii mana murtii bulchinsaa hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaan kennaman irratti angoo ol'iyannoo qabaachuu isaanii agarsiisa. Haala wal-fakkaatuun labsiin Hojjattoota mootummaa feedaraalaa lakk. 515/1999 keewwata 76(2) jalatti qaamni murtii mana murtii bulchiinsaan kennamerratti komii qabu dogoggora seeraa iratti mana murtii waliigala feederaalatti ol'iyyachuu akka danda'u tumeera.

Labsii invatimantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.138/200 keessatti murtiin Boordiin kennamu murtii dhumaatii jechuun kwt. 6(5) jalatti tumee jira.

Haala bocamiinsa seeroota Naannoo fi biyyaa keenyaa yammuu ilaallu akaakuu sadiin ibsamuu akka danda'u kaasuun ni danda'ama. Inni duraa murtii mana murtii bulchiinsaan kennamu ijoo firii dubbii irratti kan dhuma akka ta'eef qaamni komii qabu ijoo seeraa irratti mana murtiitti ol'iyyannoo akka fudhachuu danda'u caqasee bira darba. Sadarka mana murtii ol'iyyannoon itti fudhatamu irratti garaagarummaa qabaachuu danda'a. Fkn dhimma gibiraa irratti murtii Boordiin kennamu irratti qaamni komii qabu Mana Murtii ol'aanatti iyyachuu akka danda'u labsiin bulchiinsa taaksii Mootummaa Naannoo Oromiya lakk.203/2009 kwt.59(1) ni ibsa. Labsii

[78] John Walters, THE 2009 REFORMS OF THE TAX APPEAL TRIBUNALS, http://taxbar.com/wp-content/uploads/2016/01/The_2009_Reforms_of_the_Tax_Appeals_Tribunals_JW.pdf.pdf

hojjatoota mootummaa naannoo Oromiyaa keessatti immoo komiin Mana Murtii Waliigalatti kan dhiyaatu. Inni lammataa ol'iyyannoo dhiyaate irratti murtiin Boordiin kennamu murtii dhumaatii jechuun kaa'ee jira. Fknf labsii invastimantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.138/2000 kwt. 6(5) jalatti kan tumame ilaaluun ni danda'ama. Inni sadaffa immoo murtiin kennamu dhimma ijoo seeraa fi firii dubbii irratti kan dhumaatii jechuun ni ka'a.fkn labsii liizii Mootummaa federaalaa lakk.721/2004 kwt 29 irratti caqasame ilaaluun ni danda'ama. Kanaaf seeroonni yeroo ifaan aangoo mana murtii dhimmoota manneen murtii bulchiinsaan qaban irratti ibsanii fi yeroo haala iftoomina hin qabnee caqasanii bira darban haala kamiin ilaalamu qabu? Murtiin mana murtii bulchiinsaan kennamu kan dhumaatii jechuun dhimmichi haala kamiinuu mana murtii gahuu hin qabu jechuu dandeenya? dhimmoota jedhan kaasuun ilaala.

Aangoon mana murtii seeraan daanga'u akka danda'u armaan olitti ibsuuf yaallee jira. Garuu yammuu seeroota irratti duuchaman murtiin kennamu murtii dhumaati ykn ijoo seeraa fi firii dubbii irratti kennamu kan dhumaati jedhu akka dhumaatti fudhachuu qabna moo? hikkoo itti kennuun barbaachisadha? Akka barreesitoota qorannoo kanaatti yammuu seerri murtiin bulchiinsa ijoo seeraa fi ijoo dubbii irratti kennamu kan dhumaatii jedhee bifa iftoomina qabuun teechisee argame dhimmichi ol'iyyannoon dhaddacha ijibbaatattii qofa ilaalamuu qaba. Garuu yammuu seerri duchumaan murtiin kennamu murtii dhumaatii jechuun ibsame kaayyoo waligalaa manneen murtii bulchiinsa hundefamaniin wal-bira qabuun murtiin dhumaa dhimma ijoo dubbii qofa irratti akka ta'ee dha. Gama kanaan barreefamoonni tokko tokko yammuu tumaaleen iftoomina hin qabnetti dhimma mana murtii bulchiinsaan wal-qabatee yoo ka'e murtii manni murtii bulchiinsa ijoo dubbii irratti kenne kan dhumaa akka ta'eef ijoo seeraa irratti manneen murtii ilaaluu haala danda'aniin akka hiikamuu qaban ni ibsu.

3.1.2. Keessa Deebiin Murtiiwwan Manneen Murtii Bulchiinsaa Ilaaluuu

Keessa deebiin murtiiwwan manneen murtii bulchiinsaa ilaalu yeroo jedhamu yaad-rimeen isaa bal'aa fi biyyaa biyyatti sirna seeraa hordofan irratti hundaa'uun garaagarummaa kan qabu dha. Kanaaf, kutaawwan itti aananitti maalummaan keessa deebii murtii, sababoota keessa deebii murtii, daangaa keessa deebii murtiirratti taasifamu biyyoota garagaraa keessatti maal akka fakkaatan fi aangoo keessa deebii murtii manneen murtii Oromiyaa falmiiwwan gibiraa fi falmiiwwan hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaa ilaalatan irratti qaban akka kanaa gadiitti ibsamaniiru.

3.1.2.1. Maalummaa Keessa Deebii Murtii

Manni murtii idilee murteewwan manneen murtii bulchiinsaan kennaman irratti aangoo keessa deebii akka qabu armaan oliitti ibsameera. Qabxiin hunda dura kanaan wal-qabatee ka'uu malu aangoon keessa deebii maalii kan jedhu dha. Barreeffamoonni akka agrsiisanitti aangoon keessa deebii murtii biyyaa biyyatti garaagarummaa kan qabu fi bal'ifamee ykn dhiiphifamee hiikamu kan danda'u dha.[79] Biyyoota aangoo kana bal'isanii hiikan keessaa Amerikaan tokko yoo taatu kunis kan ta'e aangoon keessa deebii aangoo uumamaa mana murtii idileeti jedhame waan amanamuufi dha. Bu'uura seera biyya kanaatiin aangoo keessa deebii manneen murtii yeroo jedhamu aangoo manni murtii seerummaa tarkaanfiwwan qaamolee bulchiinsaa, heerummaa seerootaa, dambiiwwan qaamolee bulchiinsaan bahan kan itti sakata'u dha.[80] Hiikkoo kanarraa kan hubatamu manni murtii seerummaa murtii manneen murtii bulchiinsaa duwwaa osoo hin taane, heerummaa seerota qaama seera baasuun tumaman illee kan ilaalu akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Kanaaf, manneen murtii aangoo keessa deebii bal'aa qabu jechuun ni danda'ama.

Hiikkoon bal'aa kun guboo jechootaa keessattillee beekamti kan argate dha. Guboon jechootaa tokko keessa deebii murtii yoo hiiku aangoon kun aangoo mana murtii sadarkaa olaanarra jiru murtii mana murtii gadii ykn qaamolee bulchiinsaa ijoo seeraa fi dubbii irratti kennan ilaaluun murtiin kenname akka dhorkamuu ykn akka itti fufu ykn beenyaan akka kaffalamu kan itti murteessuu dha jechuun ibseera.[81] Guboon seeraa beekamaan *Black's Law* haala wal-fakkaatuun keessa deebii murtii aangoo mana murtii bu'uura heeraan kenname ta'ee murtiiwwan manneen murtii gadii fi murtiiwwan qaamolee bulchiinsaa ijoo seeraa fi firii dubbii irratti kennan akka sakatta'u fi heerummaa seerotallee ilaaluuf kan dandessisu akka ta'e kaa'eera.[82] Kanaaf, bu'uura hiikkoo bal'aan aangoo keessa deebii murtii yeroo jedhamu ijoowwan kanaa gadii hammachuu danda'a

- Heerummaa seerota, dambiiwwanii sakata'uu.
- Murtiiwwan manneen murtii bulchiinsaan kennaman ijoo seeraa fi dubbii irratti dogoggora yoo qabaatan sakata'uu.

[79] Miiljalee 5ffaa, fuula-189.
[80] Akkuma olii.
[81] Judicial review, http://www.businessdictionary.com/definition/judicial-review.html, gaafa 10/16/2016 ilaalame.
[82] Black's law fuula 852.

- Murtee kenname akka dhorkamu ykn itti fuufun hojiirra olu hayyamuu. Kan of keessatti hammatu dha.

Gama biroon hiikkoon dhiphaan ammoo keessa deebii murtii jechuun aangoo abbaa seeraa murteewwanii fi hojiiwwan qaamolee bulchiinsaa, manneen murtii bulchiinsaa fi mannen murtii gadii too'achuuf qabu akka ta'e ni kaa'a.[83] Kun ammoo manni murtii heerummaa seerota qaama seera baasuun tumaman ilaalu kan hin dandeenye ta'u agarsiisa. Kunis kan ta'u biyyoota qaamni seera baasaan aangoo olaanaa biyyatti keessatti kan qabu yoo ta'e dha. Hiikkoowwan biroo keessa deebiin murtiiwwan qaamolee bulchiinsaa jedhuuf kennaman yeroo ilaallu barreefamni tokko akka kanaa gadiitti kaa'eera.

'*Judicial review of administrative decisions is a compendious description of the process whereby a court determines whether or not decisions having an administrative character comply with the requirements of the law*.'[84] Jechuun kaa'eera.

Kunis keessa deebii murtii jechuun adeemsa manni murtii murtiwwan amala bulchiinsaa qaban akkaataa seeraan kan kennaman ta'uu isaanii itti murteessu akka ta'e kan agarsisuu dha. Kanaaf, keessa deebii murtii qaamolee bulchiinsaa yeroo jedhamu seerummaa murtichaarratti kan xiyyeeffatu malee sirrummaa/correctness/ fi gaarummaa murtii irratti kan xiyyeefatu miti. Kana jechuun manni murtii tokko sirrummaa fi gaarummaa murtiichaa madaaluuf firii dubbii dhimmichaa keessa galuun gatii qabuufi dha. Haata'u malee, yeroo manni murtii murtiiwwan manneen murtii bulchiinsaan kennaman keessummeessu firii dubbii keessa galee madaaluu kan hin qabne waan ta'eef sirruumaa fi gaarummaa murtii kallattii firii dubbiituun ilaaluu hin danda'u jechuu dha. Haata'u yeroo tokko tokko daangaa ijoo seeraa fi firii dubbii adda baasuun yeroo rakkisaa ta'u jira. Yeroo wal-keessa dhufan manni murtii adeemsa ijoo seeraaf furmaata lachuu keessatti ijoo dubbiif furmaata kennuu danda'a.

Seerummaa murtii yeroo jedhamu manni murtii murtiin mana murtii bulchiinsaan kenname akkaataa seerota adeemsaa fi bu'uuraan kan kennaman ta'u sakata'a jechuu dha.[85] Kanaaf, bu'uura

[83] Miiljalee 5ffaa, fuula-189.
[84] Professor RL Simmonds, The Law Reform Commission of Western Australia, December 2002 fuula 2. http://r.search.yahoo.com/_ylt=A9mSs245RTVYaYYAWLlLBQx.;_ylu=X3oDMTEyZTdmZmlvBGNvbG8DaXIyBHBvcwMxBHZ0aWQDQjI2NDdfMQRzZWMDc3I-/RV=2/RE=1479914937/RO=10/RU=http%3a%2f%2fwww.lrc.justice.wa.gov.au%2f_files%2fP95-R.pdf/RK=0/RS=r.JSZoq3d2jKm3cPGJAAXsolwXc- gaafa 10/16/2016 ilaalame.
[85] Akkuma oliitti.

hiikkoo dhiphaatin keessa deebii murtii qaamolee bulchiinsaa yeroo jedhamu aangoo mana murtii murtiwwan amala bulchiinsaa qaban akkaataa seerota bu'uuraa fi adeemsaan murtaa'u isaanii ittin sakata'u dha. Yoo murtiin mana murtii bulchiinsaan kenname seeraan ala ta'e manni murtii murtii kenname kaasuun/set aside/ manni murtii bulchiinsaa bu'uura qajeelfama mana murtii kennen akka raawwatan itti deebisa.

Gara biyya keenyatti yoo deebinu bu'uura heera mootummaa FRDI keewwata 79(1) aangoo abbaa seerummaa kan mana murtii idilee ti. Haata'u male, akkuma qorannnaa kan keessatti irra deddeebin ibsamaa tureen bu'uura tumaalee heeraa keewwata 37(1) fi 78(4) tin aangoon abba seerumaa mana murtii idileef duwwaa osoo hin taane manneen murtii bulchiinsaa adeemsa seeraan taa'e hordofanif kennamu ni danda'a. Kanaaf, akka waliiglaatti aangoon abbaa seerummaa kan mana murtii idilee ta'uus haala addaan aangoon kun manneen murtii irraa fudhatamuu akka danda'u tumaalee heeraa armaan oliiti ibsaman irraa hubachuun ni danda'a. Daangaa aangoo abbaa seerummaa manneen murtii idilee irratti taasifame bu'uura taasisuun seerotni garagaraa aangoo abbaa seerummaa manneen murtii idilee haala garagaraan yeroo daangeessan ni mul'ata. Fakkeenyaaf, Labsiin liizii Lafa magaalaa lakk. 721/2004 keewwata 29(3) jalatti manni murtii idilee falmii liiziin wal-qabataniin ilaalchisee falmii hanga beenyaa illaalatu irratti malee aangoo dogoggoora seeraas ta'e firii dubbii ilaalu akka hin qabneefii murtii triibunaalii kan dhumaa akka ta'e kaa'eera. Kana yammuu jennu garuu dhimmichi ol'iyyannoodhaan dhaddacha ijibbatatti akka hin ilaalamne waanti isa dhoorku hin jiru. Sababbiin isaas dhaddachi ijibbata murtii dhumaa kamiinuu ilaalee dogaggora seeraa bu'uura akka sirreessu heeran aangeefamee jira waan ta'eef. Kana malees, seerotni sadarkaa feedaraalatti bahan garagaraa aangoo keessa deebii mana murtii idilee yeroo daangeessan ni mul'atu.[86]Kanarraa, kan ka'e qorannoowwan adda addaa labsiiwwan aangoo keessa deebii manneen murtii idilee daangeessan irratti gaggeeffamuun heerummaa seerota kanaa yeroo qeeqan ni mul'ata.[87] Haata'u malee, labsiiwwaan waa'ee hojjattoota mootummaa naannoo oromiyaa tumaniifii waa'ee boordii ol'iyannoo gibiraan taaksii ibsan aangoo manneen murtii idilee keessa deebiin ilaaluu kan daangeessani miti. Dhimma invastimantii

[86] Labsii Social Security Agency Re-establishment Proclamation, Proclamation No.495/2006, Federal Negarit Gazeta,12th year No. 31 2006, Art.11(5),

[87] Yamaana Kaasaa The Judiciary and Its Interpretive Power in Ethiopia: A Case Study of The Ethiopian Revenues and Customs Authority, Tigist Assefa, Judicial Review of Administrative Actions: A Comparative Analysis, unpublished, Addis Abeba University

ilaalchise garuu seerichi murtiin Boordiin kennamu kan dhumaati waan jedhuuf kallattii mata dure 3.3.3 jalatti ilaalameen hiikamuu kan qabuu dha.

Qorannoo kanaaf, hiikkoon dhiphaan keessa deebii murtiif kenname fudhatama kan qabuu/working definition/ fi kaayyoo qorannoo kana waliin kan deemu dha. Sababni isaa Tokkoffaa, Akka biyya keenyatti heerummaa seerotaa murteessuun aangoo mana murtii idilee osoo hin taane kan Mana Maree Feedereshinii waan ta'eef hiikkoo bal'aa haala sirna seeraa fi heera biyya keenya waliin deemu miti. Kunis, bu'uura keewwata heeraa 83(1) falmiiwwan heerummaa ilaallatan kan mana maree feedereshinii malee kan mana murtii idilee akka hin taane tumeera. Lammaffaa, Labsiiwwan gibiraa fi labsiin hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaa mana murtii idileef aangoo dogoggoora seeraa ilaalu malee aangoo firii dubbii keessa galuu hin kennineef gatii ta'eefi dha. Kanaaf, hiikkoon dhiphaan qorannoo kanaaf akka hiikkoo fudhatama qabu dha. Hiikkoo dhiphaan gama tokkoon aangoo mana murtii kan dhiphisu yoo ta'u gama biroon manneen murtii bulchiinsaa dhimmoota ogummaa addaa barbaadan irratti aangoo bal'aa akka qabaatan taasisuun dhimmoota ogeessotaan akka ilaalaman karra kan saaqu dha. Yeroo seerri bu'uraa fi adeemsaa cabu manni murtii keessa deebiin murtiiwwan qaamolee kanaan kennaman ilaaluu kan danda'u yoo al-seerummaan jiraate ykn aangoo ala bahanii hojjachuun jiraate murticha kan haqame akka ta'u godha jechuu dha. Kanaaf, kutaa itti aanu manni murtii sababootni akkamii yeroo jiraatan keessa deebiin murtiiwwan ilaala kan jedhu ni ibsama.

3.2. Sababoota Keessa Deebii Murtii

Manni murtii olaantummaa seeraa mirkaneessuuf akkasumas wal-too'annaan qaamolee mootummaa sadan giddu akka jiraatuf aangoo keessa deebii murtiilee manneen murtii bulchiinsaa akka qabaatu ta'eera. Heera mootummaa RDFI keewwata 80(3(a)) irraa akka hubachuu dandeenyutti manni murtii waliigala feedaraalaa dhaddachi ijibbaataa murteewwan mana murtii kamiiyyuurratti dogoggoorri seeraa bu'uuraa yoo jiraate ilaaluun sirreessuu kan danda'u ta'uu kaa'eera. Dabalataan, heerri mootummaa RDFI keewwata 80(3(b)) jalatti manni murtii waliigalaa naannoo murtii manneen murtii naannichaa keennan kamiyyurratti dogoggoorrii seeraa bu'uuraa raawwatameera yoo ta'e ilaaluuf aangoo akka qabu kaa'eera. Dogoggoora seeraa yeroo jedhamus manni murtii dhimmoota hunda fuudhee ilaala jechuu osoo hin ta'iin dhimmoota miidhaa cimaa

gaggeessuu danda'an akka ta'e barreeffamootni ni ibsu.[88] Manni murtiis ijoowwan seeraa fi firii dubbii hunda keessa galuun osoo hin taane dhimmoota muraasa duwwaa irratti keessa deebiin kan ilaalu ta'u isaa kan agarsiisu dha. Hiikkoo keessa deebii murtiirraa akka hubatamutti manni murtii ijoowwan hunda kan fudhee keessummessuu osoo hin taane seerummaa/legality/ murtiiwwan duwwaa kan ilaalu dha. Kanaaf, sababoota murtiin bulchiinsaa seera qabeessa ykn seeraa ala jechisiisu danda'an ilaalun barbaachisaa dha.

Aangoon keessa deebii murtii manneen murtii idilee gahee manneen murtii sirna seeraa biyyaa sana keessatti qabaniin kan murtaa'u dha. Kana jechuun biyyoota sirna seeraa kooman loow hordofan keessatti aangoon keessa deebii aangoo uumamaa mana murtii malee kan seeraan kennamuf miti jedhani kan amanan waan ta'aniif sababootni keessa deebii murtiis kanuma irratti kan hundaa'an ta'u. Biyyoota sirna seeraa siivil loow hordofan keessatti aangoon keessa deebii murtii seeraan kennama jedhame waan amanamuuf, sababoonni keessa deebiis aangoo seeraan kenname irratti kan hundaa'ani dha. Haata'u malee, sababootni biyyoota sirna seeraa garagara hordofan keessatti fudhatamummaa argatan hin jiran jechuu miti. Sababootni fudhatamummaa argatan kunis akka kanaa gadii ibsamaniru. Darbees sababootni kunis kallattiin ykn al-kallattiin seerota biyyaa fi naannoo keenya keessatti hammatamaniiru. Fakkeenyaaf, Seerri hariiroo hawaasaa kutaa waa'ee tarkaanfii bulchiinsaa tumu keewwata 394-403 jalatti waa'ee sababoota keessa deebii murtii waan akeeku qaba. Seerotni bu'uuraa waa'ee aangoo keessa deeebii tumanis kanuma bifa agarsiisuun tumamaniiru. Keewwatni 401(1) murteewwan bulchiinsaa adeemsa seeraa hin hordofne, aangoodhaa ala murtaa'anii fi haaloota qabatamoo ilaalcha keessa hin galchine jalqabumarraa kan diigaman akka ta'an tumeera. Tumaan seera hariiroo hawaasaa waa'ee murtiiwwan bulchiinsaa tumu hanga seerri bulchiinsaa qiindaa'aan bahuuttii fi seerota bu'uuraa aangoo qaamolee bulchiinsaa tumaniin waliitti hin buunetti qaawwaa jiru duchuuf hojiirra ooluu danda'a. Kana malees, Seerotni bu'uuraa waa'ee aangoo keessa deebii murtii manneen murtii idilee tumanis sababoota keessa deebii haala waliigalaan tumaniiru. Fakeenyaaf, Labsii Hojjatoota Mootummaa Oromiyaa lakk. 61/1994 Keewwata 72(3) fi Labsiin Gibira Galii Naannoo Oromiyaa Lakk. 203/2009 keewwata 59(1) jalatti manneen murtii bulchiinsaa dogogora seeraa yoo raawwatan manni murtii idilee dhimmicha ilaaluun sirreessuu akka danda'u ni kaa'a. Haata'u malee, labsiwwan kun dogogora seeraa jechuun maal jechuu akka ta'e hin ibsan. Barreffamni

[88] Birhanuu Bayyanaa, Cassation Review Of Arbitral Awards: Does The Law Authorize It?, Joornaalii Seeraa Oromiyaa [Jil 2, Lakk 2], fuula 114.

tokko ijoo dogogora seeraa yoo ibsu dogoggorri seeraa manneen murtii olaanoo murtiiwwan manneen murtii gadii fi qaamolee bulchiinsaa keessa deebiin ilaalan haala sadiin raawwatamuu akka danda'aman ni kaa'a Isaanis, dogoggora aangoo, dogoggoora aangoo hin ilaallane (non jurisdictional error) fi seerotaan kan taa'an[89] Jechuun ibseeraa. Akka waliigalaatti sababootni keessa deebii murtii biyyoota baay'ee keessatti fudhatamummaa argatan ijoowwan qorannaa kanaan ilaalamaa jiraniif roogummaa kan qaban waan ta'eef ibsuun barbachiisaa dha. Dabalataan, sababootni armaan gadiitti ilaalaman kun seerummaa murtii manneen murtii bulchiinsaa irratti kan xiyyeeffatan waan ta'aniif waliitti hidhamiinsa guddaa kan qabanii dha. Haata'u malee, xiinxalaaf akka mijatu jecha gargar qoodanii ilaaluun barbaachisaa waan ta'eef akka kanaa gadiitti ibsamaniiru.

3.2.1. Aangoo gar-malee fayyadamuu / Ultra Virus/

Gochoota seeraan alaa qaamolee bulchiinsaan raawwatamu danda'an keessaa tokko aangoo garmalee fayyadamu dha. Daangaa aangoo seera bu'uuraa fi adeemsaa keessatti teechifame giddu galeessa gochuun raawwachuu dhabuun aangootti gara malee fayyadamuu ta'a. Kunis murtiin kenname seeraan ala kan taasisuu fi murtichis mana murtiin hafaa akka ta'u kan godhuu dha.[90] Aangoo bulchiinsaa gara malee fayyadamuun haala garagaraan raawwatamuu danda'a. Tokkooffaa, aangoo qaama biroof kenname fudhachuu/Jurisdictional error/, Aangoo qaama biroof kenname fudhachuu yeroo jedhamu qaamni bulchiinsaa ykn manneen murtii bulchiinsaa seeraan aangoo qaama bulchiinsaan alaa jiraniif kenname akka isaanif kennameetti hiikuun yeroo fudhatanii raawwatan jechuu dha.[91] Fakkeenyaaf, qaamni bulchiinsaa aangoo mana murtii idileef kenname fudhachuun murtee yoo dabarse kun gosa angoo gar-malee fayyadamu keessaa tokko dha. Lammaffaa, Daangaa aangoo ofi darbuu dha. Kunis kan umamu yeroo aangoo qaama

[89] Christopher Enright, Reconceptualising Error of Law, Canterbury 2015, fuula 16. Mistake of law or error of law means a mistake about a legal effect of a known fact or situation. Black's law 1017.

[90] Tigist Assefa, Judicial Review of Administrative Actions: A Comparative Analysis, unpublished, Addis Abeba University, fuula19.

[91] Dr. Nguyen Van Quang, Grounds for Judicial Review of Administrative Action: An Analysis of Vietnamese Administrative Law, Nagoy a Univ er s ity Center for Asian Legal Ex c hange fuula 22-23. http://r.search.yahoo.com/_ylt=A9mSs3FdRjVYmKQAUSZLBQx.;_ylu=X3oDMTEyZTdmZmlvBGNvbG8DaXIyBHBvcwMxBHZ0aWQDQjI2NDdfMQRzZWMDc3I-/RV=2/RE=1479915229/RO=10/RU=http%3a%2f%2fcale.law.nagoya-u.ac.jp%2f_userdata%2fDP%2520No.%25203.pdf/RK=0/RS=ENfXvL0LyAK0nfYda2g0pJmqEMs-gaafa 10/16/2016 ilaalame.

bulchiinsa biroof kenname akka aangoo ofiitti fudhachuun murtee dabarsanii dha.[92] Sababni kun kan agarsiisuu yeroo qaamni bulchiinsaa aangoo isaaf kenname darbuun aangoo qaamolee biroof kenname fudhachuun yeroo murtee kennani fi manni murtii bulchiinsaas dogoggora kana yoo sirreessuu dhabe manni murtii idilee keessa deebiin dogoggoora kana sirreessuu danda'a jechuu dha. Kana malees, Manni murtii bulchiinsaa aangoo mana murtii idileef kenname fudhachuun yoo murtee kennan manni murtii idilee murtii kenname haquu kan danda'u ta'uu kan agarsiisu dha.

Gara seera biyya keenyatti yoo deebinu seerri hariiroo hawaasaa fi seerotni bu'uuraa manni murtii idilee yeroo qaamoleen bulchiinsaa ykn manneen murtii bulchiinsaa aangoo isaanii gar-malee fayyadaman aangoo keessa deebii kan qabu ta'uu al kallattiin kaa'aniiru. Akkuma armaan oliitti ibsameen labsiiwwan galii fi hojjattoota mootummaa ilaalatan manni murtii idileen yeroo dogoggorri seeraa raawwatamu aangoo keessa deebiin ilaaluun murtii manneen murtii bulchiinsaan kenname sirreessuu kan qaban ta'u tumaniiru. Dogoggoora seeraa jechuun ammoo dogoggora aangoo kan of keessatti hammatu akka ta'e gubbaati ibsameera. Dabalataan, Seerri Hariiroo Hawaasaa keewwata 401(1) jalatti yoo qaamni bulchiinsaa aangoo seeraan isaanif kenname darbuun murtee kennan murtiin isaanii kun kufaa ta'u akka qabu tumeera. Kanaaf, manneen murtii idilee naannoo Oromiyaa falmii gibiraa boordii ol'iyannoo gibiraaf taaksiin ilaalame murtii argate yoo dogoggora aangoo qabaate manneen murtii aangoo keessa deebiin ilaaluun sirreessuuf aangoo ni qabaata. Haaluma wal-fakkaatuun manni murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaa aangoo qaama biroof kenname fudhachuun murtii yoo kennan ykn qaamni bulchiinsaa aangoo isaa malee murtii yoo kennee fi manni murtii bulchiinsaas kan sirreessuu yoo dhabe manni murtii waliigala Oromiyaa dhimmicha ilaaluun sirreessuuf aangoo ni qabaata.

3.2.2. Adeemsa Seeraan Taa'e Hordofuu Dhabuu

Qaamni murtii kennu tokko murtii haqa qabeessa ta'erra akka gahuu adeemsa seeraan taa'e hordoofuun murtii kennuu qaba. Kunis qaamni bulchiinsaas ta'e manneen murtii bulchiinsaa yeroo murtii kennuuf deeman adeemsa seeraan taa'e ykn yoo adeemsi seeraan taa'e hin jiru taanaan seera haqa uumamaa/rules of natural justice/ hordofuun murtii kennuu kan qaban ta'uu kan akeeku dha.[93] Yoo manneen murtii bulchiinsaa adeemsa kana hordofu baatan manni murtii keessa deebiin

[92] Akkuma olii.
[93] Miiljalee olii lakk 15 fuula 21.

ilaaluun sirreessuuf aangoo ni qabaata. Kana yeroo jennu manni murtii dogoggora adeemsaa kamiyyuu yeroo jiraatu murtee qaamolee bulchiinsaan kenname haqa jechuu miti. Manni murtii keessa deebiin akka ilaalu kan irraa eegamu adeemsa diriqisisoo ta'an malee adeemsa filannoon kaa'aman hordofamu ykn hordofamu dhabuu miti. Darbees, adeemsaalee murteessoo ta'an fi murtii haqa qabeessa kennu irratti gufuu ta'uu danda'an malee sababa adeemsaaleen hundi cabaniif manni murtii idilee murtii manneen murtii bulchiinsaa hafaa akka ta'u hin taasisu.[94]

Labsiiwwan bu'uuraa waa'ee gibiraa fi waa'ee hojjattoota mootummaa tuman keessatti manneen murtii idilee yeroo adeemsi seeraan taa'e cabu aangoo keessa deebii qabaachuuf dhiisuun isaanii ifaan waan kaawwame hin qabu. Garuu SHH keewwata 401(1) jalatti murtiin bulchiinsaa adeemsa seeraan taa'e osoo hin hordofin kenname hafaa akka ta'u danda'u ni akeeka. Kanaaf, qajeeltoon aangoo keessa deebii adeemsa seeraa hordofu dhabuun sababa keessa deebii murtii ta'a jedhu seeorta keenya keessattis beekamtiin kan kennameefi dha jechuun ni danda'ama.

3.2.3. Dhama Dhabeessummaa Murtii /Unreasonableness/

Seerotni garagaraa qaamoleen bulchiinsaa yeroo murtii kennan haala qabatamaa giddu galeessa gochuun akka raawwataniif aangoo bal'aa fi filannoo qabu yeroo kennaniif ni mul'ata. Kunis kan ta'u qaamoleen kunneen haala qabatamaa dhimmichaa ilaaluun murtii kennuun imaamatni mootummaa haala bu'aa qabeessa ta'een hojiirra olchuu akka danda'anifi dha.[95] Kanaaf, qaamoleen bulchiinsaa daangaa aangoo kana keessatti akka fedhan osoo hin taane kaayyoo yaadame haala galma geessisu danda'uun hojiirra akka olchaniif daangaan isaan irratti ni gatama ykn istaandardii bahee jiruun akka raawwatan ni dirqamu. Dirqamoota isaan qaban keessaa tokko filannoowwan jiran keessaa yeroo filatanii murteessan akka nama dhama qabeessa ta'e tokkootti filachuu kan qaban ta'uu kan agarsiisuu dha.[96] Dirqamni lammaffaa, seerota biroo roogummaa qaban ilaalcha keessa haala galcheen filannoowwan jiran keessaa filachuu akka qabu kan akeeku dha.[97] Sadaffaa, qaamni bulchiinsaa murteewwan yeroo kennu istaandardoota fi ulaagaalee murtii kennuuf hojiirra oluu qaban giddu galeessa gochuun murteessuu kan qabu ta'u isaati.[98] Kanaaf, yoo qaamoleen bulchiinsaa daangaa bilisummaa aangoo isaanirratti taasifame kana darbuun

[94] Miiljalee olii.
[95] Miiljalee 5ffaa, fuula-207.
[96] Miiljalee 5ffaa, fuula- 206.
[97] Miljalee olii lakk. 16.
[98] Miiljalee olii lakk. 21, fuula-207.

murtiin dhama qabeessa hin taane kennan manni murtii keessa deebiin ilaalu akka danda'u hog-barruuwwan ni ibsu. Haa ta'u malee, murtiin tokko dhama qabeessa moo? Miti jechuun murteessuun rakkisaa dha. Haa ta'u malee, biyyoota sirna seeraa dagaage qaban keessatti istaandardiin nama dhama qabeessaa maal ta'uu qaba dhimmi jedhu murteewwan gargaraan kan gabbate dha. SHH keewwatni 401(1) qaamni bulchiinsaa haalota garagaraa ilaalcha keessa osoo hin galchiin yoo murtii kenne murtiin sun hafaa akka ta'u danda'u tumeera. Kanaaf, qajeeltoon kun keessa deebii murtiif seerota keenya keessattis hammatameera jechuun ni danda'ama.

3.3. Daangaa Aangoo Keessa Deebii Murtii Manneen Murtii

Aangoon abbaa seerummaa akka qajeeltootti manneen murtiif kan kenname waan ta'eef aangoon kun sababoota garagaraan manneen murtiirraa fudhatame manneen murtii bulchiinsaaf yoo kennameelle manneen murtii aangoo keessa deebiin ilaalu akka qabaachuu danda'an ibsameera. Haata'u malee, aangoon keessa deebii manneen murtii idilee kun daangaa malee miti. Aangoon keessa deebii murtii sababoota garagaraan daanga'u danda'a. Sababoonni aangoo keessa deebii daangeessan akka kanaa gadiitti ibsamaniiru.

3.3.1. Dhimma Mana Murtiin Ilaalamu Hin dandeenye /non-justiciability/

Sababoota aangoon abbaa seerummaa manneen murtii bulchiinsaaf akka kennamu taasisan keessaa tokko dhimmootni sun manneen murtii idileen gahuumsaan ilaalamu kan hin dandeenye yoo ta'anii dha. Falmiiwwan bulchiinsaa falmiiwwan manneen murtiin ilaalamuun murtii argachuu danda'anii fi hin dandeenye jedhamuu danda'u. Dhimmootni manneen murtiin ilaalamu danda'an jedhaman kanneen seera hiikuun fi hojiirra olchuun furmaata argachuu danda'anii dha. Kaan ammoo manneen murtiin ilaalamuun murtee kennuuf mijatoo miti. Fakkeenyaaf, falmiiwwan siyaasaa, murteewwan ministerootaa kanneen manneen murtii ilaaluun murteessuuf mijatoo miti kan jedhaman keessa ramadamu.[99] Yaad-rimeen falmiiwwan manneen murtiin ilaalamu danda'an jedhaman biyyoota sirna seeraa kooman loow hordofan keessatti haa eegalamu malee biyyoota addunyaa hedduu keessatti beekamti kan argate dha.[100] Daangaan isaas biyyaa

[99] Miiljalee olii lakk 21, fuula-223

[100] Yemane Kassa, Dealing with Justiciability: in Defense of Judicial Power in Ethiopia fuula 48. http://r.search.yahoo.com/_ylt=A7x9UnIERzVYYSQAFZlfCwx.;_ylu=X3oDMTBydWpobjZlBHNlYwNzcgRwb3MDMQRjb2xvA2lyMgR2dGlkAw--/RV=2/RE=1479915397/RO=10/RU=http%3a%2f%2fwww.mu.edu.et%2fmulj%2fpdfs%2fv3_N1%2fV3_N1-2.pdf/RK=0/RS=80LK2.TRW6amI2yQe5FzZGJ_fjw- gaafa 10/16/2016 ilaalame.

biyyatti garaagarummaa qaba. Hiikkoowwan kennamaniif keessaa guboon jechoota seera *black's law* '*the quality or state of being appropriate or suitable for review by a court*'[101] Jechuun kaa'a. Hiikkoon kun dhimmi tokko gahuumsa manneen murtiin ilaalamu danda'a kan jedhamu yoo mana murtiin ilaalauuf mijataa ta'e qofa akka ta'e kan ibsu dha. Dhimmootni mana murtiin ilaalamu hin qaban kan jedhamu yoo dhimma sana irratti manni murtii beekumsa gahaa yoo hin qabnee, gahuusaan murteessu hin danda'u yoo ta'e, istaandardiin waliigalaa/objective/ dhimmichi ittin madaalamu yoo jiraachuu baate, ykn dhimmicha mana murtiif kennuun bu'aa qabeessummaa qaama raawwachistu kan miidhuu yoo ta'e dha. [102] Kanaaf, sababoota armaan oliitti eeraman bu'uura godhachuun dhimmootni manneen murtiin akka keessa deebiin hin ilaalamne daanga'u.

Gara seera biyya keenyatti yoo deebinu heerri mootummaa feedaraalaa keewwata 37 jalatti dhimmootni mana murtiin ilaalamuu danda'an duwwaan mana murtiin ilaalamu akka qaban ni kaa'a. Haata'u malee, tumaan kun dhimmoota mana murtiin ilaalamuu danda'an jechuun maal jechuu akka ta'e hin ibsu. Tumaa kanarraa kan hubatamu heerichi dhimmoota qaama abbaa seerummaa qabu biratti ilaalamu qabanii fi hin qabne jechuun bakka lamatti qooduu kan barbaade ta'uu hubachuun ni danda'ama.[103] Yaad-rimeen dhimmoota mana murtiin ilaalamu qaban jedhu heeraa keessatti ibsamuu baatus hiikkoo Manni Maree Feedereshinii kenneen dhimmoota manneen muriin ilaalamuuf mijatoo ta'an murteessuun aangoo Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataa akka ta'e ibseera.[104] Falmii *Ashanaafii Amaaraa faa fi Abbaa Taayitaa Galiiiwwanii fi Gumurukaa* giddu tureen Gumiin Calaltu Heeraa manneen murtii paarlaamaan kan hundaa'an waan ta'aniif manni maree bakka bu'ootaa dhimmoota manneen murtiin ilaalamuuf mijatoo ta'aniif hin taane daangaa heeraa giddu galeessa gochuun murteessu danda'a jechuun kaa'eera. Manni murtii waliigala feedaraalaa dhaddachi ijibbaatas falmii *Waldaayi Zaruu faa* fi *Abbaa Taayitaa Galiiiwwanii fi Gumurukaa* giddu tureen dhimmoota mana murtiin ilaalamuuf mijatoo ta'an murteessuun aangoo qaama seera baasaa akka ta'e kaa'eera.[105] Kanaaf, murtee dhaddacha ijibbaataa fi Gumii Calaltuu Heeraan kenname waliitti fiduun yeroo ilaallu qaamni seera tumu daangaa heeraa keessatti dhimmoota manneen murtiin ilaalamuuf mijatoo ta'anii fi hin taane

[101] Black's law fuula 870
[102] Miiljalee olii lakk.76
[103] Miiljalee olii fuula- 51.
[104] Miiljalee olii fuula- 52.
[105] Yemane Kassa, Dealing with Justiciability: in Defense of Judicial Power in Ethiopia Welday Zeru et al v the Ethiopian Revenues and Customs Authority, Federal Supreme Court Cassation Division, May 23, 2011), Federal Supreme Court Cassation Division, vol.12, p.482;

seeraan murteessuu kan danda'u ta'uu isaati. Daangaan heeraa kun hoo maalii inni jedhuus hiikkoo mataa isaa kan barbaadu dha. Daangaan kunis qaboo yaa'ii heerichaa tumaa keewwata 37 irraa qabameerraan hubachuun ni danda'ama. Kunis, namni murtii qaama mootummaa tokko irraa komii qabu furmaata malee hafuu hin qabu komii isaas qaama mootummaa birootti dhiyeessuun furmaata argachuu qaba jedhu dha.[106] Kanaaf, kanarraa kan hubannu yeroo sababoonni aangoo abbaa seerummaa manneen murtii idileerraa fudhachuun qaamolee bulchiinsaaf akka kennamu taasisan jiraatan qaamni seera baasuu dhimmoota kana manneen murtiin ilaalamu kan hin qabnedha jechuu danda'a. Qaamni seera tumu yeroo kana raawwatu garu adeemsa namni murtii bulchiinsaan kennamerratti komii qabu komii isaa qaama mootummaa biroof dhiyeessu danda'u mijeessu qaba. Sana ta'uu baannaan qaamni seera baasu daangaa heeraan kaawwame akka cabseetti lakkaa'ama.

Hiikkoowwan kanarraa qaamni seera baasuu dhimmoota manneen murtiin ilaalamuuf mijatoo ta'anii fi hin taane murteessuuf aangoo daangaa heeraa keessatti kan qabu waan ta'eef seerotni sadarkaa feedaraalaa fi naannootti tumamanis dhimmoota manneen murtii idileen ilaalamu hin qabne jechuun yeroo daangessan ni mul'ata. Ijoowwan qorannoo kanaan ilaalamuuf kallatti manneen murtiin ilaalamuu danda'uun yeroo madaallu Labsii hojjattooa mootummaa naannoo Oromiyaa 61/1994 keewwata 72 (3) murtiin manneen murtii bulchiinsaa firii dubbii irratti kennan mana murtii idileen kan hin ilaalame ta'u ibsa. Kunis, abbootiin seeraa mana murtii bulchiinsaa ijoo qabame irratti ogummaa kan qaban waan ta'aniif manni murtii idilee ammo ijoo kanarratti ogummaa addaa kan hin qabne waan a'eef dhimma kana ilaaluuf gahuumsa gahaa waan hin qabeef akka hin ilaalle daanga'aniiru. Labsiin gibira galiis 74/1995 keewwata 112 haala wal-fakkatuun manni murtii idilee gibiraf taaksii irratti ogummaa addaa kan hin qabne waan ta'aniif gahuumsaan firii dubbii irratti murtii kennu hin danda'an yaada jedhuun akka hin ilaalle daangessera.

3.3.2. Furmaata Qaama Bulchiinsaa Bira Jiru Duguuguu

Daangaan aangoo keessa deebii murtii inni biroon furmaata qaama bulchiinsaa bira jiru osoo hin duguugiin mana murtii idileetti darbuun kan hin danda'amne ta'uu isaa kan agarsiisu dha. Aangoon abbaa seerummaa qaamolee garagaraaf kan kennamu faayidaawwan heddu boqonnaa darbe keessatti ibsaman gatii qabuufidha. Kanaaf, garee murtii bulchiinsaa kennameerraa komii

[106] Miiljalee olii

qabu mirga keessa deebii gatii qabuuf qaama bulchiinsaa ykn mana murtii bulchiinsaa biraa furmaata jiru osoo hanga dhumaatti hin fixatiin gara mana murtii deemuu kan hin dandeenye ta'u agarsiisa. Akka guboo jechoota *Black's law* furmaata jiru duguuguu jechuun seeraan yoo furmaani bulchiinsaa kaawwame gara mana murtii idilee dhaquun dura furmaata bulchiinsaatti hanga dhumaatti fayyadamu kan gaafatu dha. Kaayyoon isaas mana murtiitti dhimmootni akka hin baay'enneef yaadamee ti. [107] Kaayyoon biroo qajeeltoo kanaa qaamolee bulchiinsaaf dogoggora ofii raawwatan akka ofii fooyyessaniif carraa laachuuf yaadameeti. [108] Haata'u malee, qaamoleen bulchiinsaa mana murtii bulchiinsaa dabalatee falmiiwwan bulchiinsaa ka'an keessummeessuuf qophaa'oo ta'u dhiisuu danda'u. Kunis, qaamoleen dhimmicha akka ilaalan seeraan akka hundeeffaman jedhaman hundeffamuu dhabuu ykn yeroo murtaa'e keessatti murtii kennuu dhabuun qaama mormii kaaseerratti miidhaa deebi'uu hin dandeenya akka irra gahuu gochuun ta'uu danda'a.[109] Yeroo haalli akkanaa muudatu furmaata bulchiinsaa bira darbuun mana murtii idileetti yoo iyyatame akka qajeeltoo kana cabsuutti hin lakkaa'amu.

Labsiin galii gibiraa armaan oliitti ibsamee fi labsii hojjattoota mootummaa bulchuuf bahee yeroo ilaallu murtii mana murtii bulchiinsaa fi boordii ol'iyannoo gibiraaf taaksii irraa kallattiin osoo hin taane qaamolee kana biratti erga murtiin kenname booda murtii isaan kennan irraa kan ol'iyatamu ta'u ni kaa'a. Kanaaf, al kallattiin furmaatni bulchiinsaa yoo duguugame malee mana murtiitti keessa deebiif ta'e ol'iyannoof dhiyeessuun kan hin danda'amne ta'u agarsiisa.

3.3.3. Tumaa Aangoo Mana Murtii Daangeessu/Finality Clause/

Akkuma kutaawwan darban keessatti ibsameen biyyoota sirna seeraa kooman loow hordofan keessatti keessa deebiin murtii mana murtiin gaggeeffamu akka aangoo umamaa kan ilaalamu waan ta'eef yoo sababoonnii keessa deebii murtii jiraatan akka keessa deebiin ilaalamu hayyamu. Biyyoota sirna seeraa siivil loow hordofan keessatti seerotni qaama seera tumuun bahan akka madda aangoo keessa deebii murtiitti ilaalamu. Kanaaf, akkaataa seera keessatti tumaan keessa deebii murtii bocame irratti hundaa'uun dhimmichi kan keessa deebiin ilaalamudha moo? Miti? kan jedhu murtaa'a. Haata'u malee, akkaataan tumaan kun seerota keessatti bocamu iftoomina qabaachuu dhiisuu danda'a yeroo kanatti bu'uura bocama seerichaa gidduu galeessa gochuun

[107] Black's law fuula 594
[108] Miiljalee 5ffaa, fuula- 224.
[109] Miiljalee 5ffaa, fuula-224.

hiikkoo kennuun barbaachisaa dha. Yoo seerichi gaaleewwan '*murtiin qaamolee bulchiinsaa dhimmoota ... fi ... irratti hin koomatamu*' jedhe ykn *''...isa dhumaati*" jedhe keessa deebii ni dhorka moo? Hin dhorku kan jedhu ifa miti. Seerotni bifa kanaan haala ifa hin taaneen kan bocama yoo ta'an dhiphifamanii hiikamu kan qaban ta'uu hoog barruuwwan ni ibsu. Kunis, keessa deebii murtii dhorkuun mirgoota bu'uuraa nama koomii kaasee kan sarban waan ta'aniif haala ifa ta'een yoo dhorkaman malee manni murtii aangoo keessa deebii dhabuu akka hin qabne ni ibsu.[110]

Haala bocamiinsa seeroota Naannoo fi biyyaa keenyaa yammuu ilaallu akaakuu sadiin ibsamuu akka danda'u kaasuun ni danda'ama. Inni duraa murtii mana murtii bulchiinsaan kennamu ijoo firii dubbii irratti kan dhuma akka ta'eef qaamni komii qabu ijoo seeraa irratti mana murtiitti ol'iyyannoo akka fudhachuu danda'u caqasee bira darba. Sadarka mana murtii ol'iyyannoon itti fudhatamu irratti garaagarummaa qabaachuu danda'a. Fkn dhimma gibiraa irratti murtii Boordiin kennamu irratti qaamni komii qabu Mana Murtii ol'aanatti iyyachuu akka danda'u labsiin bulchiinsa taaksii Mootummaa Naannoo Oromiya lakk.203/2009 kwt.59(1) ni ibsa. Labsii hojjatoota mootummaa naannoo Oromiyaa keessatti immoo komiin Mana Murtii Waliigalatti kan dhiyaatu. Inni lammataa ol'iyyannoo dhiyaate irratti murtiin Boordiin kennamu murtii dhumaatii jechuun kaa'ee jira. Fknf labsii invastimantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.138/2000 kwt. 6(5) jalatti kan tumame ilaaluun ni danda'ama. Inni sadaffa immoo murtiin kennamu dhimma ijoo seeraa fi firii dubbii irratti kan dhumaatii jechuun ni ka'a. Fkn labsii liizii Mootummaa federaalaa lakk.721/2004 kwt 29 irratti caqasame ilaaluun ni danda'ama.

Kanaaf seeroonni yeroo ifaan aangoo mana murtii dhimmoota manneen murtii bulchiinsaan qaban irratti ibsanii fi yeroo haala iftoomina hin qabnee caqasanii bira darban haala kamiin ilaalamu qabu? Aangoon mana murtii seeraan daanga'u akka danda'u armaan olitti ibsuuf yaallee jira. Garuu yammuu seeroota irratti duuchaman murtiin kennamu murtii dhumaati ykn ijoo seeraa fi firii dubbii irratti kennamu kan dhumaati jedhu akka dhumaatti fudhachuu qabna moo? hikkoo itti kennuun barbaachisadha? Akka barreesitoota qorannoo kanaatti yammuu seerri murtiin bulchiinsa ijoo seeraa fi ijoo dubbii irratti kennamu kan dhumaatii jedhee bifa iftoomina qabuun teechisee argame dhimmichi ol'iyyannoon dhaddacha ijibbaatattii qofa ilaalamuu qaba. Akkaataa tumaa heera mootummaa RDFI keewwata 80(3(b)) tin manni murtii waliigala naannoo murteewwan dhumaa kennaman kamirrattuu yoo dogoggoorrii seeraa jiraate ijibbaataan ilaaluuf aangoo kan

[110] Miiljalee 5ffaa, fuula-226

qabu waan ta'eef. Garuu yammuu seerri duchumaan murtiin kennamu murtii dhumaatii jechuun ibsame kaayyoo waligalaa manneen murtii bulchiinsa hundefamaniin wal-bira qabuun murtiin dhumaa dhimma ijoo dubbii qofa irratti akka ta'ee fudhachuun barbaachisaa dha. Gama kanaan yammuu tumaaleen iftoomina hin qabnetti dhiphatanii hiikamuu akka qabaniif manni murtii keessa deebiin ilaalu haala dandessisun hikkoo itti kennuun barbaachisa dha. Kanaaf, bocamni akkanaa aangoo keessa deebii murtii haala dhorkuun fudhatamu hin qaban.[111]

Boqonnaa Afur

Xiinxala Daataa Rakkoolee Bu'a Qabeessummaa Manneen Murtii Bulchiinsaa fi Aangoo Too'annoo Manneen Murtii Idilee: Haala Qabatama Naannoo Oromiyaa

Seensa

[111] Miiljalee 5ffaa, fuula-227.

Boqonnaawwan darban keessatti yaad-rimee manneen murtii bulchiinsaa, akkasumas adeemsa manneen murtii bulchiinsaa qorannoo kanaaf filataman murtee itti kennanii, murtiin isaanis ulaagaalee maal maal hammachuu akka qabu fi aangoo too'annoo manneen murtii idilee murteewwan manneen murtii bulchiinsaarratti qaban ibsameera. Boqonnaa kana keessatti seerotni waa'ee aangoo, adeemsa kenninsa murtii manneen murtii bulchiinsaa tuman haala maaliin hojiirra oolaa akka jiranii fi rakkooleen qabatamoo gurmaa'insa, aangoo, adeemsa kenninsa murtii, dhaqqabamummaa fi qulqullina murtii waliin wal-qabatanii jiran ni sakatta'amu.

Dabalataan, manneen murtii idilee murteewwan manneen murtii bulchiinsaa qorannoo kanaan filataman jechuun mana murtii hojjattoota mootummaa, boordii ol'iyyannoo gibiraaf taaksii, akkasumas boordii invastimantii irratti aangoo ol'iyyannoo fi aangoo keessa deebii akkamii akka qabaniifii kunis haala maaliin hojiirra oolaa akka jiruu fi rakkoolee qabatamoo jiran kan sakatta'u dha.

Adeemsa qaamolee kanaan hordofamaa jiru sakata'uu fi rakkoolee qabatamoo jiran adda baasuuf daataan af-gaaffii abbootii seeraa mana murtii idilee, manneen murtii hojjattoota mootummaa, miseensoota boordii ol'iyyannoo gibiraaf taaksii, koomishinii invastimantii Oromiyaa fi ogeessota seeraa waajjiraalee garagaraa sadarkaa adda addaarra jiran irraa waliitti qabameera. Dabalataan galmeewwan murtii argatan manneen murtii idilee, mana murtii hojjattoota mootummaa naannoo oromiyaa, boordii ol'iyyannoo gibiraaf taaksii akkasumas boordii invastimantii sadarkaa sadarkaan jiran irraa waliitti qabameera. Daataan bifa af-gaaffiin waliitti qaban kunneen mala iddattoo kaayyeeffataan namoota hoj-maata jiru beeku jedhaman irratti xiyyeeffachuun kan walitti qabame dha. Daataa galmeewwan irraa waliitti qabame yoo ilaallu daataan manneen murtii idileerraa waliitti qabaman mala iddattoo kaayyeeffataan rakkoolee hoj-maata fi seeraa jiru agarsiisuu danda'aniirraa kan waliitti qabame dha. Gama biroon galmeewwan manneen murtii bulchiinsaarraa si'oomina madaaluuf waliitti qaban mala iddattoo tasaa /randomly/ kan filatamanii dha.

Daataawwan bifa lamaan waliitti qabaman kana haala rakkoo qabatama jiru agarsiisuu danda'uun akka kanaa gadiitti xiinxalamaniiru.

4.1. Gurmaa'insa, Aangoo, Adeemsa Kenninsa Murtii fi Qulqullina Murtii Manneen Murtii Bulchiinsaa

Akkuma boqonnaa darbe keessatti ibsameen gurmaa'insa, aangoon, adeemsi kenninsa murtii manneen murtii bulchiinsaa qorannoo kanaaf filataman wal-fakkaataa miti. Kanaaf, hoj-maata manneen murtii bulchiinsaa kana bakka tokkootti xiinxaluun rakkisaa waan ta'uuf manneen murtii bulchiinsaa kanneen qofa qofaa adda baasuun akka kanaa gadiitti xiinxalamniiru.

4.1.1 Gurmaa'insa, Aangoo, Adeemsa Kenninsa Murtii, Qulqullina Murtii Mana Murtii Bulchiinsaa Hoojjattoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Boqonnaa darbee keeessatti maalummaa, aangoo, fi gurmaa'insi mana murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaa labsii fi dambii hojjattoota mootummaa keessatti akkaataa bocamee jiruu fi qaawwiin seeraa jiraan ibsameera. Qabatamaan manni murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaa falaasama mana murtii bulchiinsaa fudhatamummaa qabanii, labsii fi dambii hojjattoota mootummaa waliin hangama akka deemuu baruuf daataa bifa af-gaaffii (hoggantoota waajjira pabliik sarvisiif bulchiinsa gaarii, ogeessota seeraa waajjira pabliik sarvisiif bulchiinsa gaarii, abbootii seeraa mana murtii hojjattoota mootummaa, abbootii seeraa mana murtii idileerraa) waliitti qabameera darbees xiinxalli galmee taasifameera. Xiinxala taasifameen bu'aan argame akka kanaa gadiitti tokko tokkoon ibsameera.

4.1.1.1 Caaseeffamaa fi Gurmaa'insa Mana Murtii Hojjattoota Mootummaa

Caaseeffama manneen murtii bulchiinsaa ilaalchisee akka mana murtii idilee guutumaan guututti bilisa ta'u qabu yoo jedhamu baates yoo xiqqaate garuu qaama dhimmii isaanii ilaalamurraa haala bilisa ta'een hundeefamuu akka qaban boqonnaa darbe keessatti ibsameera. Muuxannoo biyyoota adda addaa boqonnaa darbe keessatti ibsameerraan akka hubatamutti manneen murtii bulchiinsaa sadarkaa mana murtii idilee ta'uu baatuus hojii abbaa seerummaa dhiibbaa malee akka kennaniif bilisa ta'uun akka hundeeffaman ibsameera. Kunis, abbootiin seeraa mana murtii bulchiinsaa, baajatni hojichaaf barbaachisu fi bulchiinsi mana murtichaa too'annoo mana hojii dhimma isaa ilaalamu irraa bilisa ta'u akka qabu kan agarsiisu dha. Caaseeffama mana murtii hojjattoota mootummaa ilaalchisee manni murtiichaa abbootii seeraa koomishinarichaan filataman kan qabu ta'u labsicha keewwata 70 (3) jalatti ibsuun alatti waa'ee bilisummaa bajataa fi hojiiwwan waan jedhu hin qabu.

Kanaaf, qabatamaatti caaseeffamni mana murtii hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaa maal akka fakkaatu hubachuuf af-gaaffii gaggeessitoota fi abbootii seeraa mana murtiichaa waliin

taasifameera. Kunis, akka agarsiisuutti abbootiin seeraa mana murtii bulchiinsaa bu'uura labsii hojjataa mootummaa keewwata 70(3) koomishinarii waajjirichaan kan muudamanii fi sirni itti gaafatamummaan isaanii haaluma muudama isaanitiin koomishinaraaf kallattiin ta'uu osoo qabu hoj-maatni jiru seerarraa kan maqe ta'uu hubachuun danda'ameera. Kunis, manni murtichaa abbaa adeemsa hojii raawwii seerotaa fi kenninsa murtii jalatti kan gurmaa'ee fi itti gaafatamummaan isaas abbaa adeemsa kanaaf ta'uu af-gaaffii abbootii seeraa waliin taasifameerraa hubatameera.[112] Dabalataan, af-gaaffii gaggeessitoota waajjiricha waliin taasifameen abbootiin seeraa mana murtichaa abbaa adeemsa hojii raawwii seerotaa fi kenninsa murtii jalatti kan caaseeffamee jiru ta'u ibsuun garu hanga danda'ame bilisa ta'anii akka hojjatan kan taasifaman ta'uu ibsaniiru.[113]

Haata'u malee, hoj-maata kana manneen murtii bulchiinsaa biyyoota biroo waliin yeroo ilaallu biyyoota biroo keessatti manni murtii bulchiinsaa bilisa akka ta'uuf sadarkaa koomishinii kan hundeeffaman ta'u boqonnaawwan darban keessatti ilaalleera. Kanaaf, bilisummaa mana murtii hojjattoota mootummaa mirkaneessuuf manni murtichaa akkuma biyyoota biroo addatti ykn yoo xiqqaate akkaatuma muudama abbootii seeraa mana murtichaa abbaa adeemsa jalaa bahuun Hoogganaa biiroof akka itti gaafataman taasisuun barbaachisaa dha.

Gurmaa'insa mana murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaa ilaalchisee biyyoota biroo keessatti ulaagaan abbootiin seeraa guutuu qaban, bilisummaan isaanii, akkaataa foo'annoo fi itti waamamni isaanii ifaan kan taa'e jiru ta'uus gurmaa'insa mana murtii bulchiinsaa hojjatoota mootummaa naannoo oromiyaa yammuu ilaallu labsii lakk. 61/94 kwt 70 jalatti manni murtii bulchiinsa akka hunda'u fi walitti qabaan dhaddachaa fi abbootiin seera komishinaraan kan muudaman ta'u caqasuun alatti ogeeyyiin akka walitti qabaatti muudamanii fi abbootiin seeraa ulaagaa akkamiin muudamu, itti yaamamni isaanii fi bilisummaan hojii isaanii maal akka ta'uu qabu seerichi ifaan waan jedhe hin qabu. Dabalataanis wantoota akka bulchiinsa dhaddachaa, madda baajata yeroo turtii hojii abbootii seeraa, irratti labsichi iftoomina kan hin qabne dha.

Qabatama jiru yeroo ilaallu abbootiin seeraa akkuma hojjattoota biroo kan filatamanii fi yeroo turmaata isaanis akkuma hojjattoota biroo fi labsii fi dambii hoojjattoota mootummaan kan bulanii dha. Kunis, akka abbootii seeraa manneen murtii bulchiinsaa biyyoota biroo tajaajila abbaa

[112]Af-gaaffii Af-gaaffii Silashii Fiqaaduu, Ayyahush Tasamaa, Abbootii Seera Mana Murtii Hojjattoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa waliin gaafa guyyaa 15/06/2009 taasifame.

[113] Obboo Takkaaliny I/A hoogganaa Biiroo Pabliik Sarvisiif Misooma Qabeenya Humna nama naannoo Oromiyaa,

seerummaa kennan waliin wal-qabatee xiyyeeffannaan addaa fi seerri addaa isaan bitu kan hin jirree ta'u agarsiisa.

Akkaataa muudamaa fi ogummaa abbootii seeraa mana murtiichaa ilaalchisee abbootiin seeraa mana murtichaa akkuma hojjataa kaanii dhaabbiin kan qaxaramanii fi seerota hojjattoota mootummaa biroo bulchaniin kan bulan ta'u af-gaaffii taasifameerraa hubatameera.[114] Ogummaan abbootii seeraa mana murtiichaa barnoota seeraa kan bartanii dha. Haata'u malee, abbootiin seeraa kun hojii isaanii yeroo gaggeessan kan itti hogganaman koodii naamusaa kan hin qabne ta'u af-gaaffii taasimeen hubatameera. Qaama tajaajila abbaa seerummaa kennuuf akkataa hojii isaanii itti gaggeessanii fi sirna itti gaafatamummaa diriirusuuf dambii naamusaa qabaachuun murteessaa dha. Kanaaf, labsiin hojjattoota mootummaa feedaraalaa keewwata 74(5) jalatti qajeelfamni koodii naamusaa abbootii seeraa mana murtii hojjattoota mootummaa yeroo hojii isaanii gaggeessan hordofu qaban tumamuu akka qabu akeekeera.

Biyyoota biroo keessattis abbootiin seeraa mana murtii bulchiinsaa kan itti hogganaman dambii naamusaa mataa isaanii qabu. Dambii naamusaa miseensoota ykn Abbootii seeraa manneen murtii bulchiinsa kan barbaachisuufis abbootiin seeraa jireenya dhuunfaa isaanii keessattis akkasumas hojii isaanii keessatti seera akka kabajan, wal-falmitootni bitaa mirgaa dhimma isaanii akka ibsatan haqummaa carra wal-qixa akka uuman akkasumas loogii irraa akka bilisa ta'anii hojjatan, hojii isaanii amanamummaa fi dhugummaan akka hojjatan, ragaalee, wal-falmitoota bitaa mirgaa, miseensota mana hojii akka kabajaniifii dha. Dabalataan, fedhii abbootii dhimmaa dursanii hubachuu, dhimmoota dhiyaatan yeroon murtii akka argatan taasisuuf gahumsa hojii barbaachisu of goonfachisuu, dhimma isaaniif dhiyaatu dhiibbaa alaa irra bilisa ta'anii akka murteessan taasisuuf fi dhimmoota murteessan irratti itti gaafatmumma fudhachuu akkasumas hanga danda'ameen hojiilee bifa iftoomina qabuun raawwachuu akkan danda'an taasisuuf.[115]

Kanaaf, akka naannoo keenyatti abbootiin seeraa mana murtii hojjattoota mootummaa koodii naamusaa hojjattoota biroof raawwatiinsa qabuun akka bitaman taasisuun bilisummaa isaanii irratti fi keenninsa tajaajila haqaa kennan irratti dhiibbaa kan uumu dha.

[114] Af-gaafii Obboo Takkaaliny I/A hoogganaa Biiroo Pabliik Sarvisiif Misooma Qabeenya Humna nama naannoo Oromiyaa,obboo Silashii Fiqaaduu Abbaa seeraa mana murtii bulchiinsaa waliin gaafa guyyaa 08/05/09 taasifame
[115] A guide to standard of conduct for Tribunal members,revised august 2009 page 20-21

4.1.1.2. Aangoo Mana Murtii Hojjattoota Mootummaa

Gosti manneen murtii bulchiinsaa akka biyya keenyaa jiran manneen murtii aangoo addaa/special jurisdiction/ qaban waan ta'eef aangoon isaanii seeraan taarraa'ee kaa'amu qaba. Bu'uura kanaan labsiin hojjattoota mootummaa keewwata 71 jalatti aangoo mana murtii hojjattoota mootummaa tarreessee jira. Isaanis, dhimmoota seeraan ala hojiirraa dhorkamuu, addaan cituu waliigaltee hojii, adabbii naamusa cimaa, seeraan ala mindaan ykn kaffaltiin biroo qabamuu, fi miidhaa hojii kan ilaalani dha.

Xiinxala taasifameenis manni murtii bulchiinsaa wal-dhabbiwwan dhimmoota armaan oliitti eramaniin wal-qabatan yeroo dhiyaatan kan keessummeessaa jiran ta'u af-gaaffii maamiltoota, abbootii seeraa mana murtii bulchiinsaa, abbootii seeraa mana murtii idilee waliin taasifameerraa hubachuun ni danda'ama. Af-gaaffii abbootii seeraa mana murtii bulchiinsaa waliin taasifameenis dhimmootni seeraan ala hojiirraa dhorkamuu, addaan cituu waliigaltee hojii, adabbii naamusa cimaa, seeraan ala mindaan ykn kaffaltiin biroo qabamuu, fi miidhaa hojii ilaallatan kan dhiyaachaa jiran ta'uu ibsaniiru.[116] Abbootii Seeraa mana murtiin dabalataan ogeessootni seeraa waajjiraalee mootummaa hojjattoota mootummaarratti tarkaanfiin naamusaa yeroo irratti fudhatamu mana murtii hojjattoota mootummaatti kan ol'iyyatamaa jiru ta'u ibsaniiru.[117] Xiinxala galmee taasifameerraan falmiiwwan ijoowwan armaan oliin wal-qabatan mana murtii bulchiinsaatti dhiyaatanii kan furmaata argachaa jiran ta'uun hubatameera. Fakeenyaaf, falmii himataa Booruu Waldee fi Koomishinii BLTO oromiyaa gidduu tureen himataan murtii koreen naamusaa BLTO oromiyaa murteesseerraa ol'iyyannoon mana murtii hojjattoota mootummaa naannoo oromiyaatti iyyateera.[118]

Kunis, kan agarsiisuu dhimmoota labsii hojjataa mootummaa irratti ifaan kaawwaman mana murtii bulchiinsaan sirnaan keessummaa'aa kan jiranii ta'u isaati. Ta'uus dhimmoota hojjataa mootummaa ilaallatanii fi labsiichaan ifaan hin kennamne raawwachuurratti hanqinni jira. Labsiin hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaa akka labsii hojjattoota mootummaa feedaraalaa dhimmoota mana murtii bulchiinsaan ilaalamuu qaban duguugee kan kaa'e miti. Labsiin

[116] Af-gaaffii Af-gaaffii Silashii Fiqaaduu, Abbaa Seeraa Mana Murtii Hojjattoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa,
[117] Taariku Nagaroo, Ogeessa Seeraa Waajjira Pablik Sarvisii fi Bulchiinsa Gaarii Aanaa Guutoo Giddaa, gaafa 15/06/2009., Gammachuu bantii, Qoondaalaa Naamusaa, Waajjira Pablik Sarvisii fi Bulchiinsa Gaarii Aanaa Guutoo Giddaa, gaafa 15/05/2009,

[118] Booruu Waldee fi Koomishinii BLTO Oromiyaa, Mana Murtii Hojjattoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Lakk. G b-639/08, gaafa 20/03/2005.

feedaraalaa lakk. 515 keewwata 75(5 fi 6) dhimmoota mana murtii bulchiinsaan ilaalaman jechuun dhimmoota labsii naannoo Oromiyaan ibsamaniin dabalata komiiwwan hojjattoota mootummaa koree komiin ilaalamanii murtii argatanii fi ragaalee muuxannoo hojii fi sanadoota hojii gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatee kennaman irratti koomiiwwan ka'an illee ilaaluu akka danda'u ifaan kaa'eera. Iftoomina dhabuu labsii hojjattoota mootummaa naannoo oromiyaa irraa kan ka'e komiiwwan hojjattoota mootummaa ifaan haguuggii seeraa hin argannee haala wal-fakkaataan keessummaa'aa kan hin jirree ta'uu af-gaaffii fi xiinxala galmee taasifameerraa hubachuun ni danda'ama. Kanaaf, seerichi komiiwwan hojjattoota armaan oliitti eeramaniif akka labsii feedaraalaa haguuggii waan hin kennineef haala adda addaa akka keessummaa'an taasiseera. Komiinis qaamolee gara garaa biratti akka dhiyaatu taasiseera. Isaanis:

A. Mana Murtii Hojjattoota Mootummaa Biratti Iyyachuu: Koomiiwwan akkuma dhimmoota ifaan mana murtii bulchiinsaaf kennamaniitti mana murtii bulchiinsaatti iyyachuun. Fakkeenyaaf, galmee tokkoorratti Manni murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaa dhimmoota, ragaa qulqullinaa, muuxannoo hojii nu hin ilaallatu jechuun murteessaa jiru.[119] Dabalataan, af-gaaffii abbootii seeraa mana murtii hojjattoota mootummaa naannoo oromiyaa waliin taasifameen komiiwwan hojjattoota mootummaa waa'ee ragaalee hojii gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatanii, guddina sadarkaa fi dhimmoota labsiicharratti ifaan mana murtii bulchiinsaaf hin kennamne dhimma hojjataa mootummaa ilaallatu ta'uus manni murtii hojjattoota mootummaa keessummeessaa kan hin jirree ta'u ibsaniiru.[120] Kunis manni murtii hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaa dhimmoota hojjattoota mootummaa ifaan hin kennamneef kan keessumeessaa hin jirree ta'u kan agarsiisuu dha. Haata'u malee, dhimmootni akkanaaa seera hojjattoota mootummaa feedaraalaa keessattis ta'e seera hojjattoota mootummaa naannoo biroo keessatti akka falmii hojjattoota mootummaa birootti kan ilaalamanii waan ta'aniif mana murtii hojjattoota mootummaan kan keessummaa'anii dha. Akka naannoo keenyattis seerichi ifaan mana murtii hojjattoota mootummaa aangeessuu baatuus dhimmootni akkanaa dhimmoota hojjattoota mootummaa ilaallatan biroorraa adda waan hin taanee fi manneen murtii idilee dhimmicha akka ilaalan yoo angeeffaman dhimmoota hojjattoota

[119] Fiqrasilaasee Mashashaaf fi Waajjira buulchiinsa godina shawaa bahaa, MMBulchiinsaa Murtii gaafa 3/10/2005 kenne(galmee mana murtii waliigalaa lakk.170058 irraa kan fudhatame)

[120] Af-gaaffii Silashii Fiqaaduu, Abbaa Seeraa Mana Murtii Hojjattoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Ayyahush Tasamaa, Mana Murtii Hojjattoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa.

mootummaa qaama addaan akka ilaalaman jedhaman keessatti firii dubbii keessa gar malee akka seenan karra kan saaqu waan ta'eef manni murtii bulchiinsaa fudhee keessummeessuu dhabuun sirri miti.

B. Manneen Murtii Idileetti Iyyachuu: Bakka tokkoo tokkootti hojjattootni mootummaa dhimmoota ifaan mana murtii hojjattoota mootumaaf hin kennamne mana murtii idleetti yeroo dhiyeessan ni mul'ata. Manneen murtii idilee birattis ilaalchi gama aangoo dhimmoota keessumeessuun jiran Abbootii seeraa jidduutti garaagarummaa kan qabuu dha. Manneen murtii tokko tokko fudhanii keessumeessu fakeenyaaf, falmii *Xajjituu Tufaa fi Waajjira MMD Aanaa Iluu* gidduu tureen himattuun gaaffii guddina sadarkaa qaamolee bulchiinsaa sadarkaa sadarkaa jiran biratti kan dhiyeessite ta'uus furmaata waan dhabdeef mana murtiitti iyyatteerti, manni murtiis kanuma bu'uura gochuun dhimmacha ofiitti fudhachuun ilaalee murtii kenneera.[121] Falmii biroon himattuun sadarka guddinaa waajjirri barnootaan naaf hayyamee kanfaltiin akka naaf raawwatamu Waajjira Maallaqaa Misooma Diinagdeetti naaf barreesus kanfaltii waan naaf raawwatuu dideef akka dirqamee naaf raawwatu jechuun himata ishee mana murtii Aanaa Laga Hidhaatti dhiyeessite. Waajjirri himatamaan manni murtii dhimmicha ilaaluuf aangoo hin qabuu jechuun falmeera. Himattuun gama isheetiin kun hariiroo hojii osoo hin taane falmii maallaqaatii jechuun falmatteetti. Manni murtiis dhimmichi falmii maallaqaa waan ta'eef ilaaluuf aangoo ni qabnaa jechuun maallaqa akka kanfalu murtii kenneerra.[122] Dhimma biroon waajjirri fayyaa waraqaa qulqullinaa hojjataa waajjirichaa tokkoof kennu waan dideef waraqaan qulqullinaa akka kennamuuf hojjatichi mana murtiitti iyyateera manni murtiis akka kennamuuf murteesseera.[123] Hoj-maata manneen murtii kanneen kallatti kaayyoo seera hojjattoota mootummaan yeroo ilaallu seerichi firiin dubbii dhimmoota hojjattoota mootummaa ilaallaatan akka keessummeessan mana murtii hojjattoota mootummaa hundeessee jira. Gama biroon manneen murtii idilee firii dubbii keessa akka hin gallee fi dogoggoora seera duwwaa akka ilaalan tumee jira. Kanaaf, seerichi dhimmoota manneen murtii idleen ilaalaman kanneen akka keessummeessan mana murtii bulchiinsaa ifaan aangeessuu baatuus, kaayyoo labsii hojjattoota mootummaa waliin yeroo ilaallu manni

[121] Xajjituu Tufaa fi Waajjira MMD Aanaa Iluu, MM Aanaa Iluu, lakk.G. 38743, gaafa 13/04/2009.
[122] Aadde Wosanee vs Waajjira Maallaqa fi Misooma Diinagdee Aanaa laga hidhaa lakk.galmee Mana murtii ol'aanaa
[123] Falmii Abdii Xaayir fi Buufata Fayyaa Aanaa Qarsaa, Mana Murti Aanaa Magaalaa Jimmaa, Lakk.G.26844, gaafa 19/04/2009.

murtii idlee firii dubbii dhimmoota hojjattoota mootummaa ilaallatan akka hin keessummeessine kan daangeeffame ta'u hubachuun ni danda'ama. Kanaaf, manneen murtii fudhanii keessummeessuun isaanii hoj-maata sirri miti.

Manneen Murtii tokko tokko biratti dhimmootni ifaan mana murtii bulchiinsaaf hin kennaman yeroo dhiyaatan aangoo hin qabnu jechuun keessummeessuu yeroo didan ni mul'ata. Fakkeenyaaf, dhimma waraqaa qulqullinaa ilaallatu mana murtii idileetti kan dhiyaate yoo ta'u manni murtii aangoo hin qabu jechuun dhimmicha cufeera.[124] Keessattu manneen murtii olaanaa manneen murtii aanaa dhimmoota hojjattoota mootummaa ilaallatan yeroo fudhanii keessummeessan dhimmoota mana murtii idileen keessummaa'an akka hin taane ibsuun yeroo galmee cufan ni mul'ata.[125] Hoj-maatni akkanaa bu'uura xiinxala armaan oliitiin sirri akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Sababni isaa manni murtii hojjattoota mootummaa hundeeffamuun isaanii manni murtii idlee firii dubbii keessa akka hin seenne kan daangeessu waan ta'eefi dha.

Af-gaaffii abbootii seeraa manneen murtii Oromiyaa sadarkaa adda addaa fi godinaalee gargararraa keessa jiran waliin taasifameen koomiiwwan hojjattoota mootummaa waa'ee guddina sadarkaa, mindaa fi ragaalee muuxannoo fi kkf mana murtiin yeroo baay'ee keessummaa'aa akka hin jirree ibsaniiru.[126] Haata'u malee, darbee darbee manneen murtiin aanaa tokko tokko dhimmoota kana ofiitti fudhachuun murtii kan kennan ta'uu fi manneen murtii olaanaa kan diigan ta'u af-gaaffii taasifameerraa hubachuun danda'ameera.[127]

C. Waajjira Abbaa Gaar Biratti Iyyachuu: Dhimmoota hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaa ilaallatanii fi ifaan mana murtii hojjattoota mootummaaf hin kennamne manni murtii bulchiinsaas ta'e manni murtii idilee keessumeessuu yoo didan waajjira abbaa gaariitti yeroo iyyatamu jira. Fakkeenyaaf, Xalayaa lakk.037/h9-h6/47/6 gaafa 06/08/2002

[124] Fiqaadasilaasee Mashashaaf fi Waajjira buulchiinsa godina shawaa bahaa, MM Aanaa Adaamaa, lakk. G, 59886, gaafa, 27/11/2004.
[125] Aadde Wosanee vs Waajjira Maallaqa fi Misooma Diinagdee Aanaa laga hidhaa lakk.galmee Mana murtii ol'aanaa
[126] Geetuu Maammoo, Preezidaantii MM Aanaa Guutoo Giddaa, gaafa 16/05/2009, Taaddalach Yaadasaa, B/B itti gaafatamtu G/Sh/K/Lixaa, gaafa 14/6/2009., Tasfaayee Dajanee, Preezidaantii MM A Kuyyuu, gaafa 30/05/2009. Fi kkf.
[127] Jaabir Huseen, B/b prezidaantii MMO Haargee Bahaa, gaafa 07/06/2009., Taaddalach Yaadasaa, B/B itti gaafatamtu G/Sh/K/Lixaa, gaafa 14/6/2009.,

waajjira abbaa gaar Feedaraalaa itoophiyaatiin barreeffameen iyyataan hojjataa mootummaa waajjira bulchiinsa Godina Shawaa Bahaa yoo ta'u muuxannoon hojii isaaf kenname ulaagaa seeraa kan guutee waan hin taaneef muuxannoo hojii mindaa, yeroo tajaajila, sadarkaa fi kkf ibsuu akka kennamuuf gaafateera. Wajjirri Abbaa gaar feedaraalaas xalayaa Bulchiinsa Godina Shawaa Bahaaf barreessen iyyataaf ragaa ulaagaalee armaan oliitti ibsaman guute akka kennuuf yaada murtii dhiyeesseera.[128]

D. Mana Murtii Waliigala Feedaraalatti Ajaja Addaa Akka Kennu Iyyachuu: Akkuma af-gaaffii fi xiinxala galmeerraa hubatameen dhimmoota hojjattoota mootummaa ilaallatanii fi aangoo isaa ifaan mana murtii hojjattoota mootummaa naannoo oromiyaaf hin kennamne mana murtii idilee biras ta'e mana murtii hojjattoota mootummaa biratti aangoo hin qabnu jechuun cuufamaa akka jiran hubatameera. Kanaaf, hojjattootni yeroo furmaata dhaban mana murtii waliigala feedaraalaaf bu'uura labsii 25/88 keewwata 35(2) mana murtii hojjattoota mootummaa akka ajajuuf yeroo gaafatan ni mul'ata. Manni murtii waliigala feedaraalaas manni murtii hojjattoota mootummaa koomiiwwan hojjataa mootummaa muuxannoo fi waraqaa qulqullinaa waliin wal-qabatan akka keessummeessan yeroo ajaju ni mul'ata.[129] Haata'u ti, kaayyoo labsii 25/88 keewwata 35(2) yeroo ilaallu raawwatiinsa kan qabaatu yeroo waliitti bu'iinsa seeraa naannoolee lama gidduutti uumamu dha. Jechuun yeroo manneen murtii naannoolee lama keessa jiran dhimma tokko ilaalan ykn ilaaluu didanii dha malee dhimmoota waliitti bu'iinsa seeraa/conflict of laws/ hin qabneef kan raawwatinsa qabu miti. Kanaaf, ajajni mana murtii waliigala feedaraalaa kenne kaayyoo keewwaticha faana kan deemu waan hin taaneef sirri miti.

Akka waliigalaatti labsiin hoojjattoota mootummaa Oromiyaa akka labsii feedaraalaa aangoon mana murtii hojjattoota mootummaa naannoo oromiyaa ifaan kan kaa'e waan hin taaneef koomiiwwan waa'ee guddina sadarkaa fi mindaa, muuxannoo hojii fi ragaalee hojii gad-lakkisiisuu waliin wal-qabatan haala wal-fakkaataan keessummaa'aa hin jiran. Darbees, manni murtii hojjattoota mootummas ta'an manni murtii idilee aangoo hin qabnu jechuun dhimmoota kana kufaa taasisaa jiru. Kunis mirga hojjattoota mootummaa dhimmoota murtii abbaa seerummaa

[128] Xalayaa obbo Fiqaaduu Silaasee Mashashaaf barreeffame.2
[129] Fiqirasilaasee Mashashaa fi Waajjira buulchiinsa godina shawaa bahaa, MM Waliigala Feedaraalaa Lakk. G, 87369, gaafa 27/7/2005.

argachuu qaban mana murtii idlee biratti ykn qaama biroo aangoo abbaa seerummaa qabu biratti dhiyeessuu danda'u jedhu waliin kan wal-faalleessuu dha.

4.1.1.3. Adeemsa Kenninsa Murtii, Si'oominaa fi Dhaqqabamummaa Mana Murtichaa

Akkuma boqonnaa darbe keessatti ibsameen manneen murtii bulchiinsaa adeemsa idilee ykn al-idilee ta'e hordoofuun dhimmoota ogummaa addaa barbaadanii baasii xiqqaan murtii haqa qabeessa ta'e akka kennan kan isaan dandeessisu dha.[130] Akkuma dambii hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaa lakk. 65/95 keewwata 28 jalatti tumameen kaayyoon guddaa adeemsa keessummeessa komii hojjattoota mootummaa tumuun kan barbaachiseef murtii si'ataa, haqa qabeessa fi garee wal-falmiitootaaf carraa wal-qixa laate akka kennamuu fi dha. Kanaaf, kutaa kana jalatti manni murtii hojjattoota mootummaa yeroo murtee kennan adeemsa seeraan taa'e hangam hordofaa akka jiran, si'oominni isaanii maal akka fakkatuu fi rakkoolee qabatamoo kanaan wal-qabatanii jiran akka kanaa gadiitti xiinxalamniiru. Dura adeemsa kenninsa murtii haa ilaallu.

4.1.1.3.1. Adeemsa Kenninsa Murtii

Murtiin bulchiinsa yeroo kennamu adeemsii keessa darbame kennamu jiraachuun dirqama akka ta'e boqonnaa darbe keessatti ibsameera. Adeemsi hordofamuus adeemsa idilaawaa kan mana murtiin walitti dhiyatu ykn adeemsa salphaa dhimmoota muraasa qofa hammatu (al-idilaaawaa) keessa darbuun murtii kennuu danda'u. Adeemsa al-idilaawaa yeroo jedhamu yoo xiqqaate mirgoota bu'uura dhimma ittiin himataman beekuu fi mirga dhagahamu (Due process of law) akka kabajan kan taasisan ta'u danda'u. Kallattii kanaan adeemsa mana murtii hojjattoota mootummaan hordofamu yoo ilaallu. Labsiin 61/94 keewwata 70(1) jalatti manni murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaa falmii dhagahanii fi murtii kennan akka hundeeffamu danda'an kaa'eera. Dambiin 36/96 akkaataa falmiin kun dhagahamu haala gad-fageenyummaa qabuun keewwata 37-50 tumeera. Kunis, adeemsi mana murtii hojjattoota mootummaan hordofamu akkuma mana murtii idlee himannaa fi deebii dhiyeessuu, falmii gaggeessuu, ragaalee bitaa fi mirgaa dhagahuu, ragaalee haala kanaan dhiyaatan seera waliin xiinxaluun murtaa'u akka qabu teechiseera. Kun immoo manni murtii hojjattoota mootummaa adeemsa idilee wal fakkaatu kan hordofan ta'u agaarsiisa.

[130] HM courts and Tribunal Service, The Administrative Court Judicial Review 2016, p=10.

Kallattii kanaan qabatamaan adeemsi kenninsi murtii mana murtii hojjattoota mootummaa bira jiru maal akka fakkaatu madaaluuf daataan bifa af-gaaffiinii fi xiinxala galmeen waliitti qabameera. Gaaffii *adeemsi kenninsa murtii mana murtii hojjattoota mootummaa bira jiru maal fakkaata?* Jedhu abbootii seeraa mana murtii hojjattoota mootummaa, abbootii seeraa dhimmoota hojjattoota mootummaa keessa deebiin ilaalanii fi maamiltoota isaaniif kan dhiyaate yoo ta'u, qaamoleen gaafataman kunnneen adeemsi mana murtii bulchiinsaatti hordofamu adeemsa mana murtii idileen wal-fakkaataa akka ta'e ibsaniiru. Kunis, yeroo himannaan himataa dhiyaatu himatamaaf akka deebii irratti kennu kennamaaf, erga deebiin himatamaa dhiyaate booda falmiin afaanii ni gaggeeffama sana booda ragaawwan koree naamusaa biratti dhagahaman, himannaa fi deebii xiinxaluun murtiin kan kennamu ta'u maamiltootni mana murtii ibsaniiru.[131] Dabalataan, af-gaaffii abbootii seeraa mana murtichaa fi abbootii seeraa mana murtii idilee waliin taasifameen adeemsi himannaa fi deebii, falmii, murtii bu'uura seeraa qabu kennu jedhan kun qabatamaan kan raawwataman ta'u ibsameera.[132] Xiinxala galmee taasifameenis adeemsaalee dambii hojjattoota mootummaa jalatti manni murtichaa hordofu qaba jedhamani tarreeffaman kan akka himannaa fi deebii, deebii deebii falmii afaanii fi murtii bu'uura seeraa qabu kennu jedhu hojiirra olanii jiru.[133] Kanaaf, akka waliigalaatti manni murtii hojjattoota mootummaa adeemsa labsii fi dambii hojjatoota mootummaarratti taa'e hordofu irratti haalli jiru gaarii ta'uu af-gaaffii fi xiinxala galmee taasifameerraa hubachuun ni danda'ama.

Haata'u malee, adeemsaalee dambii hojjattoota mootummaa keessatti ibsaman adeemsaalee manneen murtii bulchiinsaa biyyoota biroo keessatti hordofamuu fi adeemsaalee dambii naannoo biroo keessatti kaawwame waliin yeroo madaalamu adeemsaalee si'oomina mana murtichaarra dhiibbaa geessisuu danda'anii fi adeemsichi gar-malee akka dheeratu taasisan of keessatti hammateera. Akkuma boqonnaa darbe keessatti ibsameen manneen murtii bulchiinsaa hedduun isaan adeemsa al-idilaawaa ta'e ykn adeemsa mana murtii idleerraa gabaabaa ta'e akka hordofan

[131] Taariku nagaroo, Ogeessa Seeraa Waajjira Pablik Sarvisii fi Bulchiinsa Gaarii Aanaa Guutoo Giddaa, gaafa 15/06/2009

[132] Ayyahush Tasamaa, Mana Murtii Hojjattoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa.

[133] Fakkeenyaaf, galmeewwan Amaan hajii fi W/T/Bishaan Dhuugaatii Magaalaa Heexoosaa, MM Buulchiinsaa Hoojjattoota Mootummaa Naannoo oromiyaa, Lak. G 564/07, gaafa 23/10/2007, Silashii Tashoomaa fi Waajjira Buulchiinsa Magaalaa Baatuu, MM Buulchiinsaa Hoojjattoota Mootummaa Naannoo oromiyaa, Lak. G 581/0, gaafa 03/10/2007, Gammachiis tashoomaa fi Waajjira Barnoota A/yubdoo, MM Buulchiinsaa Hoojjattoota Mootummaa Naannoo oromiyaa, Lak. G 590/07, gaafa 02/10/2007, murtii argatan biroo keessatti manni murtiichaa himannaa himataa erga fudhatee booda deebii barreeffamaa kan fuudhuu, sana booda himataan deebii akka dhiyeessuu taasisuun falmii kan gaggeessuu ta'uu; falmiin erga taasifame booda ragaalee galmee keessa jiruu fi falmii taasifame madaaluun murtii kan kennan ta'uu hubachuun ni danda'ama.

ilaalleera. Yeroo ammaa kana adeemsi deebii deebii haala idileen manneen murtii keessattillee kan hafaa jiru ta'u yeroo ilaallu adeemsi deebii deebii jedhu seericha keessatti hammatamuun isaa adeemsa mana murtii idileerraa dheeratu mana murtii hojjattoota mootummaa keessatti akka jiraatu kan taasisu waan ta'eef kaayyoo waliigalaa adeemsa mana murtii bulchiinsaaf kaa'u jedhu waliin hin deemu. Dabalataan, dambii naannoolee biroo fakkeenyaaf, dambii hojjattoota mootummaa naannoo Amaaraa lakk.75/2003 yeroo ilaallu adeemsi deebii deebii jedhu hammatamee hin jiru. Kanaaf, manneen murtii bulchiinsaa adeemsa gabaabaa hordofu kan qaban waan ta'iin adeemsa deebii deebii jedhu dambii keessatti hammatamuun isaa barbaachisaa miti.

4.1.1.3.2. Si'oomina Mana Murtii Hojjattoota Mootummaa

Akkuma armaan oliitti ibsame manni murtii hojjattoota mootummaa kan barbaachiseef dhimmootaaf haala si'oomina qabuun murtii kennuuf kaayyeeffatee ti. Bu'uura kanaan si'oominni mana murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaa maal akka fakkaatu baruuf daataan bifa xiinxala galmeenii fi af-gaaffiin qaamolee adda addaarraa fudhatameera. Galmeewwan mana murtii bulchiinsaa kunis mala iddattoo tasaa /randomly/ galmeewwan waggaa tokkootti mana murtichaan ilaalamuun murtii argachuu danda'an naannoo 120[134] ta'an keessaa galmeewwan 32 fudhachuun kan gaggeeffame dha. Xiinxalli galmee taasifame akka kanaa gadiitti gabateen ibsameera.

Gabatee yeroo tumaata galmee mana murtii hoojjattoota mootumaa naannoo oromiyaa agarsiisuu

Lakk	Yeroo turmaata galmee				
1	Ji'a 3 gad	Ji'a 3-6	Ji'a 6 – waggaa 1	Waggaa 1 ol	Baay'ina galmee waliigala ilaalame
2	0	8(25%)	15(46.88%)	9(28.12%)	32

[134] Af-gaaffii Obbo Silashii Fiqaaduu fi abbootii seeraa mana murtiichaa biroo waliin taasifameen manni murtichaa waggaatti galmee naannoo 120 ta'aniif murtii akka kennu ibsaniiru.

Dambiin hojjattoota mootummaas ta'e seerri biroo murtiin mana murtii hojjattoota mootummaa daangaa yeroo hanagamii keessatti kennamu akka qabu tumuu baatuus akkuma boqonnaa darbe keessatti ibsameen manneen murtii bulchiinsaa murtii isaanii daangaa yeroo mana murtii idileeti gad-ta'e keessatti murtii kennuun isaanirraa eegama. Sababiin isaan kaayyoo itti hundeeffaman keessaa tokko murtii yeroo gabaabaa keessatti akka kennaniif waan ta'eefi dha. Bu'uura qorannoo JBAH tiin manneen murtii idilee murtii isaanii yoo haala addaan kaa'ame malee daangaa yeroo ji'a sadii keessatti kennuu akka qaban kaa'eera.[135] Kanaaf, manni murtii hojjattoota mootummaa murtii isaanii daangaa yeroo mana murtii idileetiin (ji'a 3) ykn Sanaa gad ta'een murtii kennuun isaanirraa eegama. Haata'u malee, akkuma gabatee armaan olii irraa hubachuun danda'amuutti galmeewwan 32 keessaa galmeen daangaa ji'a sadii gidduutti murtii argate hin jiru. Gama biroon galmeewwan 8(25%) ji'a 3-6 gidduutti yoo murtii argatan, galmeewwan 15(46.88%) ji'a jahaa fi waggaa tokko gidduutti murtii argataniiru, galmeewwan 9(28.12%) ammoo murtii argachuuf waggaa tokko caala fudhataniiru. Amaloota manneen murtii bulchiinsaa keessaa tokko murtii yeroo gabaabaa keessatti kenuu dha. Haata'u malee akkuma armaan oliitti ibsameen manni murtii hojjattoota mootummaa murtii yeroo gabaabaa keessatti kennuurratti hanqina cimaa kan qabu ta'u xiinxala kanarraa kan hubannu ta'a.

Af-gaaffii maamiltoota fi qaamolee dhimmichi isaan ilaallatu (abbootii seeraa mana murtii bulchiisaa fi maamiltoota) waliin taasifameerraa akka hubatamuutti dhimmootni yeroo gabaabaa keessatti murtii argachaa akka hin jirree hubatameera. Akka sababaatti waantoota ka'an himataan hojjataa mootummaa iddoo fagoorraa dhufe yeroo ta'u maallaqa itti deeddebi'uu falmu waan hin qabneef beellamni akka dheeratuuf waan gaafatuufi dha.[136] Kanarraa kan hubatamu sababoota maamiltoota mana murticharraa maddee fi sababoota biroorraa kan ka'e murtiin yeroo gabaabaa keessatti akka hin keennamne taasiseera.

4.1.1.3.3. Dhaqqabamummaa Mana Murtichaa

Mirgi haqa argachuu lammilee akka mirkanaa'uuf manneen murtii bulchiinsaa aangoo abbaa seerummaa mana murtii idileerraa fudhatan akkuma mana murtii idileetti dhaqqabamaa ta'u qabu.

[135] *Qorannoo Jijjiirama Bu'uura Adeemsa Hojii Manneen Murtii Oromiyaa Karoora Manneen Murtii Oromiyaa Bara 2002 keessatti ibsame.*

[136] Af-gaaffii Silashii Fiqaaduu, Abbaa Seeraa Mana Murtii Hojjattoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Taariku nagaroo, Ogeessa Seeraa Waajjira Pablik Sarvisii fi Bulchiinsa Gaarii Aanaa Guutoo Giddaa, gaafa 15/06/2009

Akkuma boqonnaa darbe keessatti ibsameen dhaqqabamummaan yaadota bal'aa fi ijoowwan heddu of keessatti kan hammatu ta'uus qorannoo kanaaf dhaqqabamummaan akkuma seerota hojjattoota naannoo biroo keessatti tumamee jiruun abbootii dhimmaatti itti siqeenyaan tajaajila kennu jedhu bu'uura taasisuun kan gaggeeffame dha. Kanaaf, seerotni hojjataa mootummaa naannoo biroo manneen murtii hojjattoota mootummaa iddoo garagaraatti hundeeffamuu akka danda'an kaa'aniiru. Kallattii kanaan dhaqqabamummaa mana murtii Hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaa yeroo ilaallu manni murtichaa magaalaa finfinnee keessatti duwwaa kan argamu dha.

Af-gaaffii taasifamenis manni murtichaa magaalaa finfinnee keessa duwwaa jiraachuun isaa mirga ol'iyyannoo hojjattootaa kan dhiphise ta'uu hubatameera. Ogeessotni tarkaanfiin naamusaa irratti fudhatame fageenya mana murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaa naannoo oromiyaa irraa kan ka'ee komii isaanii dhiyeefachuu kan dadhaban ta'u af-gaaffii qaama adda addaa waliin taasifameerraa hubachuun ni danda'ama.[137] Kana malees, af-gaaffii taasifameen sababa manni murtii hojjattoota mootummaa finfinnee duwwaatti argamuuf hojjattootni tarkaanfiin naamusa cimaa kan akka hojiirraa gaggeeffamu yoo isaan irratti fudhatame malee tarkaanfiwwan xixiqqoof yoo murtii koreetti amanuu baatanillee baasii isaa sodachuun kan ol'iyyachuu dhiisan ta'uu ibsaniiru.[138]

Manni murtichaa finfinnee keessa duwwaa ta'uun isaa hojjattootni mootummaa komii isaanii haala salphaanii fi baasii xiqqaan akka dhiyeessan kan hin haayyamne waan ta'eef mirga haqa argachuu lammilee irrattillee dhiibbaa kan uumuu dha. Kunis, Seerri hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaa akka seera naannoo biroo mana murtiichaa haala dhaqqabamaa ta'een waan hin hundeessineef mirga haqa argachuu lammileerratti dhiibbaa geessisaa kan jiru ta'u isaa ti.

4.1.1.4. Qulqullina Murtii Mana Murtichaa

Qaamni tajaajila abbaa seerummaa kennu kamiyyuu murtii qulqullina qabu kennu akka qabu ifa gala dha. Kunis, manni murtii hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaa murtii qulqullina qabu

[137] Jaabir Huseen, B/b prezidaantii MMO Harargee Bahaa, gaafa 07/06/2009. Shaamee Abdoosh, Itti/Gaafatamaa Waajjira Pablik Sarvisii fi Bulchiinsa Qabeenya Humana Namaa Magaalaa Baabbilee, gaafa 09/06/2009, Masarat Shifarraawu, itti Aantu Waajjira Pablik Sarvisii fi Bulchiinsa Gaarii Magaalaa Baabbilee, gaafa 09/06/2009, Aagituu kabbada, Ogeessa Sagantaa Fooyya'insa Sirna Haqaa Waajjira Waajjira Pablik Sarvisii fi Bulchiinsa Gaarii Aanaa Guutoo Gidaa, gaafa 15/06/2009.

[138] Aagituu Kabbada, Ogeessa Sagantaa Fooyya'insa Sirna Haqaa Waajjira Pabliik Sarviisuu Aanaa Guutoo Giddaa, gaafa 15/05/2009.

kennuu akka qabu kan agarsiisuu dha. Barreeffamootni akka agarsiisaniitti qulqullini murtii ulaagaalee gurguddoo lama: foormii fi qabiyyee murtiin madaalamu danda'u.[139] Foormii murtii yeroo jedhamu murtiin sun ulaagaalee seerota adeemsaa isaanii keessatti tumaman kan akka seensa, firii dubbii, xiinxala fi ajaja (decision) kan qabu ta'u isaa akka waliigalaatti kan itti madaalamu dha.[140] Qabiyyee murtii jalatti kutaaleen murtii arfan armaan oliitti ibsaman kunneen ulaagaalee kutaaleen kunneen hammachuu qabu jedhame seerota bu'uuraa fi adeemsaa jalatti tumaman hammachuuf dhiisuu isaa kan ittiin madaalamu dha.

Kallatti kanaan murtiiwwan mana murtii hojjattoota mootummaan kennaman yeroo madaallu galmeewwan iddattoon filataman baay'een isaanii kutaalee murtii armaan oliitti ibsaman kan of keessatti qabanii dha. Jechuun seensa qabu seensa keessattis dhufaatii dhimmichaa kan ibsanii dha. Firii dubbii bitaa fi mirgaa kan kaa'anii dha. Haata'u malee murteewwan tokko tokko firii dubbii bitaa fi mirgaa haala gabaabaa ta'een kaa'u irratti hanqina qabu. Galmeewwan iddattoon ilaalaman baay'een isaanii ijoo dubbii kan qabatanii fi firii dubbii seera waliin kan xiinxalanii dha. Ajajni kennamus ifa akka ta'e xiinxala galmeerraa hubachuun danda'ameera. Kanaaf, akka waliigalaatti bu'aan xiinxala galmeerraa argame akka agarsiisuutti murtiin mana murtii hojjattoota mootummaa ulaagaalee murtii guutuu irratti gaarii akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Af-gaaffii taasifameenis murtiin mana murtichaa ulaagalee kanneen kan qabu ta'u maamiltootaan ibsameera.[141] Akka waliigalaati xiinxala taasifameen manni murtii hojjattoota mootummaa manneen murtii bulchiinsaa biroo waliin wal-bira qabaan yeroo ilaalamu murtii qulqullina qabu kennuurratti haala gaariirra jira.

Haata'u malee, murtii sirnaan ibsuurratti hanqinni akka jiruu fi sababa kanaan yeroon ol'iyyannoo abbootii dhimmaa darbuun haayyamsisaan ol'iyyannoo mana murtiitti kan dhiyeessan ta'u af-gaaffii taasifameen hubatameera.[142] Kanaaf, akka waliigalaa manni murtii hojjattoota mootummaa manneen murtii bulchiinsaa biroorraa kallattii qulqullinaan haala gaarirra kan jiru ta'uus hanqinaalee armaan oliitti ibsaman kan qabu dha.

[139] Vineta Skejuniece,The Quality of Court Judgement, F.12.
[140] Vineta Skejuniece,The Quality of Court Judgement, F.12.
[141] Af-gaaffii Simee Tolaa, Ogeessa Sagantaa Fooyya'insa Sirna Haqaa Aanaa Kuyyuu, gaafa 30/05/2009.
[142] Abbaba Jootee, abbaa Seeraa Mana murtii Waliigala Dhaddacha lixaa

4.1.2. Gurmaa'insaa, Aangoo, Adeemsa Kenninsa Murtii, Si'oominaa fi Qulqullina Murtii Boordii Ol'iyyannoo Gibiraaf Taaksii

Boqonnaa darbee keeessatti maalummaa, aangoo, fi gurmaa'insi boordii ol'iyyannoo gibiraaf taaksii labsiiwwan taaksii gargaraa keessatti akkaataa bocamee jiruu ibsameera. Qabatamaan boordiin kun akka naannoo Oromiyaa falaasama mana murtii bulchiinsaa fudhatamummaa qabanii, labsiiwwan gibiraaf taaksii waliin hangama akka deemuu baruuf daataa bifa af-gaaffii (hoggantoota abbaa taayitaa galiiwwan, abbootii alangaa abbaa taayitaa galiiwwan sadarkaa adda addarraa jiran, miseensoota boordii, abbootii seeraa mana murtii idileerraa) waliitti qabameera darbees xiinxalli galmee taasifameera. Xiinxala taasifameen bu'aan argame akka kanaa gadiitti tokko tokkoon ibsameera.

4.1.2.1. Gurmaa'insa Boordii Ol'iyyannoo Gibiraa fi Taaksii

Gurmaa'insi boordii taaksii fi gibiraa naannoo keenya labsii tanaan dura hojii irraa ture lakk.134/2000 keessatti miseensoonni boordii eessa irraa akka walitti bahuu qaban waajjiraalee maqaan tarreessee ibsee jira. Walitti qabaan bulchaa ykn kaantibaa sadarkaa sadarkaan jiruun kan bakka bu'u akka ta'e kaa'ee jira. Seeraan namoonni miseensa boordii akka ta'an ibsaman sababa waajjirri irraa dhufan miseensa boordii ta'eef kan hirmaatan malee waa'ee ogummaa ykn beekumsa dhimmicha irratti qabaniin akka hirmaatan kan taasifaman akka hin taane ogeeyyiin af-gaafiin waliin taasifame ni ibsu.[143] Akkuma armaan oliitti kutaa hog-barruu keessatti ibsame kaayyoon guddaan manneen murtii bulchiinsa dhimmoota ogummaa addaa barbaadan ogummaan ilaalamanii akka murta'an gochuu dha. Gama kanaan gurma'insi ture baay'ee dadhabaa akka ta'ee kaasuun ni danda'ama. Kanarraa kan ka'e dhimmoota kallatti ogummaatiin ilaaluu irra malaan murteessuun akka mul'atu ogeeyyiin ni ibsu.[144] Kana malees gurmaa'insa Boordichaa irratti hoj-maatni qabatamaan jiru kan iddoo hundatti wal-fakkaata jedhamu akka hin taanee dha. Jecha

[143] Af-gaafii Aabbuu Siraaj A/Alangaa Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaalaa Shashamannee waliin gaafa guyyaa 19/05/09 taasifame

[144] Af-gaafii obboo Girmaa Urgee I/G Waajjira Bulchiinsa GAONF fi walitti qaba Boordii Ol'iyyannoo Gibiraa fi taaksii waliin gaafa guyyaa 21/06/09 taasifame

biraatiin lakkoofsi miseensootaas iddoo iddotti garaagarummaa kan qabu dha.[145]Fakkeenyaaf, miseensoota boordii gibiraa Godina wallaga bahaa keessaa tokko ogeessa seeraa waajjira bulchiinsaa ti. Abbaan alangaa Godinaa keessa hin jiru, miseensoonni boordii akka waliigalatti namoota torba dha.[146] Gama biraatiin miseensoonni boordii hoggantoota seektaraa waan ta'aniif hojii idilee isaaniitiin qabamanii dhimma taaksii fi gibiraatiif xiyyeefannoo barbaachisaa kennuu dhabuun ni mul'ata.[147] Kana malees Boordii keessatti Abbaan Taayitaa miseensa ta'uun isaa murtii Boordii keessatti dhiibbaa ol'aanaa kan qabuu dha. Sababbiin isaas murtii komatame erga kenneen booda komii dhagahuu irrattis hirmaachuun isaa bilisumma irraatti dhiibbaa guddaa kan uumu dha.[148] Daataa bifa af-gaaffiin waliitti qabameen dabalataan daataan xiinxala galmeerraa argamees rakkoon gurmaa'insa adda addaa murtii boordii ol'iyyannoo gibiraaf taaksiin kennamu bira akka jiru hubatameera. Fakkeenyaaf, falmii *Tansuu Araggaa fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaalaa Fiichee*[149] gidduu tureen boordiin oliyyannoo gibiraaf taaksii bakka bu'aa daldalaa kan of-keessatti hin qabne waan ta'eef murtiin boordii akka haqamuuf mana murtiitti iyyateera. Manni murtiis sababa kanaafii biroo ilaalacha keessa galchuun murtichi akka haqamu murteesseera. Haa ta'uu malee, rakkoon gama miseensummaa Boordii Abbaa Taayitaachaan wal-qabatee ture labsii bulchiinsa taaksii mootummaa naannoo Oromiyaa lakk.203/2009 keessatti Abbaan Taayitaa miseensummaa keessaa akka bahu taasisee jira waan ta'eef rakkoon gama kanaan ture furmaata kan argatee jiruudha.

Haata'u malee, ammallee rakkoon gurmaa'insaa guutummaan guututti hiikameera jechuun hin danda'amu. Gama gurma'insaatiin muuxannoo mootummaa feedaraalaa yammuu ilaallu miseensoonni boordii ol'iyyannoo taaksii fi gibiraa labsiin 983/2008 bahuun dura ministeera haqaa keessatti akka adeemsaatti ta'ee miseensoota mana mare daldaltoota, abba taayitaa irraa, ministera haqaa irraa walitti bahan kan qabu akka ture ilaalleera. Haa ta'uu malee, hoj-maata kanaan rakkoo itti gaafatamumaa, dhimmoota ogummaan ilaaluun murteessuun dhabuun, hojichaaf xiyyeefannoo

[145] Af-gaafii Maskaram Margaa, Itti/ga/Abbaa taayitaa galii Magaalaa Fichee, gaafa 29/05/2009, Jaalannee bantii, hooggantuu Hooggantuu Waajjira Galii Aanaa Jimmaa Arjoo, gaafa 17/05/2009, Aabbuu Siraaj A/Alangaa Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaalaa Shashamannee waliin gaafa guyyaa 19/05/09 taasifame

[146] Af-gaafii Adaana Biraasaa, Expartii Seeraa, Wajjira Bulchiinsa Godina Wallaga Bahaa, gaafa 16/05/2009.

[147] Af-gaafii obboo Darrasaa Raggaasaa A/Alangaa Abbaa Taayitaa Galiiwwaan GAONF waliin gaafa guyya 21/06/09, Sa'id Khaliifaa Qondaala Naamusaa.Abbaa Taayitaa galiiwwan jimmaatti qondaala naamusaa waliin gaafa guyya

[148] Af-gaafii obboo Girmaa Urgee I/G Waajjira Bulchiinsa GAONF fi walitti qaba Boordii Ol'iyyannoo Gibiraa fi taaksii waliin gaafa guyyaa 21/06/09 taasifame

[149] Ol'iyyataan Tansuu Araggaa fi Waajjira Galii Bulchiinsa Magaalaa Fichee. Lakk.G, 52037, gaafa 15/07/2008 murtii argatee.

barbaachisaa kennuu dhabuun waan uumameef boordicha of-danda'ee akka koomishiniitti seeraan akka hunda'u akkasumas itti yaamamni isaa muummicha ministeeraaf ta'ee akka hunda'u labsamee jira. Haaluma wal-fakkaatuun sadarka mootummaa naannoottis miseensoonni boordii akka tanaan duraa seektaroota muraasa seeraan ibsaman qofa irraa kan walitti bahan osoo hin taane namoota ogummaa fi muuxannoo dhimma taaksii qaban ta'uu akka qaban labsii bulchiinsa taaksii lakk.203/2009 keessatti tumamee jira. Kallattii ogummaatiin rakkoo ture labsii haaraan furmaata argateera. Haata'u malee, rakkoon gurmaa'insa duraan turan hundi labsii kanaan furmaata kan argatan miti. Ammallee, boordiicha akka qaama addaa of dandeetti hundeessuu dhabuunii fi sirna itti gaafatmummaa ifa ta'e diriirsuu dhabuun dhimmoota akka hanqinaatti ilaalamanii dha.

4.1.2.2. Aangoo Boordii Ol'iyyannoo Gibiraa fi Taaksii

Aangoo Boordii ol'iyyannoo taaksii fi gibiraatiin wal-qabatee Boordiin dhimmoota koree komii abbaa taayitaa galiiwwaniin ilaalamanii murtii argatan ol'iyyannoon ilaalee murteessuu akka danda'u labsii 74/95 fi fooyya'iinsa isaa labsii lakk. 134/2000 keessatti caqasamee jira. Dabalataanis labsii bulchiinsa taaksii mootummaa naannoo Oromiyaa lakk.203/2009 kwt 92 jalatti Ol'iyyatni dhiyaate shallaggii taaksii ykn murtii biroo ol'iyyannoo irratti dhiyaatu kan ilaallatu yoo ta'e, Boordichi shallaggii taaksii murtaa'ee cimsuu, hir'isuu ykn akkaataa birootiin fooyyessuu ykn bu'uura qajeelfama kennuutiin irra deebi'ee akka ilaaluuf Abbaa Taayitichaatiif deebisuu akka danda'u tumee jira. Haa ta'u malee qabatamaan dhimmoota boordiif dhiyaatan tokko tokko keessatti moormiin aangoo yammuu ka'an ni mul'ata. Fkn *dhimma Assagid Gooshuu fi Abbaa taayitaa Galiiwwan Magaalaa Fichee* jidduu ture irratti ol'iyyaataan hirrifamni dullumaa dhibbeenta shan akka qabamuuf boordii magaalaa Ficheetti kan iyyate yoo ta'u abbaan taayitaa galiiwwan magaalaa fichee boordiin dhimma akkanaa ilaaluuf aangoo hin qabu jechuun mormii sadarkaa duraa dhiyeessaniiru. Boordiinis komii kaffalaa gibiraa adeemsa seeraa guute kamuu keessummeessuu akka danda'u ibsuun dhimmicha fudhuun keessummeesseera.

Dabalataanis iddoowwan tokko tokkotti boordiin adabbii bulchiinsa fi dhala baankii irratti komii ilaalee murteessuuf aangoo hin qabuu falmiin jedhu ogeyyii abbaa taayitaa galiiwwanii biratti yeroo ka'u ni mul'ata. Gama kanaan adabbiin bulchiinsa akkaataan ittiin ka'u qajeelfama mataa isaa kan qabu waan ta'eef boordiif dhiyaatee kan ilaalamu danda'uu miti yaada jedhu kaasu. Qabataamanis dhimmoonni akkanaa boordiif dhiyaatanii mormii sadaraka duraa irratti ka'ee boordiiniis abbaan taayitaa furmaata akka itti kennu yeroo ajaju ni mul'ata. Fkn, komii namoonni

shan adabbiin bulchiinsa nurratti gatame akka nurraa ka'u jechuun %50 qabsiisanii boordiitti iyyatanii komiin isaanii ilaalamuu eegale mormii Abbaan taayitaa kaaseen komiin isaani boordiin akka hin ilaalamne murtaa'e jira.[150]

Aangoo boordii murteessuu waliin wal-qabatee miseensoota boordii tokko tokko birattis yaadni wal-fakkaataan akka hin jirree xiinxala taasifameerraa hubachuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, falmii obboo *Fiqaaduu dabalaa fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaala Naqamtee* jidduu tureen ol'iyyatan badii maashina gurgurtaa malee gurgurtaa raawwate jechuun adabbiin bulchiinsaa irratti gatamee jira. Kanaaf, akka irraa ka'u boordiitti iyyateera. Haata'u malee, miseensoonni boordii irra caalaan isaanii dhimmicha ilaaluuf aangoo ni qabna yoo jedhan kaan aangoo hin qabnu jechuun mormaniiru.[151] Dhimma wal-fakkaatu biraatiin immoo miseensoonni sagalee guutuun aangoo ni qabna jechuun ilaalanii murteesaniiru.[152] Dhimmoota kanniin irraa akka hubatamu Aangoo boordiin wal-qabatee dhimmoota tokko tokko irratti garaagarumman yaada akka jiruuf hojamaanni boordii keessatti jirus iddoodhaa iddotti garaagarummaa kan qabu dha.

Kanaaf, xiinxala galmee fi af-gaaffii taasifameerraa kan hubatamu aangoo boordii ol'iyyannoo taaksii fi gibiraa murteessuurratti hubannoon miseensoota boordii fi abbaa taayitaa galiiwwan bira jiru wal-fakkaataa akka hin taane dha. Kunis, dhimmootni gibiraaf taaksii haala wal-fakkaataanii fi yeroo gababaa keessatti furmaata akka hin arganne kan taasisu dha. Haata'u malee, dhimmoota aangoo boordii ol'iyyannoo gibiraaf taaksii daangeessuuf dhiyaatan seera bulchiinsa taaksii fi kaayyoo seera bulchiinsaa waliin yeroo madaallu sirri fakkaatee hin mul'atu. Tokkooffaa, keewwatni armaan oliitti caqafame aangoon ol'iyyannoo boordii gibiraaf taaksii dhimmoota shallaggii gibiraa fi dhimmoota biroo irraa ol'iyyatamu danda'an kan dabalatu akka ta'e ibsameera. Gaaffiin hir'ifama dullumaa hanga gibira kaffalamu murteessuu keessatti gahee waan qabuuf dhimmi kun dhimma irraa ol'iyyatamu dha. Dabalataan, Adabbii kaasuuf dhiisuun kan abbaa taayitaaf kenname ta'uus abbaan taayitaa akkaataa seeraan kaasee moo? Hin kaasne? Kan jedhu dhimma ol'iyyannoo fi keessa deebiin ilaalamu danda'u waan ta'eef dhimmootni kun ol'iyyannoon boordii biratti kan ilaalamanii dha. Gama biroon dhimmoota shallaggii waliin wal-

[150] Falmii Obboo Birhaanuu Diilsaaboo fa'a N-5 fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan GAONF irratti Boordiin Ol'iyyannoo taaksii fi gibiraa gaafa guyyaa 10/04/09 xalaya lakk.GAONF/6590/2009 murteesse

[151]Fiqaaduu Dabalaa fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaalaa Naqamtee murtii gaafa guyyaa 12/10/07 kenname(murtichaaf lakk.galmee kenname hin jiru)

[152] Falmii Obboo Taammiruu W/Maariyaam fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaalaa Shashamanne murtee gaafa 25/09/08 kenne keessatti komii dhiyaate caqasuun adabbi bulchiinsaa gutumaan guututti kaase ilaaluun ni danda'ama

qabatan manni murti kallattiin fudhee kan hin keessummeessine waan ta'eef aangoo boordii dhiphifamee kan hiikamu yoo ta'e mirgii kaffaltoota gibiraa dhimmoota gara mana murtiitti dhiyeessuu jedhu kan dhiphisu ta'a.

4.1.2.3. Adeemsa Kenninsa Murtii, Si'oominaa fi Dhaqqabummaa Boordii

Kutaa kana jalatti adeemsa boordiin ol'iyyannoo gibiraaf taaksii murtii itti kennuu adeemsa seeraan taa'e hangam kan hordofe akka ta'e fi rakkoolee qabatamaa jiran kan sakatta'aman ta'a. Dabalataan, boordiin yeroo hangamii keessatti murtii kennaa akka jiruu fi si'oominni boordii ol'iyyannoo gibiraaf taaksii sadarkaa adda addarraa jiran maal akka fakkaatu ni sakata'ama.

4.1.2.3.1. Adeemsa Kenninsa Murtii

Adeemsi kenniinsa murtii manneen murtii bulchiinsa akka kan mana murtii idilee adeemsa idilaawaa waan hundaa guutee ta'uu qabaa jedhamuu baatus mirga bu'uuraa qaamolee wal-falmanii waa'ee himata irratti dhiyaate beekuu fi ofirraa ittisuu kan kabaje akka ta'uu qabu boqonnaa darbe keessattii ilaallee jira. Adeemsii boordii gibiraaf taaksiin hordofamu qabu labsiin bulchiinsa taaksii Oromiyaa lakk.203/2009 keewwata 89-91 jalatti tarraa'e jira. Kunis, komii ol'iyyannoo fi deebii komatamaa, falmii afaanii, dhagahaa guutuu kan of keessatti qabu ta'u hubachuun ni danda'ama.

Boordiin gibiraaf taaksii naannoo Oromiyaa hangam adeemsa seeraan taa'e hordofuun murtii akka kennu baruuf daataan bifa af-gaaffii fi xiinxala galmee taasifameeraa. Daataa bifa af-gaafiin sassaabamerraa akka hubatamu adeemsii murtii boordii ol'iyyannoo gibiraa fi taaksiin hordofamu iddoo iddotti garaagarummaa kan qabuu dha. Iddoo tokko tokkotti adeemsi falmii itti gaggeeffamu fi ragaan dhagahamu haala al-idilaawaa ta'een kan gaggeeffamudha. Fkn, abbaa alangaa fi oditara waamuun akkaataa gibirri ittiin murtaa'e gaafachuun yaada oditaraa fi abbaa alangaa galii qofa irratti hundaa'uun murtii kennuu.[153] Iddoowwan birootti immoo sanadoota dhiyaatan qofa xinxalanii murtii kennuu malee ragaa namaa dhagahuun hin mul'atu.[154] Gama biraatiinis bakka bu'aan Abbaa taayitaa galiiwwanii Boordii keessa waan jiruuf sanadoota komiin irratti dhiyaatee ilaaluun hooggansa abbaa taayitaa waliin furmaata lachuun ni jira. Iddoowwan biroottis immoo abbaan taayitaa deebii isaa barreefaman akka kennuu gochuu dhabuu fi falmii afaanii osoo hin

[153] Aliiyyii Siraaj, Abbaa alangaa Waajjira galii Godina Harargee Bahaa, gaafa 07/06/2009.
[154] Af-gaafii Dajanee Baallammii, Itt/G/W/Kantiibaa magaalaa Fichee, gaafa 29/05/2009,

gaggeessin murtii kennuun ni jira.[155] Adeemsii mana murtii bulchiinsaa al-idilee dha yammuu jedhamu wal-falmitootni carraa dhimma isaanii ibsuu hin qabanii jechu miti. Dhimmoonni hoj-maata keessatti gama kanaan mul'atan iddoo tokko tokkotti hanqina kan qaban ta'u isaati. Sababbiin isaa qaama komatame akka yaada isaa ibsatu osoo hin taasisin ooditara qofa yaamanii yaada argameen murtii kennus ta'e hoogganaa irraa haalli shallaggiin itti raawwatame qulqulleessuun yaada garee biraa ilaalcha keessa osoo hin galchin murtii kennuun hanqina. Asirratti dhimmoota hunda irrattii falmii gaggeessuun, ragaa bitaa mirgaa caqasuun barbaachisaa ta'uu baatus bita mirgi carraa qixa ta'e argachuu mirkaneessa deemuun barbaachisaa. Yeroo akkanaa sababoota caqasaa murtii keessatti ibsaa deemuun barbaachisaa dha. Kanaaf, xiinxala kanarraa kan hubatamu adeemsa kenninsa murtii boordii ol'iyyannoo gibraaf taaksii ilaalchisee seerichi boordiin himannaa fi deebii, falmii afaanii, ragaalee bitaa fi mirgaa xiinxaluu adeemsaalee jedhan hammatee kan jiru ta'uus qabatamaatti boordiin bakka baay'ee jiran adeemsa kan osoo hin hordofiin murtii kan kennan ta'u hubachuun ni danda'ama.

4.1.2.3.2. Si'oomina Boordii Ol'iyyannoo Gibiraaf Taaksii

Kaayyoon guddaan manneen murtii bulchiinsa hundeessuun barbaachiseef dhimmoota kallatti ogummaan haala baasii hirriseen yeroo gabaaba keessatti murtii kennuun akka danda'amu gochuuf yaadame akka ta'e kuta darbe keessatti ilaallee jira. Haaluma kanaan labsiin bulchiinsa taaksii naannoo Oromiyaa lakk.203/2009 kwt.92 (2) fi (3) jalatti Boordichi ol'iyyanni dhiyaatee guyyoota 120 (dhibbaa fi digdama) keessatti ol'iyyata dhiyaate irratti murtii kennuu akka qabu tumeera. Walitti qabaan Boordichaa walxaxiinsa dhimmichaa tilaamaama keessa galchuun haqaaf barbaachisaa ta'ee yoo argame beeksisa barreeffamaa garee wal falmitootaatiif kennuun yeroo murtiin ol'iyyataa itti kennamu guyyoota 60 (jahaatama) hin caalleef dheeressuu ni danda'a. Akkuma tumaa seeraa kanarraa hubatamu danda'amu dhimmi taaksii ol'iyyannoon irratti dhiyaate haala waliigalaatiin ji'oota afur keessatti haala addaatiin immoo yeroo ji'a jahaa hin caalle keessatti murtii argachuu akka qabuu dha. Gama kanaan murtiiwwan Boordii naannoo keenyaa yoo ilaalle hanqinaaleen baldhinaan ni mul'ata. Mala iddaattoon dhimmoota ilaalaman gabateen akka armaan gadiitti ibasamanii jiru.

Lakk	Baay'ina galmee	Yeroo turtii	Dhibbeentaan %

[155] Af-gaafii Ganaanaawu Siyyuum, A/A Galii Aanaa Kuyyuu, gaafa 30/05/2009, Galataa Caalaa, Itti/gaafatama/Waj/Bulchiinsa Aanaa Bachoo, gaafa 17/06/2009.

1	8	Ji'a sadi keessatti	17%
2	4	Ji'a sadii - Ji'a jahaa	8.5%
3	35	Ji'a jahaa ol	74.5%
Ida'ama	47		

Akka gabatee armaan olitti ibsamee jiru irraa hubatamuu danda'u dhimmoota ilaalaman 47 keessaa galmeen 8(17%) ta'e yeroo ji'a sadii keessatti murtii kan argatanii yammuu ta'u dhimmoonni 4(8.5%) ta'ani yeroo ji'a jahaa keessatti murtii kan argatanii dha. Dhimmoonni 35(74.5%) ta'an immoo murtii argachuuf yeroo ji'a jahaa olii kan fudhatan ta'uu isaati. Dhimmoonni Boordii ol'iyyannoon ilalaman yeroo ji'a afurii yoo darbe ji'a jaha keessatti murtiin akka itti kennamuun irra jiraatu seeraan tumamee jira. Akka waliigalatti dhimmoota iddattoon ilaalaman keessaa dhimmoota ¼ ta'an qofatuu yeroo seeraan ta'ee keessatti murtii kan argatanii. Dhimoonni kunniin yeroo seeraan taa'een olii harkifachuu isaatiif dhimmoonni akka sabaabaatti eeraman miseensoonni boordii hojii idilee mataa isaanii irratti xiyyeefachuun hojii boordii akka hojii dabalaataatti kan hojjatanii ta'uu isaati. Kanarra kan ka'e Boordiin osoo wal hin gahin yeroo dheeraa waan turuuf dhimmoota ilaalanii murteessuuf yeroo dheeraa fudhata.[156] Yeroo tokkoo tokko immoo ragaaleen murtii kennuuf qaamolee adda addaa irraa kennaman kan wal-hin simne ta'uun dhimmicha qulqulleessuuf yeroo dheeraa kan fudhatuu ta'uun yeroo murtiin itti kennamu akka dheeratu taasisee jira. Fkn, waa'ee bunaa irratti komii dhiyaatu ilaalchisee ragaan waajjira qonnaa fi biiroo daldalaa irraa dhufu kan wal-faalleessu ta'uun rakkoo mataa isaa uumee jira. Sababa kanaan wal-qabatee ragaalee dhiyaatan qulqulleessuuf jecha dhimmoonni hedduu osoo murtii hin argatin turanii jiru.[157] Kanaaf, xiinxala galmee fi af-gaaffii kanarraa kan hubatamu boordiin murtee daangaa yeroo ji'a afurii fi ji'a jahaa keessatti kennurratti hanqina guddaa kan qabu ta'u isaa ti.

4.1.2.3.3. Dhaqqabamummaa Boordii Ol'iyyannoo Gibiraaf Taaksii

[156] Af-gaafii obboo Darrasaa Raggaasaa A/Alangaa Abbaa Taayitaa Galiiwwaan GAONF, obboo Girmaa Urgee I/G Waajjira Bulchiinsa GAONF fi walitti qaba Boordii Ol'iyyannoo Gibiraa fi taaksii waliin gaafa guyyaa 21/06/09, Obboo Abiyoot Asaffaa Qindeessaa dhimma Opreeshinii galii Abbaa Taayitaa Galiiwwanii Aanaa Sabbataa Hawaas waliin gaafa guyyaa 22/06/09, Obboo Tolaa Alamuu A/Alangaa Abbaa Taayitaa Galiiwwanii Magaalaa Roobee waliin gaafa guyyaa 27/06/09 taasifame

[157]Af-gaafii Sa'id Khaliifaa Qondaala Naamusaa Abbaa Taayitaa Galiiwwan Jimmaa waliin gaafa guyyaa 13/06/09 taasifame

Akkuma armaan oliitti ibsameen dhaqababummaa mana murtii bulchiinsaa yeroo jennu manni murtii maamiltoota isaatti itti siqeenyaan tajaajila kennu kan qabu ta'u isaa kan agarsiisuu dha. Kanaaf, labsiin bulchiinsa gibiraaf taaksii kan duraanis ta'e haaraan boordiin ol'yyannoon gibiraaf taaksii aanaalee, magaalootaa, godinaalee fi sadarkaa naannootti hundeeffamu kan qabu ta'u kaa'eera.[158] Kallatti kanaan qabatamaan boordiin ol'iyyannoo gibiraaf taaksiin akkaataa seerrara taa'een dhaqqabamummaan isaa maal akka fakkaatuu fi rakkoolee jiran adda baasuuf xiinxala taasifameerra.

Xiinxala taasifameenis boordiin ol'iyyannoo gibiraa bakka baay'eetti hundeeffamee akka jiru hubachuun danda'ameera. Fakkeenyaaf, boordiin sadarkaa naannoo hundeeffamee jira.[159] Godinaalee qorannoo kanaan ilaalaman keessattis boordiin ol'iyyannoo gibiraaf taaksii akka hubdeeffame jiru af-gaaffii taasifameen hubatameera.[160] Bulchiinsa magaaloota qorannoo kanaan ilaalaman keessattis boordiin kun hundeeffame akka jiru ibsameera.

Haata'u malee, aanaalee tokko tokko irratti sababa oditarrii aanaarra hin jirreef koomiin kaffalaa gibraa sadarkaa aanaatti ilaalamu qabu godinatti yeroo ilaalmu ni jira. Fakkeenyaaf, af-gaaffii hojjattoota abbaa taayitaa galiiwwan aanaa guutoo giddaa waliin taasifameen boordiin ol'iyannoo gibiraa akka aanaa guutoo giddaa kan hin jirree ta'u ibsaniiru.[161]

Kana malees, xiinxala taasifameen boordiin ol'iyyannoo gibiraaf taaksii bakka baay'eetti hojii keessa haa jiru malee akkaataa komiin itti fudhatamurratti sirni diriree akka hin jirree hubachuun danda'ameera. Iyyannoo kaffaltoota gibiraa bakka tokko tokkootti kallattiin bulchaa ykn kantiibaatti kan dhiyaatu yoo ta'u bakka tokko tokkootti itti gaafatamaa waajjira bulchiinsaatti ykn kantiibaatti dhiyaata.[162] Bakka tokko tokkootti hojiin kun karaa ogeessa seeraan qindaa'a.[163]

[158] Labsii Bulchiinsa Gibiraaf Taaksii Naannoo Oromiyaa Lakk. 2003/2009 keewwata 87(1)
[159] Simanyi Nigussee, Haaromsa Kaffalaa gibiraa fi komii keessumessa komii Abbaa Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa, gaafa 12/05/2009., Heenook, Abbaa Alangaa Abbaa Taayitaa Galiiwwaan Oromiyaa, gaafa 10/05/2009.
[160] Gobanaa Gammachuu, Itti Gaafatamaa, Abbaa Taayitaa Galii Godina Wallaga Bahaa, gaafa 16/05/2009. Af-gaaffii Taamman Ayitee, itti Aanaa Abbaa Taayitaa Galiiwwan Godina Shawaa Kibba Lixaa, gaafa 15/06/2009., Mootummaa Tolosaa Itti Aanaa Abbaa Taayitaa Galiiwwan Godina Shawaa kaabaa, gaafa 29/05/2009.
[161] Taaddasa Gabbisaa, abbaa alangaa Abbaa Taayitaa Aanaa Guutoo Giddaa, gaafa 15/05/2009, Af-gaaffii Hiikkaa Faajjii, Hojjataa Karoora fi keessummeess komii abbaa alangaa Abbaa Taayitaa Aanaa Guutoo Giddaa, gaafa 15/05/2009
[162] Dajanee Baallamii, Itti Gaafatamaa Waajjira bulchiinsa Magaalaa Fichaa, gaafa 29/05/2009.
[163] Af-gaaffii Adaanaa Birasaa, Ogeessa Seeraa Waajjira Bulchiinsa Godina Wallaga Bahaa, gaafa 16/05/2009.

Kunis, kan agarsiisuu boordiin gibiraaf taaksii akka manneen murtii idlee fi manneen murtii bulchiinsaa of-danda'anii hundeeffamani reejistraara iyyata simatee keessummeessuu hin qaban waan ta'eef garaagarummaan hoj-maataa uumamee kan jiru ta'u kan agarsiisuu dha.

4.1.2.4. Qulqullina Murtii Boordii

Murtiin boordii qulqullina akka qabaatuuf jecha labsiin bulchiinsa taaksii lakk. 203/2009 keewwata 92(9) jalatti ulaagaalee murtiin boordiin kennamu haammachu qabu tarreessee jira. Kunis, murtiin Boordichi kennu sababoota murtichi irratti bu'uureffate, qorannoo dhimmoota ijoo dubbii bu'uura ta'aniitiin bu'aa argamee fi ragaa murtichaaf bu'uura ta'e yookiin dhimma biroo murtichaaf bu'uura ta'e hammachu akka qabu kaa'e jira.

Bu'uura seera kanaan murtiin boordiin kennamu hangam qulqulluu fi ulaagaa murtii seericha keessatti taa'an kan hordofe akka ta'e baruuf xiinxala taasifameen murtii ulaagaa seeraa eege kennuurratti hanqinni akka jiru hubatameera. Haanqinaaleen kunis, seerota murtichaaf bu'uura ta'an caqasuu dhabu. [164]

Murtiiwwan boordiin kennaman muuraasa irraa kan hafe iyyannoo dhiyaate unkaa qophaa'e irratti ibsuun gibirri irraa yaa hirrifamuu ykn yaa cimuu jechuun alatti sababoota murtii irra isaan gesse xiinxalanii caqasuu dhabuun baldhinaan ni mul'ata. Fakkeenyaaf, dhimma aaddee *Najaat Mahaammad fi ATG Magaalaa Jimmaa* daldalatuu bunaa fi shaayii Gibirri daldalaa bara 2006 narratti murtaa'e waan ulfaataa ta'eef akka narraa hirrifamuu jechun %50 gibira irratti murtaa'ee qabsiisanii Boordiitti ol'iyyataniiru. Boordiinis yammuu murtii kennu yaada ol'iyyannoon dhiyaate bu'aa ooditiin wal-bira qabuun erga irratti mari'anne booda tilmaama gurgurtaa guyyaa koreen murtaa'e qarshii 450 irraa 225 hir'isuun gibirri akka shallagamu murteesse jira. Dhimma kanarratti Boordiin yammuu murteessu hanqinni murtii komatamee maal akka ta'eef ragaan dhimmicha akka hubachiisuuf dhiyaate maal akka ta'e hin ibsamne. Murtii foyyeessufis sababa tokkoollee osoo hin caqasin tilmaamani gurgurtaa guyyaa walakkaan akka hir'atu murteesse jira. Kun immoo tuma seera taaksii keessatti murtiin boordiin kennamu waantoota guutu qabu tarreesse ibse kan hin guunne dha.

[164] Af-gaafii Aabbuu Siraaj A/Alangaa Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaalaa Shashamannee waliin gaafa guyyaa 19/05/09 taasifame

Haaluma wal-fakkaatuun murteewwan boordii rakkoo wal-fakkaataa qaban hedduu kan jiran ta'u xiinxala taasifameen hubatameera.[165] Kana yammuu jennu iddoowwan haala gaariin hojjachuuf yaalii taasisan hin jiruu jechu miti. Iddoowwan dhimma ijoo falmiif sababa ta'e adda baasanii dhimmicha xiinxaluun murtii kennanis ni jiru. FKN, falmii *Zaman Adduunyaa fi Waajjira Galiiwwan Godina Wallaga Bahaa* gidduu tureen boordiin ol'iyyannoo gibiraaf taaksii himannaa fi deebii xiinxaluun, falmii gaggeessuun, qabxii qulqullaa'u qabu qabachuun ragaaf seera xiinxaluuun murtii kennera.[166]

Akka waliigalaatti adeemsa kenninsa murtii Boordii keessatti hanqinaalee garee bitaa mirga qixa keessumessuu, raga dhiyaate xiinxalanii murtii kennuu, dhimmoota kallattii ogummaatiin furmaata itti kennuu, murtiiwwan sababan deeggaruu, qajeelfamoota gama mana murtiin kennaman sababoota adda uumuun raawwachuu dhabuu mul'atanii jiru.

4.1.3. Gurmaa'insa, Aangoo, Adeemsa Kenninsa Murtii fi Qulqullina Murtii Boordii Invastimantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Boordiin invastimantii akkuma boordiiwwan biroo aangoo abbaa seerummaa manneen murtii idileerraa fudhuun tajaajila abbaa seerummaa akka kennu aangeeffameera. Akkuma manneen murtii bulchiinsaa biroo boordiin invastimantiis tajaajila abbaa seerummaa yeroo kennu adeemsaalee hordofuu qabu, aangoo boordii fi kkf labsii invastimantii, dambii fi qajeelfamaan tumamee jira. Kanaaf, kutaa kan jalatti hoj-maatni boordii invastimantii akkaataa seerota invastimantiin kan madaalamuu ta'a. Kunis rakkoolee qabatamoo naannoo kana jiran adda baasuuf kan kaayyeeffate dha.

4.1.3.1. Gurmaa'insa Boordii Invastimantii

Labsiin invastimantii Keewwata 5(1) jalatti qajeeltoo waliigalaa akkaataa boordiin itti hundeeffamuu fi ijoowwan achi keessa jiran tokko tokko qajeelfamaan akka murtaa'an tumee jira. Bu'uura kanaan dambiin lakk.141/2004 keewwata 5(1) boordiin invastimantii Pireezidaantiin Bulchiinsa Mootummaa naannoo oromiyaan kan hoogganamu ta'u, kaa'eera. Hoogganaa Biiroo

[165] Obboo Haayiluu Tsahaay fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaala Jimmaa,Obboo Arragaw fi Worqinaa vs Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaala Jimmaa murtee gaafa 07/06/2007,obboo Taammiruu Walda Maariyaam fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaala Shashamannee murtee gaafa 25/09/2008 kenname ilaaluun ni danda'ama,

[166] Falmii Zaman Adduunyaa fi Waajjira Galiiwwan Godina Wallaga Bahaa, boordii ol'iyyannoo gibiraaf taaksii godina wallaga Bahaa, murtii gaafa 01/09/2008 kenname.

Industirii fi Misooma Magaalaa, Hoogganaa Biiroo Lafaa Baadiyaa fi Eegumsa Nannoo, Hogganaa Dhaabbata Bosonaafi Bineensa Oromiyaa, Komshinara komshiinii Barnoota fi Lenjii Tekenika fi Ogummaa, Qama Barbachisa irraa kan Pirezidaantiidhaan Moggaafaman namaa miseensoota yoo ta'an fi Komishinarii Komishinii Invastimentii barreessaa akka ta'an kaa'ee jira.

Kallattii kanaan caaseeffamni boordii invastimantii yeroo murtii kennu maal akka fakkaatu baruuf xiinxala galmee taasifameera. Bu'aan argame akka agarsiisutti boordiin yeroo hunda akkaataa seerarra taa'een wal-gahuun murtii kennuu irraatti hanqina kan qabu ta'u isaa ti. Akkuma kutaa hog-barruu keessatti ibsameen qaamoleen tajaajila abbaa seerummaa kennan qaamolee dhimmii isaanii ilaalamurraa haala bilisa ta'een hundeeffamu akka qaban ilaalleera. Haata'u seerichi koomishini invastimantii boordii keessatti miseensa akka ta'e kaa'ee jira. Kunis koomishiniin gama tokkoon murtii kennaa gama biroon boordii keessattis deebi'ee dhimmicha kan ilaalu ta'u kan agarsiisuu dha. Kanaaf, boordiin invastimantii haala bilisummaa boordichaa guutummaan guututti mirkneessuun caaseeffameera kan nama jechisisu miti.

4.1.3.2. Aangoo Abbaa Seerummaa Boordii Invastimantii

Boordiin invastimantii manneen murtii bulchiinsaa armaan oliitti ibsaman irraa kan adda isa taasisu aangoo abbaa seerummaa duwwaa osoo hin taanee aangoo raawwachisummaa fi aangoo qajeelfamoota adda addaa baasuu kan qabu ta'u isaa ti.[167] Haata'u malee, dhimma harkaa qabanneef aangoo abbaa seerummaa Boordii Invastimantii duwwaa ilaaluun gahaa waan ta'eef xiinxalli kanaa gadiis kanumarratti kan xiyyeeffatu dha. Labsiin invastimantii lakk.138/2000 keewwata 6(5) jalatti boordiin invastimantii dhimmoota invastimantii koomishinii invastimantiin ykn qaamolee biroo sochii invastimantii keessatti gahee qabaniin murtaa'e ol'iyyannoon fudhee ilaaluuf aangoo akka qabu kaa'eera. Kunis aangoon murtee komishinii maalii kan jedhuutti kan nama geessu dha. Kunis dambii 141/2004 keewwata 8 jalatti tarraa'ee jira. Isaan keessa yeroo baay'ee falmisiisaa kan ta'an dhimmoota jijjiirraa gosa piroojaktootaa, maqaa piroojaktootaa fi abbummaa abbaa qabiyyee dha. Qajeelfamni dambii armaan oliitti eerame raawwachisuuf bahee aangoo koomishinii haala gad-fageenyummaa qabuun tarreesseera. Kunis, koomishiniin gaaffiiwwan kenna hayyama invastimantii, lafa invastimantii, haaromsa haayyama invastimantii

[167] Labsii invastimantii 138/200 keewwata 6 ilaalaa.

fi haaqaminsa hayyama invastimantiirratti sababootni adda addaa yeroo jiraatan murtee kennuu kan qabu ta'u kaa'u. Kanaaf, murteewwan koomishiniin haala kanaan murtaa'an irratti boordiin invastimantii ol'iyyannoo dhagahuuf aangoo qaba jechuu dha. Kanarraa kan hubannu wal-dhabbiin invastaraa fi waajjirra invastimantii gidduu jiru ol'iyyannoon boordiin kan ilaalamu dha.

Qabatamaatti dhimmoota akkamiitu boordiin ilaalamu qabu dhimmoota akkamiituu ilaalamu hin qabne kan jedhu irratti hubannoon wal-fakkaataa kan hin jirree fi rakkoon adda addaa kan jiru ta'u xiinxala taasifameerraa hubatameera. Af-gaaffii taasifameen dhimmoota boordii invastimantini ilaalamu qaban kan akka jijjirraa maqaa mana murtii idileetti kan dhiyaachaa jiran ta'u ibsameera.[168] Af-gaaffii ogeessota seeraa koomishinii invastimantii waliin taasifameenis dhimmootni addaan citinsa waliigaltee invastimantii invastarii fi koomishinii gidduu jiru manneen murtii idileetti dhiyaachaa kan jiranii fi manneen murtii tokko aangoo akka hin qabne ibsuun yoo cufan kaan akka aangoo qabaniitti ilaaluun yeroo keessummeessan kan jiru ta'uu ibsaniiru.[169] Xiinxala galmeerraan akka hubatamuutti dhimmootni boordii invastimantiin ilaalamu qaban kallattiin yeroo mana murtii idileetti dhiyaatan kan jiru ta'u hubatameera. Fakkeenyaaf, falmii *Moojoo Qeeraa Eksipoorti Haammayyaa Kubbaanniyyaa fi Koomishini Invastimantii Oromiyaa*[170] gidduu waa'ee jijjiirraa maqaa invastimantii mana murtii aanaatti dhiyatee manni murtiis fudhuun keessummeesseera. Haata'u malee, hoj-maata kana tumaalee labsii invastimantii armaan oliitti ibsaman waliin yeroo ilaallu boordiin invastimantii falmiiwwan waa'ee jijjiirraa maqaa ilaallatan keessummeessuuf aangoo kan kennameef waan ta'eef dhimmichi boordiin malee mana murtii aanaan kan ilaalamu hin turree. Af-gaaffii taasifameenis aangoo mana murtii fi aangoo boordii adda baasuurratti hanqinni akka jiru ibsameera. [171]Kanaaf, akka waliigalaa xiinxala taasifameerraa kan hubannu aangoo boordii fi aangoo mana murtii adda baasuu irratti hanqinni hubannoo abbootii seeraa bira kan jiru ta'u isaa ti.

[168] Af-gaaffii Xiirunaa, abbaa seeraa mana murtii olaanaa Godina Addaa Naannawaa Finfinnee, gaafa 27/08/2009.
[169] Af-gaafii obboo Birhanuu abba adeemsa adeemsa hojii deegarsa tajaajila dhimma seeraa fi ol'iyyannoo waliin taasifame
[170] Moojoo Qeeraa Eksipoorti Haammayyaa Kubbaanniyyaa fi Koomishini Invastimantii Oromiyaa, Mana Murtii Aanaa Lumee, Lakk.G, 35972, gaafa 07/09/2005.
[171] Af-gaafii obboo Birhanuu abba adeemsa adeemsa hojii deegarsa tajaajila dhimma seeraa fi ol'iyyannoo waliin taasifame

4.1.3.3. Adeemsa Kenninsa Murtii, Si'oominaa fi Dhaqqabummaa Boordii Invastimantii

Adeemsi boordii invastimantii hordofu qabu adeemsaalee manneen murtii bulchiinsa lamaan armaan olitti ibsaman hordofan irraa adda dha. Seerotni invastimantii jechuun labsiin invastimantii, dambiinii fi qajeelfamni adeemsa boordiin murtii itti kennu qabu haala gad-fageenyummaa qabuun kaa'anii hin jiran. Akkuma waliigalaatti boordiin yaada murtii koomishiniin dhiyeessurratti hundaa'uun murtii akka kennu duwwaa kaa'aniiru. Kunis, tumaa heeraa aangoon abbaa seerummaa manneen murtii idileerraa qaama addaa adeemsa seeraan taa'e hordofu duwwaaf kennamu qabu jedhu waliin kan waliitti bu'uudha.[172]

Kanumarraa ka'uun boordiin adeemsa akkamii hordoofuun murtii akka kennaa jiru baruuf daataan af-gaaffii fi galmeewwan murtiin boordii irratti keennameerraa waliitti qabameera. Komiin invastimantiin wal-qabatee invastarootaan dhiyaatu gama komishiniin qindaa'ee kan dhiyaatu akkata'e af-gaaffii taasifameen hubatameera. Kunis invastarri waligalteen invastimantii isaa Komishiniin addaan cite beeksifni isa dhaqabe guyyoottan 20 keessatti komii isaa ragaalee qabu waliin qindeessuun komishinii invastimantii adeemsa hojii deeggarsa tajaajila dhimma seeraa fi ol'iyyannoo jedhuuf dhiyeessuu qaba. Adeemsichi koree hundeessuun dhimmichi qulqulla'ee ragaan qindaa'ee akka dhiyaatu taasisa. Gareen kun dhimmicha erga qulqulleesse booda ragaalee sassaabe bu'uura godhachuudhaan Boordii invastimantiif yaada murtii isaa ni dhiyeessa. Boordiin invastimantii yaada dhiyaate ilaaluun yaadicha ni mirkaneessa ykn ni foyyeessa ykn ni jijjira.[173] Adeemsa qulqulleessuu keessatti qaamni komii qabus kan komatamus yaada isaa akka dhiyeessu gaafatamee yaadni garee lachuu akka galma'u akka taasifamu galmeewwan ilaalaman irraa hubachuun ni danda'ama.[174]

Adeemsa kana keessatti wanti akka hanqinaatti ilaalamu murtiin komatame komishinii invastimantiin erga addaan cite booda gareen dhimmicha qulqulleesse yaada murtii dhiyeessus adeemsa hojii komishinii keessaa ta'uun qajeeltoo haqummaa akkasumas dhimma ofii irratti seerumma kennuu dhabuu jedhuun kan wal-falleessuu dha. Kana malees bilisummaan gareen kun

[172] Tuumaa heera keewwata 78(4) waliin kan waliitti bu'uudha.
[173] Af-gaafii obboo Birhanuu abba adeemsa adeemsa hojii deegarsa tajaajila dhimma seeraa fi ol'iyyannoo waliin taasifame
[174] Galmeewwan Boordii invastimantii bara 2006 fi 2008 dhiyaatanii murtii argatan ilaaluun ni danda'ama.

qaama waligaltee addaan kute irraa qabu ifaa miti. Ragaleen sassabaman qinda'anii kan boordiif dhiyaatan malee kallattiin boordii biratti kan ilaalamanii miti. Inni biraa immoo komishiniin invastimantii miseensa Boordii ta'uun mataan isaa haqummaa irrattis akka dhiibbaa qabaatu dha. Kunis, qajeeltoo qaamni koomatamee seerummaa kennuu hin qabuu jedhuun kan wal-falleessuudha. Akkuma gubbaatti ibsamee komii dhiyaatee qulqulleessee yaada murtii Boordiif dhiyeessee boordiin murtii dhumaa akka kennu kan taasisu koomishinii invastimanti waan ta'eef adeemsi kun bilisummaa fi haaqummaa qaama murtii kennu gaaffii keessa kan galchuu dha.

Gama biraatiin immoo dhimmoonni hedduu erga komiin irratti dhiyaateen booda murtii argachuuf yammuu yeroo dheeraa fudhatan ni mul'ata. Fkn, dhimma *Aadde Elsaabeet Alamuu fi komishinii Invastimantii Oromiyaa* jidduu ture irratti waliigalteen ol'iyyattuu gaafa guyyaa 27/12/2002 addaan cite gaafa 06/01/2003 komii qaban dhiyeeffatanii Boordiin amajjii bara 2006 murtii kennee jira. Kana jechuun dhimmicha murteessuuf waggaa sadii olii fudhate jechuudha. Kaayyoon guddaan dhimmoota manneen murtii bulchiinsaatiif kennuun barbaachisee keessaa immoo yeroo gabaabaa keessatti murtiiwwaan akka kennamaniif yaadameeti. Kanamalees dhimmoota bara 2006 Boordiif dhiyaatanii murtii argatan 21 keessaa dhimmoonnii 47.61% ta'an murteessuuf yeroo waggaa tokkoo olii kan fudhate dha. Dhimmoonni 23.81% ta'an yeroo baatii jahaa keessatti murtii yammuu argatan dhimmoonni 28.58% ta'an baatii jahaa hanga waggaa tokkoottii murtii argatanii jiru. Seeraan Boordiin ji'aan yeroo tokko akka wal-gahuu qabu tumamee jira. Haa ta'uu maleeBoordiin yeroo isaa eeggatee wal-gahuu dhabuun gama kanaan akka hanqinaattii dhimma ka'uu danda'uudha.

Rakkoon gama si'oominaatiin bara 2006 keessatti mul'ate dhimmoota sanaan booda dhiyaatani irratti akka fooyya'a dhufe komiiwwan bara 2008 Boordiif dhiyaatanii murta'an irraa hubachuun ni danda'ama. Bara 2008 galmeewwan Boordiif dhiyaatanii murtii argatan 6 keessaa 66.67% kan ta'u yeroo baatii lamaa keessatti murtii yammuu argatu 16.67% immoo yeroo waggaa tokkoo olii akkasumas galmeen 16.67% ta'u immoo yeroo baatii jahaa olii fudhatee murtii argatee jira. Kunis kan agarsiisu murteewwan boordii invastimantii galmeewwan mana murtii idilee fi istaandardii yeroo manneen murtii bulchiinsaa biroof kaawwame waliin yeroo ilaalamu hanqina kan qabu ta'u isaa ti.

4.1.3.4. Ququllina Murtii Boordii Invastimantii

Murtiin boordii invastimantiin kennamu mana murtii idileen kan keessa deebiin ilaalamu waan ta'ee fi murtii aangoo abbaa seerummaan kennamu waan ta'eef ulaagaalee murtii hammachuu kan qabu ta'u ifa gala dha. Kallattii kanaan murteewwan boordii invastimantiin kennaman yeroo xiinxallu hanqina bal'a kan qabanii dha. Dhimmoota dhiyaatanii ilaalaman irraa akka hubatamu dhimmoota qulqulleessuun ragaa sassaabuun ala ragaalee dhiyaatan ijoo komatamee waliin xiinxaluu irratti hanqinaaleen bal'innaan ni mul'ata.

Gama dhimmoota gadi fageenyaan xiinxaluun raga bitaa mirgaan dhiyatan kallattii sirriin madaala deemuun murtii kennuu irratti hanqinni akka jiru dhimmoota irraa hubachuun ni danda'ama. Fkn, falmii *Kaampaanii Aksiyoonaa Doomi Farmiingii fi komishinii invastimantii* jiddu tureen waligalteen ol'iyyata gaafa 26/10/2007 addaan citeera. Komataanis lafti sababa oomisha kennuu dideef xiinxala biyyoo gaggeesine aasidawaa ta'uun waan mirkan'eef furmaata ogeessaan eeramee keessaa lafa baasuu jedhu hojirra olchinee kanas lafti asidaawa ta'uu waajjira invastimantii Aanaa fi Godinaa beeksifne osoo jiru waligalteen keenya addaan cituun isaa sirrii miti jedhaniiru. Gareen qulqulleessu dhaabbatni kun hanga bara 2005 humna guutuun ta'uu baatus hojii keessa akka ture ibsee bara 2006 irraa eegalee garuu kan hojjata hin jirree ta'uu ibsee jira. Boordiinis kanuma irratti hundaa'uun waligalteen addaan cituun sirrii dha jechuun murtii komishiniin kenname ture cimsee jira.

Dhimma kanarra akka hubatamu danda'u ijoon komii dhiyaate lafti asidaawa waan tureef hojjachuu dadhabne kan jedhu waan tureef gareen qulqulleessu dhimmicha irratti ijaa ogummaatiin ilaalee kallatti komii dhiyaateen xiinxalee yaada murtii dhiyeessuu osoo qaba ture. Gareen qulqulleessu yaada bara 2006 irraa eegalee hojii keessa hin ture jedhu qofa fudhachuun waliigalteen addaan cituun murtii sirrii ta'ee akka fudhatamu yaada murtii dhiyeeseera. Boordiinis yaaduma kana ilaale murteessuun isaa yaadoota bitaa mirgaan dhiyaatan haala wal-qixa ta'een madaaluu irratti hanqinna akka qabu hubachun ni danda'ama. Sababbiin isaas komiin tokko qulqulla'uu kan qabu kallattiin komiin dhiyaateen. Dhimma armaan olii irratti ol'iyyataan hojii kan addaan kuteef sababa humnaa olii na qunnameef jechuun kan komii dhiyeesse dha. Kanaafuu gareen qulqullessu dhugummaa sababba ol'iyyataan dhiyeesse akkasumas hangam hojii irraa dhaabsisuu akka danda'u qulqullesse dhiyeessutu irra ture. Boordiinis dhimma dhiyaateef irratti sababa dhiyaateef maaliif kufaa akka taasise ibsuun barbaachisa dha.

Gama biraatiin immoo murtiiwwan Boordii kennamanis yammuu ilaalu sababa tokko osoo hin caqasin murtii komishiniin kennamu cimsuu ykn fooyyeessuun ni mul'ata. Fkn, dhimma Aadde *Fallaqachi Wondimuu fi Komishinii Invastimantii Oromiyaa* jidduu tureen waajjirri invastimantii Godinaa ol'iyyattuuf of-eegannoo baatii sadii naaf kennee yeroon naaf kenname osoo hin xumuramin waliigalteen koo akka addaan citu taasifame waan ta'eef sirrii miti jechuun iyyattee koreen qulqulleessu ijoon komiin irratti dhiyaate sirri akka ta'e qulqullesse jira. Haa ta'u malee, gareen qulqulleessu hanqinaalee tarreessuun waliigalteen isaa addaan cituun murtii sirrii ta'ee akka mirkanaa'u yaada murtii dhiyeesseera. Boordiinis waliigalteen addaan cituu sirrii dha jechuun murteesse jira. Dhimma kana irraatti waajjirri invastimantii Godinaa hanqinaalee erga caqasee booda of-eeggannoo kennee bakka jirutti yeroon kenname osoo hin xumuramin waligaltteen addaan cituun dogoggora ture. Yeroon kenname jirus hanqinaalee ibsaman akka furuuf yaadamee waan ta'eef osoo yeroon kenname xumura hin argatin waliigalteen addaan cituun akka sirrii hin taane komii dhiyeessa bakka jiruuf ijoon kunis dhugaa ta'ee bakka jirutti dhimmicha irratti yaada quubsaa ta'e osoo hin kennin bira darbeera. Boordiin hanqina ifatti mul'atu kana osoo sirreessuun irra jiru bira darbuun hanqina dha.

Invastarri komii qabu guyyaa murtiin kenname bahii ta'e irraa guyyaa 20 keessatti komii qabu dhiyeefachu akka qabu yoo dhiyaachuu baate murtii komishiniin kenname akka fudhate tilmamaa jechuun qajeelfamni boordii invastimantii lakk.1/2004 kew.7(2)(k) ni ibsa. Haa ta'uu malee, Qabatamaan immoo dhimmoonni tokko tokko yeroo seeraan ka'ameen ala Boordiif dhiyaatanii yoo murta'an ni mul'ata. Fkn, dhimma waligalteen invastimantii erga addaan citeen booda guyyaan seeraan taa'ee erga darbeen booda iyyannoo dhiyaate keessumeessuun murtii kenneere.[175] Rakkoon kunis kan uumame qajeelfamichi yoo ol'iyyataan yeroo seeraan taa'ee keessatti ol'iyyannoo isaa boordiif dhiyeessuu baatee fi sababa gahaa qabaate akkaataa haayyamsisaan ol'iyyannoo isaa dhiyeessuu tumeefii waan hin jirreefii dha. Fakkeenyaaf, bu'uura SDFHH keewwata 324 fi 325 tin yoo ol'iyyataan ol'iyyannoo isaa daangaa yeroo kaa'ame keessatti dhiyeessuu baate haala haayyamsisaan ol'iyyannoo isaa dhiyeessuu danda'u kaa'e jira.

[175] Falmii obboo Sayidii Yuusuuf fi Komishinii invastimantii irrattii komishiniin waliigalte gaafa guyyaa 04/05/04 diigee gaafa 08/06/04 iyyanni dhiyaatee gareen dhimmicha qulqulleesse Boordii amajji bara 2006 dhiyaate murtii argatee jira.

Kanaaf, akka waliigalaatti boordiin invastimantii murtii ulaagaalee murtii guute kennuurratti hanqina kan qabu akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

4.2. Aangoo Ol'iyyannoo fi Keessa Deebii Manneen Murtii Idilee Murtiiwwan Manneen Murtii Bulchiinsaan Kennama Irratti Qaban

Manni murtii idilee murteewwan manneen murtii bulchiinsaan kennaman irratti aangoo gosa lama qabaachuu akka danda'u boqonnaa darbe keessatti ibsameera. Kunis, aangoo ol'iyyannoo fi aangoo keessa deebii murtii dha. Kutaawwan itti aananiitti manneen murtii naannoo Oromiyaa dhimmoota manneen murtii bulchiinsaa kan akka boordii ol'iyyannoo gibiraa, boordii invastimantii fi mana murtii hojjatoota mootummaan ilaalamanii murtii argatan akkamiin ol'iyyannoonii fi keessa deebiin keessummeessaa akka jiranii ni sakatta'ama. Xiinxalli kunis haala rakkoolee qabatamoo jiran adda baasuu danda'aniin kan gaggeeffame dha. Kanaafiis, daataa bifa af-gaaffii fi galmeerraa argame akka kanaa gadiitti xiinxalameera.

4.2.2. Ol'iyyannoon Murtiiwwan Manneen Murtii Bulchiinsaa Keessumeessuu

Akkuma boqonnaa darbe keessatti ibsameen dhimmoota mana murtii bulchiinsaaf kennaman ol'iyyannoon ilaaluun aangoo uumamaa mana murtii miti.[176] Kana jechuun seerotni garagaraa akkaataa heeraan tumaman murteewwan manneen murtii bulchiinsaan kennaman akka ol'iyyannoon manneen murtii idileen ilaalaman aangeessuu ykn dhorku danda'u jechuu dha. Seerota manneen murtii bulchiinsaa qorannoo kanaaf filataman hundeessan yoo ilaallees qajeeltoo seera bulchiinsaa armaan oliitti ibsameerraan adda miti. Manneen murtii idilee murteewwan manneen murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaanii fi boordii ol'iyannoo gibiraan kennaman ol'iyyannoon ilaaluuf aangoo kan qaban ta'u labsiiwwan manneen murtii bulchiinsaa kanneen hundeessan keessatti tumameera. Kunis, murtii boordii gibiraaf taaksii kennameerraa gara mana murtii ol'iyyannicha ilaaluuf aangeeffame ykn mana murtii ol'aanaatti ol'iyachuun akka danda'uu fi murtii mana murtii hojjattoota mootummaarraa gara mana murtii waliigalaatti ol'iyyachuun akka danda'amu labsiicharra taa'e jira. Labsiin Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe

[176]There is no absolute right of appeal for all decisions rendered by a lower court or administrative agency. Federal and state constitutions and statutory provisions create appellate courts and prescribe the types of cases that are with in their jurisdiction. http://legal-dictionary.the free dictionary.com/Appeal .

lakk. 141/2000 keewwata 27(7) jalatti dhimmotni kan ol'iyyannoon isaanii qaama biroon akka ilaalamu seera biroon tumameen alatti murtiin qaamonni aangoo abbaa seerummaa seeraan kennameefiin murtaa'an ol'iyyannoon isaa mana murtii olaanaatti dhiyaachuu akka qabu kaa'eera. Kanaaf, labsiin hojjattoota mootummaa manni murtii ol'iyyannoo dhagahu mana murtii waliigala ta'u waan kaa'eef dhimmoota hojjattoota mootummaa ilaallatan irraa ol'iyyannoon mana murtii waliigalatti kan dhiyaatu ta'a kan boordii ol'iyyannoo gibiraaf taaksii ammo mana murtii olaanaa ta'a jechuu dha. Haata'u malee, manneen murtii idilee dhimmoota boordii invastimantiin ilaalamanii murtii argatan irratti aangoo ol'iyyannoo akka hin qabaannee fi murtiin boordii invastimantii kan dhumaa akka ta'e labsiin invastimantii fi dambii labsicha raawwachiisuuf bahe tumee jira. Kun akkuma jiruutti ta'ee gara qaama ol'iyyannoo dhagahuutti iyyachuun dura furmaata jalaa duguuguun barbaachisaa akka ta'e SDFHH keewwata 320(1) jalatti tumeera.

Aangoon ol'iyyannoo mana murtii idilee dhimmoota mana murtii bulchiinsaan ilaalaman irratti qaban sakatta'uuf daataan bifa af-gaaffiin fi galmeewwan irraa waliitti qabameera. Bu'aan argame akka agarsiisuutti ol'iyyannoon murtii mana murtii hojjattoota mootummaa mana murtii waliigala oromiyaa (giddu galeessaaf fi dhaddachaalee dhaabbii) biratti kan dhiyaachaa jiru ta'u af-gaaffii qaamolee adda addaa waliin taasifameerraa hubachuun danda'ameera.[177] Xiinxala galmee taasifameerraas akka hubatamu dhimmoota hojjattoota mootummaa mana murtii bulchiinsaan hojjattoota mootummaan erga ilaalaman booda ol'iyyannoon isaanii mana murtii waliigalaa dhaddacha idilee dhaqaa akka jiru hubachuun danda'ameera. Fakkeenyaaf, falmii *Dheereessaa Simaa fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan magaalaa Sabbataa*[178] jidduu turee dhimmichi mana murtii bulchinsaa hojjattoota mootummaan erga murtii argate booda ol'iyaannoon mana murtii waliigala oromiyaatti dhiyaateera. Dalabalataan falmii *Yamiisiraach Geetaachoo fi Waajjira Qonnaa fi Misooma Baadiyyaa Aanaa Aqaaqii* gidduu tureen iyyattuun falmii beenyaa miidhaa qaamaa mana

[177] Af-gaaffii Abbaba Jootee, abbaa Seeraa Mana murtii Waliigala Dhaddacha lixaa, waliin taasifameen, murtii mana murtii hojjattoota mootummaan kennaman komachuun ol'iyannoo dhaddacha lixaatti kan dhiyaachaa jiru ta'u ibsaniiru. Af-gaaffii Af-gaaffii Silashii Fiqaaduu, Abbaa Seeraa Mana Murtii Hojjattoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Taariku nagaroo, Ogeessa Seeraa Waajjira Pablik Sarvisii fi Bulchiinsa Gaarii Aanaa Guutoo Giddaa, gaafa 15/06/2009

[178] Dheereessaa Simaa fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan magaalaa Sabbataa, Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, lakk. G. 2523300, gaafa 25/05/2009,

murtii bulchiinsaatti erga dhiyeefatte booda ol'iyyannoo ishee mana murtii waliigala Oromiyaa dhaddacha giddu galeessaatti dhiyeeffateerti.[179]

Akka waliigalaatti daataa bifa af-gaaffii fi xiinxala galmee irraa waliitti qabame akka agarsiisuutti dhimmootni hojjattoota mootummaa ilaallatan mana murtii hojjattoota motummaatti erga ilaalamanii booda ol'iyyannoon isaanii akkaatuma seerarra taa'een mana murtii waliigalaatti akka dhiyaatuu fi hubannoon abbootii dhimmaa fi abbootii seeraa aangoo ol'iyyannoo mana murtii idilee dhimmoota mana murtii hojjattoota mootummaan ilaalaman irratti qaban gaarii akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Asitti wanti hubatamamu qabu hubannoon abbootii seeraa fi abbootii dhimmaa aangoo ol'iyyannoo beekuurratti malee akkuma kutaawwan darban keessatti ibsame aangoon idilee kan eenyuuti kan jedhu irratti hanqinni akka jiru ibsameera.

Haaluma wal-fakkaatuun aangoon ol'iyyannoo mana murtii idilee murteewwan boordii ol'iyyannoo gibiraaf taaksiin kennaman irratti qaban maal akka fakkaatu hubachuuf daataan bifa af-gaaffii fi galmeewwan irraa waliitti qabame akka agarsiisuutti murtii boordii ol'iyyannoo gibiraaf taaksiin kennameerraa ol'iyyannoon mana murtii olaanaatti kan dhiyaatu ta'u daataa bifa af-gaaffii fi galmeerraa waliitti qabame ni agarsiisa. Af-gaaffii taasifameen dhimmootni gibiraaf taaksii ol'iyyannoon malee kallattiin mana murtiitti keessummaa'aa akka hin jirree ibsameera.[180] Dabalataan, abbootiin seeraa mana murtii sadarkaa adda addarraa jiran akka ibsaniitti yeroo jalqaba boordiin hundeeffamamu aangoo boordii fi mana murtii adda baasuu irratti hanqinatu ture amma adeemsa keessatti aangoon boordii fi mana murtii bakka baay'eetti barameera. Yeroo mana murtii kallattiin darbee darbee dhiyaatuus ofisarootni seeraa ni deebisu kanaaf, galmeen ol'iyyannoon malee kallattiin mana murtii dhiyaatu hin jiru jechuun ibsaniiru.[181] Galmeewwan gibiraa mana murtii adda addarraa waliitti qabamaniirraa akka hubatamuutti galmeen boordii biratti ilaalamanii ol'iyyannoon mana murtii idilee kan dhiyaatan ta'u hubatameera. Kunis, kallatti seera bulchiinsa gibiraaf taaksii oromiyaa lakk. 203/2009 keewwata 29(4) ol'iyyannoon boordii gibiraaf taaksiirraa mana murtii olaanaatti dhiyaata waan jedhuuf hoj-maata seera hordofe dha.

[179] Yamiisiraach Geetaachoo fi Waajjira Qonnaa fi Misooma Baadiyyaa Aanaa Aqaaqii, Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Lakk.G, 140975, gaafa 22/12/2005.

[180] Af-gaaffii Alamaayyoo Gaaddisaa, preezidaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Wallaga Bahaa, gaafa, Jaabir Huseen, B/b prezidaantii MMO Haargee Bahaa, gaafa 07/06/2009, Yeroo Raggaasaa, Abbaa Seeraa MMO Godina Shawaa Kaabaa fi kkf.

[181] Af-gaaffii Dastaayyoo Abbaa Seeraa MM Olaanaa G/W/Bahaa, gaafa 15/05/2009.Waggaarii Elisaay, Preezidaantii MM Aanaa Jimmaa Arjoo, Geetuu Maammoo, Preezidaantii MM Aanaa Guutoo Giddaa, gaafa 16/05/2009

Xiinxala Galmeerraa akka hubatamuutti murtii boordii irraa ol'iyyannoon mana murtii olaanaatti kan dhiyaatu ta'uun hubatameera.[182] Kana malees, hubannoon abbootii seeraa aangoo ol'iyyannoo irratti qaban gaarii ta'u murteewwan agarsiisan jiru. Fakkeenyaaf, yeroo dhimmootni gibiraa fi taaksii osoo boordii ol'iyannoo gibiraaf taaksii bira hin gahiin mana murtii idileetti kallattiin dhiyaatan manneen murtii olaanaa kallattiin dhiyaachuu hin qabu jechuun yeroo galmee cuufan jira.[183] Kunis, hubannoo aangoo ol'iyyannoo irratti jiru gaarii ta'u kan agarsiisuu dha.

Xiinxala kanarraa kan hubatamu murtee mana murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaa fi boordii ol'iyyannoo gibiraaf taaksiin kennameerraa ol'iyyannoon mana murtii idilee kamiitti akka dhiyaatu hubachuurratti hubannoon abbootii seeraa fi abbootii dhimmaa gaarii akka ta'eefi manuma murtii aangoo qabuutti kan dhiyaachaa jiru ta'u isaa ti. Kana jechuun garu dhimmootni manneen murtii bulchiinsaan ilaalamu qaban kallattiin manneen murtii idileetti dhiyaachaa hin jiran jechuu miti. Akkuma xiinxala mana murtii bulchiinsaa irratti taasifameen manneen murtii tokko tokkoo aangoo boordii ol'iyannoo gibiraaf taaksii akkasumas mana murtii hojjattoota mootummaa fudhachuun dhimmoota kan ilaalan ta'uu fi kunis ol-iyyannoon bakka tokko tokkootti yoo diigamu bakka tokko tokkootti kan cimu ta'u hubachuun danda'ameera.

Haata'u malee, erga ol'iyyannoon manneen murtii bulchiinsaa aangoo qaban irraa mana murtii idilee ol'iyyannoo dhagahuuf aangoo qabuutti dhiyaate booda hanqinaaleen adda addaa kan jiran ta'u xiinxala galmee fi af-gaaffii qaamolee adda addaa waliin taasifameerraa hubachuun ni danda'ama. Hanqinaaleen kunis:

A) Ulaagaalee Ol'iyyannoo Osoo hin Guutiin Dhimmootni Yeroo Dhiyaatan Keessummeessuu

Qaamni murtii mana murtii bulchiinsaan kenname koomatu ol'iyyannoo isaa mana murtii idileetti dhiyeessuuf haal-dureewwan adda addaa guutuu akka qabu seerota bu'uuraa waa'ee mana murtii bulchiinsaa sana tumanii fi seerota adeemsaa waliigalaa kan akka seera DFHH jalatti tumamaniiru. Haal-dureewwan kana guutuun ol'iyyachuurratti hanqinni kan jiru ta'u xiinxala galmee fi af-

[182] Fakkeenyaaf, Addee Shumii fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Bulchiinsa Magaalaa waliisoo, Mana Murtii Olaanaa G/Sh/K/Lixaa, gaafa, 29/12/2005, Salaamnash Makkataa fi himatamaa Waajjira galiiwwan aanaa Giraar Jaarsoo, MM olaanaa Godina Shawaa Kaabaa, lakk. G 39385 ta'e gaafa 19/07/2006, Zaman Addunyaa fi Abbaa Taayitaa buulchiinsa magaalaa Naqamtee, MM olaanaa Godona Wallagaa bahaa, Lakk. G. 37180, gaafa 14/09/2007, fi kkf.

[183] Abbaa taayitaa galiiwwan buulchiinsa magaalaa Fichee fi himatamaa waldaa koonistrakshinii laalibalaa, MM Olaana Goodina Shawaa Kaabaa lakk. G, 51209

gaaffii taasifameerraa hubachuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, falmii Lingariih Chakkoolii fi abbaa Taayitaa Bulchiinsa Magaalaa jimma gidduu tureen ol'iyyataan murtii boordii ol'iyyannoo gibiraaf taaksii kenneerraa ol'iyyannoo isaa mana murtii olaanaatti dhiyeesseera. Deebii kennaan moormii sadarkaa duraa dhiyeesseen ol'iyyataan haanga gibiraa boordiin murtaa'ee keessaa dhibbeentaa 10% dabalataan osoo hin qabsiisiin mana murtiitti iyyachuu hin qabu jechuun mormeera. Manni murtiis mormii sadarkaa duraa dhiyaateef osoo jala murtii hin kennin bira darbeera.[184] Haata'u malee, labsiin TOT lakk.75/95 fooyyeessuuf bahe labsii lakk.135/2000 keewwata. 21(5) jalatti ol'iiyyataan tokko murtii TOT kennameerraa boordiitti ol'iyyachuu kan danda'uu yoo dursee dhibbeentaa 50 qabsiisee akka ta'ee fi mana murtiitti iyyachuuf ammoo dabalataan 10% qabsiisuu akka qabu kaa'eera. Kunis, kaffaltootni gibiraa galii mootummaan yeroon argachu qabu akka hin arganneef callisanii gara mana murtii akka hin iyyanneef daangeessuuf kan kaayyeeffate dha. Kanaaf, ol'iyyannoo ulaagaa akkanaa hin guunnee fudhanii keessummeessuun kaayyoo seera gibiraa waliin hin deemne jechuun ni danda'ama. Dabalataan ol'iyyannoo yeroon isaa darbee haayyamsise malee yeroo banamee keessumma'u jira. Fakkeenyaaf, *Tansuu Araggaa fi Waajjira Galii Bulchiinsa Magaalaa Fichee*[185]gidduu tureen Manni murtiis rakkoon ol'iyyannoo yeroon kennuu dhabuun badii abbaa taayitaa garagalcha murtii yeroon kennu dhabe ta'u ibsuun ol'iyyannicha hayyamsisa malee kan fudhee keessumeessee fi mormii deebii kennaa darbiisa yeroo irratti bu'uura labsii 134/200 keewwata 112(1) tin guyyaa kudha shan keessatti iyyatamu qaba jedhu kuffiseera.[186] Kunis, manni murtii adeemsa seeraa bu'uura SDFHH keewwata 324 fi 325 waa'ee haayyamsisa tumame akka hin hordofne taasiseera.

Kanaaf, yeroo ol'iyyannoon manneen murtii bulchiinsaarraa gara mana murtii idileetti dhiyaatan haal-dureewwan seerota bu'uuraa mana murticha hundeessan keessatti tumanii fi kan SDFHH keessatti tumaman hordofurratti hanqinni akka jiru kan agarsiisuu dha.

B) Xiyyeeffannaa Addaa Akkaataa Seeraatin Kennuu Dhabuu

Dhimmoota hojjattoota mootummaa ilaallatan yeroo ol'iyyannoon mana murtii idileetti dhiyaatan xiyyeeffannaan akkamii kennamu akka qabu labsiin hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaas ta'e dambiin isa raawwachiisuuf bahee waan kaa'u hin qabu. Haata'u malee, labsiin bulchiinsa

[184] Lingariih Chakkoolii fi abbaa Taayitaa Bulchiinsa Magaalaa jimma, MMOGJ, lakk. G.33259, gaafa 09/11/2007.
[185] Tansuu Araggaa fi Waajjira Galii Bulchiinsa Magaalaa Fichee. Lakk.G, 52037, gaafa 15/07/2008 murtii argatee
[186] Ol'iyyataan Tansuu Araggaa fi Waajjira Galii Bulchiinsa Magaalaa Fichee. Lakk.G, 52037, gaafa 15/07/2008 murtii argatee

gibiraaf taaksii labsii lakk. 175/2005 kwt 19(1) jalatti manni murtii idilee dhaddacha addaa dhimmootni gibiraaf taaksii itti ilaalaman hundeessuu akka qabu tumeera. Xiinxala taasifameen manneen murtii idilee dhimmoota gibiraaf taaksiif dhaddacha addaa kan hundeessanii hin jirre ta'u af-gaaffii abbootii seeraa fi ogeessoota seeraa abbaa taayitaa galiiwwan sadarkaa sadarkaa jiran waliin taasifamee irraa hubatameera.[187] Xiinxala galmeerraa akka hubachuun danda'ameetti manni murtii dhimmi gibiraa tokko ol'iyyannoon isaa mana murtii olaanaatti yoo dhiyaatu abbootii seeraa garagaraan kan ilaalamaa ture ta'u hubachuun danda'ameera.[188] Kunis, akkaataa seeraan dhimmoota gibiraaf taaksiif xiyyeeffannaan addaa kennamaa kan hin jirre ta'u kan agarsiisuu dha.

C) Manneen Murtii Bulchiinsaa Ol'iyyannoo Sirnaan Kennuun Dhabuun Isaanii Manni Murtii Idilee Akkaataa Seeraan Hojii Isaanii Akka Hin Gaggeessisne Danqaa Ta'uu

Manni murtii hojjattoota mootummaas ta'e boordiin ol'iyyannoo gibiraa murtii akkaatuma mana murtii idleen barreeffamaan, xiinxala seeraa fi firii dubbii kan taasise kennuu akka qabu labsiiwwan manneen murtii bulchiinsaa kana hundeessan keessatti ibsameera. Akkuma xiinxala manneen murtii bulchiinsaa qorannoo kanaaf filataman irraa hubatameetti murtii barreeffamaanii fi adeemsa seeraan taa'e hordofu yeroon kennu irratti manni murtii hojjattoota mootummaa haala gaarii irra kan jiran ta'uus boordii ol'iyyannoo gibiraa biratti murtii barreeffamaan kennu irratti hanqina kan qabu ta'uun ibsameera. Kanarraa kana ka'e kaffaltootni gibiraa ol-iyyannoo isaanii mana murtii idileetti dhiyeeffachuuf yeroo rakkatan ni mul'ata. Fakkeenyaa, xalayaa lakk.1013/2008 gaafa 25/6/2008 kutaa preezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Kaabaatin barreeffame akka agarsisuutti Abbaa Taayitaa Galiiwwan Bulchiinsa Magaalaa Fiichee garagalcha murtii Boordii Gibiraaf Taaksii kaffalaa gibiraaf waan hin kennineef kaffalaan gibiraa ol'iyyannoo dhiyeessuuf ragaa waan dhabeef kutaa preezidaantiitti iyyate. Kutaa preezidaantiin abbaan taayitaa galiiwwan garagalacha murtii akka kennan ajajeera. Sana booda ol'iyyataan ol'iyyannoo isaa yeroo itti dhiyeessuu qabu jalaa darbeera. Manni murtiis rakkoon kan abbaa taayitaa garagalcha kennu dhabe ta'u ibsuun ol'iyyannicha hayyamsisa malee kan fudhee keessumeessee fi mormii deebii kennaa darbiinsa yeroo irratti bu'uura labsii 134/2000 keewwata

[187] Af-gaaffi Tasfaayee Hurriisaa, Abbaa Alangaa Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaalaa Fichee, Yeroo raggaasaa abbaa seeraa mana murtii olaanaa godina shawaa kaabaa,

[188] Fakkeenyaaf, Falmiin abbaa Taayitaa Galiiwwan magaalaa Fichee fi Waldaa koonistrakshinii Laallibalaa lakk.G, 51209, gaafa 06/07/2008 murtee argate abbootii seeraa garagara lamaan ilaalamee murtii kan argate dha.

112(1) tin guyyaa kudha shan keessatti iyyatamu qaba jedhu kuffiseera.[189] Kunis, manni murtii adeemsa seeraa bu'uura SDFHH keewwata 324 fi 325 waa'ee haayyamsisa tumame akka hin hordofne taasiseera. Kanaaf, Boordiin Ol-iyyannoo Gibiraa akkaataa seeraatiin hojii isaanii raawwachuu dhabuun manni murtii idilee aangoo ol-iyyannoo isaa sirnaan akka fixaan hin baasne taasiseera.

D) Ajajoota Manneen Murtii idileen Kennaman Sirnaan Raawwatamu Dhabuu

Manni murtii idilee aangoo ol-iyyannoo murtii mana murtii bulchiinsaan kennameerratti qaba yoo jedhame manni murtii bulchiinsaa ajaja ykn murtii mana murtii ol'iyyannoo dhagahuun kenname akkuma jiruun hojiirra olchuu kan qabu ta'u kan agarsiisuu dha.

Haata'u malee, murtee mana murtii idilee ol'iyyannoo dhagahu akkuma jiruun hojiirra olchuu fi ajajoota karaa mana murtii idileen kennaman raawwachiisuurratti hanqinaaleen adda addaa kan jiran ta'uu af-gaaffii fi xiinxala galmee taasifameerraa hubachuun danda'ameera. Fakkeenyaaf, dhimma *Miilkiyaas Ayyalaa fi Dhaabbata Bishaan Dhuugaatii Magaalaa Dambii Dolloo*,[190]jedhu irratti manni murtii waliigala oromiyaa dhimmii ol'iyyannoo badii naamusaa hojjataa dhaabbata bishaan dhugaatii dhimma mana murtii bulchiinsaatti ilaalamu male mana murtii idileetti ilaalamu miti jechuun murteesseera. Dhimmichi bu'uura kanaan mana murtii hojjattoota mootummaa bira yeroo dhaqu manni murtii bulchiinsaa dhaabbatni bishaan dhugaati bajata mataa isaa kan qabuu fi bajata isaatiin kan of bulchu waan ta'eef dhimmi kun dhimma mana murtii bulchiinsaan ilaalamu miti jechuun galmee cufeera.[191] Kana booda manni murtii olaanaa hojjataan kun furmaataa malee akka hin hafne jechuun murtii mana murtii waliigalaa dhaddacha ijibbaataa dhimmichi mana murtii hojjattoota mootumaan ilaalamu qaba jedhu bira darbuun manni murtii bulchiinsaa aangoo hin qabu waan jedheef jechuu manni murtii idilee dhimmacha fuudhuun bu'uura labsii hojjataa fi hojjachiisaa lakk. 377 keessummeessera.[192]

[189] Ol'iyyataan Tansuu Araggaa fi Waajjira Galii Bulchiinsa Magaalaa Fichee. Lakk.G, 52037, gaafa 15/07/2008 murtii argatee

[190] Dhaabbata Bishaan Dhuugaatii Magaalaa Dambii Dolloo fi Miilkiyaas Ayyalaa, MMWO dhaddacha ijibbaataa, lakk. G 128890, gaafa 19/06/2004.

[191] Miilkiyaas Ayyalaa fi Dhaabbata Bishaan Dhuugaatii Magaalaa Dambii Dolloo, MM hojjattoota mootummaa naannoo oromiyaa, Lakk. G. 07/08/2005.

[192] Miilkiyaas Ayyalaa fi Dhaabbata Bishaan Dhuugaatii Magaalaa Dambii Dolloo, MM olaanaa Goodina Qeellam Wallaggaa, lak. G, 09319, gaafa 20/02/2005.

Haaluma wal-fakkaatuun, falmii *Salaamnash Makkataa fi Waajjira Galiiwwan Aanaa Giraar Jaarsoo,*[193] gidduu tureen manni murtii waliigala Oromiyaa koreen komii gibiraa Aanaa Giraar Jaarsoo beeksisa murtii gibiraa ilaalee murteessee ture akkaataa labsii, dambii, fi qajeelfama gibiraan jiraniin sirriitti qulqulleessuun irra deebiin ilaalanii murtii seera qabeessa fi haqa qabeessa ta'e akka kennan qajeelfamaan gad deebiseera. Haata'u malee, koreen xalayaa ol'iyattuuf barreesseen akkaataa seeraatiin manni murtichaa gochuu kan qabu boordii ol'iyyannoo ajajudha malee kallattiin gara keenyatti barreessuun isaa sirri miti jechuun xalayaa himattuuf barreessera. Boordiin ammoo nutti hin barreeffamne jechuun dhimmicha keessummeessuu dideera. Kanaaf, iyyattuun yeroo lammaffaaf mana murtiitti akka iyyatu taasiseera.

Dhimma biroo Hojjattoota mootummaa ilaallaturratti Manni murtii waliigala Feedaraalaa falmiin ragaa qulqullinaa fi muuxannoo hojii ilaallatu mana murtii bulchiinsaa kan ilaalaman waan ta'eef manni murtii hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaan ilaaluu akka qabu ajajeera. Haata'u malee, xalayaa abbaan seeraa mana murtiichaa mana murtii waliigala feedaraalaaf barreessaniin manni murtii bulchiinsaa dhimma waraqaa ragaa fi muuxannoo hojii ilaaluuf aangoo hin qabu jechuun erganiiru. Kunis, ajajni lammaffaa akeekachisa of keessatti haammate abbaa seerichaaf akka barreeffamu taasiseera.[194]

Kanaaf, akka waliigalaatti manneen murtii bulchiinsaa ajajoota mana murtii ol'iyyannoo dhagahuun ykn dhimmicha haala biraan ilaaluuf aangoo qabuurraa dhufan akkuma manneen murtii gadi ajaja manneen murtii olaanoo fudhanii keessummeessaniitti keessummeessuurratti hanqinni akka jiru kan agarsiisuu dha.

4.2.3. Aangoo Keessa Deebii Manneen Murtii Idilee Murtiiwwan Manneen Murtii Bulchiinsaan Kennaman Irratti Qaban

Akkuma boqonnaa darbe keessatti ibsameen dhimmoota mana murtii bulchiinsaan kennaman keessa deebiin ilaaluuf manneen murtii idileen akka qajeeltootti aangoo keessa deebii qabu. Heerri mootummaa RDFI dhaddachi ijibbaataa manni murtii waliigalaa naannoo murteewwan manneen murtii naannichaa kamiyyuurratti yoo dogoggoorri seeraa jiraate aangoo ijibbaataa kan qabu ta'u

[193] Salaamnash Makkataa fi Waajjira galiiwwan aanaa Giraar Jaarsoo MM olaanaa Godina Shawaa Kaabaa, lakk. G 39385 ta'e gaafa 19/07/2006.

[194] Fiqaaduu Silaasee Mashashaaf fi Waajjira buulchiinsa godina shawaa bahaa, MMBulchiinsaa Murtii gaafa 3/10/2005 kenne.

keewwata 80(3(b)) jalatti tumeera. Kanaaf, dhaddachi ijibbaataa murteewwan manneen murtii idileen akkasumas murteewwan manneen murtii bulchiinsaa naannichaan keessatti kenname kamiirrattu yoo dogoggoorrii seeraa bu'uuraa jiraate aangoo keessa deebii qaba jechuu dha. Kana malees, seerotni manneen murtii bulchiinsaa hundeessan tokko tokko manneen murtii idilee dogoggoora seeraa mana murtii bulchiinsaan raawwatame akka sirreessan ni aageessuu. Kaan ammoo aangoo keessa deebii guutuummaan guutuutti dhorku. Darbees, seerotni tokko tokko aangoo kana haala ifa hin taaneen yeroo tuman ni mul'ata. Kanaaf, kutaa kana keessatti daataawwan galmeerraa akkasumas af-gaaffiin waliitti qabaman seerota waliin xiinxaluun rakkoolee dhimmoota mana murtii bulchiinsaan ilaalaman mana murtii idileen keessa deebiin yeroo ilaalaman qabatamaan mul'atan ni agarsiifamu.

Rakkoolee naannoo kana jiran adda baasuuf gaaffiin *rakkoolee dhimmoota mana murtii bulchiinsaan ilaalaman mana murtii idileen keessa deebiin ilaaluu waliin wal-qabatanii jiran ibsaa*? jechuun gaaffiin abbootii seeraa mana murtii idilee, abbootii seeraa mana murtii bulchiinsaa fi ogeessota seeraa dhimmichi isaan ilaallatuuf dhiyaateera. Xiinxala taasifameenis dhimmootni mana murtii bulchiinsaan ilaalaman keessa deebiin yeroo mana murtiitti dhiyaatan rakkooleen armaan gadii kan jiran ta'u sakatta'a taasifameen hubatameera. Isaanis:

A) **Dogoggoora Seeraa fi Dogoggoora Firii Dubbii Adda Baasuu**

Manni murtii idilee dhimmoota mana murtii bulchiinsaan kennaman keessa deebiin ilaaluuf aangoo kan qabu yoo murtiin sun seera qabeessa ta'u baate ykn dogoggoora seeraa qabaate dha. Haata'u malee, yeroo hunda dogoggoora seeraa fi dogoggoora firii dubbii adda baasuun salphaa hin ta'u. Af-gaaffii taasifameenis abbootiin seeraa dogoggoora seeraa fi dogoggoora firii dubbii adda baasuu irratti hanqina akka qaban ibsameera. Af-gaaffii abbootii alangaa abbaa taayitaa galiiwwan waliin taasifameen manni murtii idilee dogoggoora seeraa duwwaa akka ilaaluu kan aangeeffame ta'uus firii dubbii keessa galuun kan madaalan ta'u ibsameera.[195] Kana malees, af-gaaffii abbootii seeraa mana murtii idilee waliin taasifameenis manneen murtii biratti dogoggoora seeraa fi dogoggoora firii dubbii adda baasuu irratti hanqinni akka jiru ibsaniiru.[196] Dhimmoota hojjattoota mootummaa ilaallatan keessas manneen murtii idilee dogoggoora seeraa duwwaa

[195] Af-gaafii obboo Abarraa Buusaa A/Alangaa Abbaa Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa waliin gaafa guyyaa 08/05/09 taasifame

[196]Af-gaafii obboo Jaabir Huseen, B/b prezidaantii MMO Haargee Bahaa, gaafa 07/06/2009, taasifame

ilaalluurra darbuun firii dubbii yeroo madaalan kan jiru ta'u af-gaaffii abbootii seeraa mana murtii hojjattoota mootummaa waliin taasifameerraa hubatameera.[197]

Haaluma wal-fakkaatuun xiinxala galmeerraa akka hubatamu dhimmoota gibiraaf taaksii waliin wal-qabatan keessattis manni murtii keessa deebiin yeroo ilaalu hanqinaaleen adda addaa akka jiran hubatameera. Hanqinaaleen kunis, ijoowwan dogoggoora seeraa of keessatti qaban akka falmii firii dubbii ta'eetti fudhachu. Fakkeenyaaf, falmii *Salaamnash Makkata fi Waajjira galiiwwan Aanaa Giraar Jaarsoo,*[198] gidduu tureen iyyattuun ragaaleen ani bu'uura labsii gibiraan akka baasiitti akka naaf qabamu dhiyeesse naaf hin qabamne kan jedhu iyyata kan dhiyeessite ta'uus manni murtii dhimmichi ijoo firii dubbii malee ijoo seeraa of keessatti hin qabu jechuun murteesseera. Haata'u malee, nagaheen sun akkaataa seeraa kufaa ta'e moo? Miti? Kan jedhu ijoo seeraa ta'e osoo jiru manni murtii akka ijoo firii dubbiitti fudhachuun isaa sirrii miti. Akkuma boqonnaa darbee keessatti ibsameen dhimma tokko keessa falmiin jiru falmii firii dubbii ykn falmii seeraa ta'u adda baasuun yoo rakkisaa ta'e haala iyyataa fayyaduun jechuun dhimmicha akka dogoggoora seeraatti fudhatamu kan qabu ta'u saayinsiin seera bulchiinsaa ni akeeka. Kanaaf, bakka dhimmicha dogoggoora seeraa ykn dogoggoora firii dubbii ta'u adda baasuun rakkisaa ta'eetti qaawwii kana haala iyyataa ykn aangoo keessa deebii mana murtii bal'isuun hiikamuu osoo qabu dhiphisanii ilaluun aangoon keessa deebii akka daanga'u taasisuun hoj-maata faallaa saayinsii seera bulchiinsaa akka ta'e hubachuun ni barbaachiisa.

B) Bakka Seerri Aangoo Keessa Deebii Ifaan Hin Keenyeetti Hoj-maatni Wal-Fakkaataan Dhabamuu

Seerri hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaa fi Seerotni gibiraa manni murtii idilee murteewwan mana murtii bulchiinsaan kennaman keessa deebiin ilaaluu akka danda'anii fi mana murtii kamiitti ilaalamu akka qabu ifaan kaa'anii jiru. Haata'u malee, akkaataan bocamni labsii invastimantii akka labsiiwwan kaanii osoo hin taane haala iftoomina hin qabneen aangoo keessa deebii mana murtii idilee tumee jira. Kunis, keewwatni 6(5) murtiin boordichi kennu isa dhumaa ta'a jedha. Haata'u malee, isa dhumaa kan jedhu firii dubbiif haa ta'u dogoggoora seeraaf ifaan kaa'ee hin jiru. Kunis, caalatti kan hubatamu labsiiwwan biroo haala ifa ta'e aangoo keessa deebii

[197] Af-gaaffii Af-gaaffii Silashii Fiqaaduu, Abbaa Seeraa Mana Murtii Hojjattoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa,
[198] Dhimma Salaamnash Makkata fi Waajjira galiiwwan Aanaa Giraar Jaarsoo, MMO Goodina Shawaa kaabaa, lakk G, 36609, gaafa 07/06/05

mana murtii tuman waliin yeroo madaalamu dha. Akkuma boqonnaa darbe keessatti ibsameen fakeenyaaf, labsiin liizii kwt. 29(3) jalatti, "*decision of tribunal except on amount of compensation on issue of law and facts including claims for substitute land shall be final.*" Jechuun manni murtii dogoggora seeraa irratti aangoo keessa deebii akka hin qabne ifaan dhorke jira.

Xiinxala taasifameenis aangoon keessa deebii mana murtii dogoggora seeraa irratti qabu ifaan taa'ee waan hin jirreef manneen murtii Oromiyaa keessatti hoj-maatni wal-fakkaataan akka hin jiraanne kan taasise ta'uun hubatameera. Af-gaaffii taasifameen yeroo invastarootni komishiniin invastimantii waliigaltee keenya seeraan ala kute jechuun himannaa dhiyeessan manneen murtii tokko tokko dhimmicha fudhuun kan keessummeessan yoo ta'u manneen murtii tokko tokko ammoo akka keessa deebiin ilaaluuf hin aangeeffamne jechuun aangoo hin qabnu jedhanii galmee akka cuufan hubachuun danda'ameera.[199] Bu'aan xiinxala galmeerraa argamees kanuma kan cimsu dha. Fakkeenyaaf, falmii *Komishinii Invastimantii oromiyaa fi Obbo Haacaaluu Mooroda* gidduu tureen.[200] manni murtii waliigala Oromiyaa dhaddachi ijibbaataa bu'uura heera mootummmaa RDFI kwt 78(4), 80(2), heera mootummaa naannoo oromiyaa kwt. 64(2)(c) fi labsii lakk. 141/2000 kwt.26(1) fi 31 tin dhimmoota naannicha mana murtii idileenis ta'e mana murtii bulchiinsaan murtii dhumaa argatan kamiyyuurratti manni murtii waliigala Oromiyaa dhaddachi ijibbaataa dogoggoora bu'uura seeraa sirreessuuf aangoo keessa deebii akka qabu murteesseera. Bu'uuruma kanaan dhaddachi ijibbaataa murtiin boordiin invastimantii Oromiyaan kenname jechuun waliigalteen invastaraa fi koomishinii gidduu jiru akkaataa seeraatiin cite moo? Miti? Kan jedhu xiinxaluun dogoggoora bu'uura seeraa kan qabu miti jechuun murteesseera. Gama biroon labsiin invastimantii 138/2000 murtiin boordiin kennamu isa dhumaati waan jedhuuf dhimmuuma wal-fakkaatuu jechuun dhimmuuma waliigalteen koo seeraan ala cite jedhu bifa isaa jijjiruun invastarrii yeroo koomishiniin waliigaltee addaan kutee tarkaanfii fudhachuu deemuu jeequmsa narratti uumame jechuun himannaan yeroo dhiyaatuu fi manni murtii ijoodhuma wal-fakkaataa jeequmsaan fuudhanii yeroo keessummeessan ni mul'ata.[201] Dhimmootni boordii invastimantii

[199]Af-gaafii obboo Birhanuu abba adeemsa adeemsa hojii deegarsa tajaajila dhimma seeraa fi ol'iyyannoo waliin taasifame

[200] Haacaaluu Morodaa fi Komishinii Invastimantii oromiyaa, Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Lakk.G. 231828, gaafa 16/05/2008 murtii argatee.

[201] Camadaa Tuggee fi Koomishinii Invastimantii Godina Wallaga Bahaa N-11, Mana Murtii Aanaa Guutoo Giddaa, Lakk. G 21090, gaafa 13/02/2005. Koomishinii Invastimantii Godina Wallaga Bahaa fi Camadaa Tuggee, lakk.G.30080, gaafa 15/5/2005., Camadaa Tuggee fi Koomishinii Invastimantii Godina Wallaga Bahaa, Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Lakk.G, 154517, gaafa16/01/2006.

biratti ilaalamu qaban bifa jeequmsaan mana murtiitti dhiyaatanii keessummaa'uun isaanii sirrii miti. Sababiin isaa koomishiniin invastimantii sochii invastimantii jiru too'achuuf aangoo seeraan kennameef qaba waan ta'eef haanga daangaa aangoo isaa keessa raawwateetti jeequmsa jedhamu hin danda'u.

Galmeewwan kanarraa kan hubannu aangoo keessa deebii mana murtii murteewwan boordii invastimantiin kennaman irratti qabu ifa waan hin taaneef invastaroonni yeroo waliigalteen invastimantii addaan citu kaan keessa deebiif dhaddacha ijibbaataa kan deemanii fi kaan ammo bu'uura jeequmsaan mana murtii aanaarraa kaasanii furmaata kan barbaadanii fi manni murtiis bu'uuruma sanaan keessummeessaa kan jiru ta'u ni agarsiisa. Af-gaaffii abbootii seeraa fi ogeessoota koomishinii invastimantii waliin taasifameen aangoon keessa deebii mana murtii daanga'aa waan ta'eef invastaroonni mirga isaanii kabachisuuf tooftaawwan kan akka jeequmsaa faa jedhan akka fayyadaman ibsaniiru.[202]

C) Dhimmootni Akkamii Keessa Deebiin akka Ilaalamu Qabanii fi hin Qabne Adda Baasuu irratti Hanqinni Hubannoo Abbootii Dhimmaa Bira Jiraachuu

Manneen murtii bulchiinsaa akka biyya keenya jiran akka manneen murtii biyya Faransaay faa aangoo dhimmoota bulchiinsaarratti aangoo waliigalaa/general jurisdiction/ kan qaban osoo hin taane manneen murtii aangoo addaa/special jurisdiction/ qaban waan ta'aniif dhimmootuma seeraan akka ilaalan aangeeffaman duwwaa ilaalu qabu. Gama biroon dhimmootni haala addaan mana murtii bulchiinsaaf kennaman sun kallattiin mana murtiitti dhiyaachuu kan hin dandeenyee fi yoo seerri aangeesse duwwaa mana murtiin ol'iyyannoon ykn keessa deebiin kan ilaalamaniidha.

Xiinxala taasifameen dhimmoota mana murtii bulchiinsaan ilaalamuun keessa deebii duwwaaf mana murtii idilee deemuu qaban kallattiin mana murtiitti dhiyaachuun manneen murtiis aangoo hin qabnu jechuun iyyattootni mirga isaanii osoo hin kabachisiin kan hafan ta'u xiinxala galmee fi af-gaaffii irraa hubachuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, *Rahiimaa Ahimad fi Mallasa Alamaayyoo,* MMWO dhaddacha ijibbaata, lakk. G, 231422, gaafa 20/06/2009. Murtii kenneen falmii lafa invastimantii harkaan gahachuu dhabuu irratti bulchiinsii magaala nagallee fi waamamaa ammaa gidduu falmii turee dha. Bulchiinsi magaalaa lafa akka simachiisuu itti murtaa'erratti iyyatuun ammaa lafa kanarratti mirga dursaa argachuu kanan qabu ana ture jechuun

[202] Af-gaafii obboo Birhanuu abba adeemsa adeemsa hojii deegarsa tajaajila dhimma seeraa fi ol'iyyannoo waliin taasifame

himannaa mana murtii aanaatti kan dhiyeeffate yoo ta'u mana murtii aanaarraa kaasee hanga ijibbaatatti manni murtii sadarkaa duraan ykn kallattiin ilaaluuf aangoo hin qabnu jechuun murteessaniru. Bu'uura dambii 141/2001 keewwata 6 tin komiin gaaffii lafa invastimantii waliin wal-qabatu boordii invastimantiin kan ilaalamu malee mana murtiin kallattiin kan ilaalamu akka hin taane seerri kaa'ee osoo jiru; hubannoon jiru laafaa waan ta'eef akkuma dhimmoota kaanii ilaaluun mana murtiitti kan iyyatamaa jiru ta'u hubachuun ni danda'ama. Af-gaaffii taasifameenis hubannoon abbootii dhimmaa aangoo keessa deebii mana murtii idilee fi aangoo boordii invastimantiirratti qaban laafaa waan ta'eef himannaa kallattii mana murtiitti kan dhiyeessaa jiran ta'u hubatameera.[203]Haaluma wal-fakkaatuun dhimma hojjattoota mootummaa mana murtii hojjattoota mootummaatti ilaalamu qabu mana murtii idileetti iyyachuun manni murtii waliigala dhaddacha ijibbaataa keessa deebiin akka ilaaluuf yeroo gaafatamuu fi dhaddachi ijibbaataas dhimmichi kan mana murtiin keessa deebiin ilaalamu osoo hin taane dhimma mana murtii bulchiinsaan ilaalamu dha jechuun kan galme cufe ta'u xiinxala galmee taasifameerraa hubachuun ni danda'ama.[204]

Kanaaf, kanarraa akka waliigalaatti kan hubatamuu abbootii dhimmaa dhimmootni keessa deebiin ilaalamu qaban eessatti dhiyaachuu akka qaban irratti hubannoon jiru laafaa ta'uu irraakan ka'e manneen murtii sadarkaa adda addaarra jiraniitti himannaa yeroo dhiyeessanii fi mirga isaanii osoo hin kabachiisiin dhamaatii guddaaf kan saaxilaman ta'u dha.

[203] Af-gaaffii Makonniin Lammaa, Itti gaafatamaa Waajjira Pabliik Sarvisii fi Bulchiinsa Gaarii G/Sh/K/Lixaa, gaafa 15/06/2009.
[204] Fakkeenyaaf, falmii koolleejjii Barsiisoota Asallaa fi Addee kaloo Ismoo, Mana Murtii Waliigala oromiyaa Dhaddacha Ijibbaataa, Lakk. G 187729, gaafa27/04/2007.

Boqonnaa Shan

Yaada Gudunfaa fi Furmaataa

5.1. Yaada Guduunfaa

Qorannoon kun adeemsa kenninsa murtii manneen murtii bulchiinsaa fi aangoo too'annoo manneen murtii idilee sakatta'uun rakkoolee jiran adda baasuuf daataa bifa af-gaaffii fi galmeewwan manneen murtii bulchiinsaa fi manneen murtii idileerraa kan waliitti qabe dha. Daataawwan haala kanaan waliitti qabaman mala qorannoo akkamtaa fi bakka tokko tokkootti bal'ina rakkinichaa agarsisuuf mala qorannoo hammamtaa fayyadamuun xiinxala taasisee jira. Bu'aan xiinxala kanarraa argame akka waliigalaatti bakka lamatti qooduun akka kanaa gadiitti ibsameera.

5.1.1. Gurmaa'insa, Aangoo, Adeemsa Kenninsa Murtii, Dhaqqabamummaa fi qulqullina Murtii Manneen Murtii Bulchiinsaa

Manneen murtii bulchiinsaa haala bu'a qabeessa ta'een dirqama seera hiikuu/tajaajila abbaa seerummaa/ fixaan akka bahaniif aangoon manneen murtii ifa ta'ee beekamu qaba. Dabalataan, manneen murtii kunis sadarkaa mana murtii idileen ta'uu baatuus dhiibbaa qaamolee dhimmicharraa dantaa qaban irraa haala bilisa ta'een caaseeffamu qabu. Darbees yeroo murtii

kennan adeemsa seeraan taa'e hordofuu fi himatamaafis mirga deebii kennuu isaa haala eegeen falmii gaggeessuun murtiin kennuu qabu. Kallattii kaayyoo kana galma geessisuun xiinxalli manneen murtii bulchiinsaa naannoo Oromiyaa irratti taasifame akka waliigalaatti rakkoolee bu'aa qabeessummaa armaan gadii agarsiiseera.

- Aangoo manneen murtii bulchiinsaan wal-qabatee aangoon mana murtii hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaa akka aangoo mana murtii hojjattoota mootummaa feedaraalaa fi naannoo biroo dhimmoota hojjattoota mootummaa hunda haala haammachuu danda'uun bocamu dhabu. Aangoon manneen murtii bulchiinsaa bakka ifa ta'eetti ammoo abbootiin dhimmaa hanqina hubannoorraa kan ka'ee mana murtii bulchiinsaa dhiisuun kallattiin himannaa manneen murtii idileetti banuun rakkoolee ijoo aangoo mana murtii bulchiinsaa waliin wal-qabatanii ka'anii dha.
- Gurmaa'insa manneen murtii bulchiinsaa kana ilaalchisee muuxannoo biyyoota adda addarraa akkasumas manneen murtii bulchiinsaa biyya keessa jiran tokko tokkoorraa akka hubannuutti manneen murtii bulchiinsaa of danda'anii addatti hundeeffamu qabu. Labsiin hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaas ta'ee labsiin feedaraalaa manneen murtii hojjattoota mootummaa bilisa ta'uun akka caaseeffamaniif manni murtichaa kallattiin koomisharaan akka itti gaafataman kan tume ta'uus manni murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaa abbaa adeemsa hojii raawwii seerotaa fi kenninsa murtii jala kan caaseeffame jiru dha. Kunis hoj-maatni jiru seerarraa kan maqee fi bilisummaa mana murtichaarras dhiibbaa geessisuu kan danda'u dha.
- Boordii ol'iyyannoo gibiraaf taaksii ilaalchisee seerri duraanii haala bilisa hin taaneen itti gaafatamaan abbaa taayitichaa boordii keessattis murtii akka kennuu kan aangeesse ta'uus labsiin haaraa ogeessi abbaa taayitaa miseensa boordii ta'u akka hin qabne waan kaa'eef rakkoo caaseeffamaaf hanga ta'e furmaata kenneera jechuun ni danda'ama. Ta'uus, ammallee boordichi haala qaama of danda'een ykn koomishiniitti akka biyyoota biroo fi labsii feedaraatti hin hundeeffamneetti bilisummaa isaa guutummaan guututti mirkaneessu hin danda'u.
- Boordii invastimantii ilaalchisee waliigaltee invastaraas kan addaan kutu koomishinii invastimantii ta'e yeroo koomiin boordii biratti dhiyaatuus dhimmicha qulqulleessuun yaada murtii kan dhiyeessan hojjattoota koomishinii invastimantii ta'uun isaanii gaaffii bilisummaa kan kaasuu dha.

- Kallattii adeemsa seeraa hordofuun manni murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaa adeemsa seeraan taa'een himannaa fi deebii fudhachuu, deebii deebii kennisisuu, ragaalee madaaluu fi murtii bu'uura seeraa qabu kennu irratti haala gaarii irra jiru. Manneen murtii bulchiinsaa adeemsa al-idilee fi gabaabaa ta'e hordofu akka qaban ilaalleerra. Haata'u malee, manni murtii hojjattoota mootummaa adeemsa deebii deebii jedhu qabaachuun isaa dhimmotni gar-malee akka dheeratan kan taasisu dha.
- Boordiin ol'iyyannoo gibiraaf taaksii biratti adeemsoonni jiran bakkaa bakkatti garaagarummaa kan qabanii dha. Bakka tokko tokkotti akkaataa seerri jedhuun garee wal-falmaniif carraa kan kennamu yoo ta'u bakka baay'eetti carraan osoo hin laatamiin qaama muraasa qofa irraa qulqulleessani murtii kennuun jira. Boordi invastimantii wal-qabatee adeemsii jiru isaan lamaan armaan olii irraa garaagarummaa kan qabu yammuu ta'u komii dhiyaate komishiniin ragaalee waliin qindeessee Boordiif dhiyeessa waan ta'eef carraan deebii boordii biratti kennuun hin jiru. Akkuma qaama qorannoo kana keessatti ibsameen manneen murtii bulchiinsaa adeemsa seeraan taa'e hin hordofne heeraawaa akka hin taane ibsameera. Kanaaf, manneen murtii bulchiinsaa armaan oliitti ibsamanii fi hanqina adeemsa seeraa hordofu qaban tumaalee heeraallee kan cabasaa jiranii dha.
- Kallattii si'oominaan manneen murtii bulchiinsaa kun hundii murtii si'oomina qabu akka kennan kan hundeeffaman ta'uus yeroo gabaabaa keessatti murtii kennurratti hanqina akka qaban xiinxala taasifameerraa hubachuun ni danda'ama. Akka sababaatti waantoota ka'an keessa manni murtii bulchiinsaa hojjattoota mootummaa dhaqqabamaa ta'uu dhabuu dha. Boordii ol'iyyannoo gibiraaf taaksii fi boordii invastimantii ilaalchisee miseensootni isaanii hojii biroon qabamuurraan kan ka'e yeroo seeraan taa'e keessatti walgahuun murtii kennuu dhabuu jira.
- Rakkoon biroo manneen murtii bulchiinsaa hunda biratti mul'atu abbootiin seeraa manneen murtii bulchiinsaa kan ittin too'atamanii fi yeroo tajaajila abbaa seerummaa kennan ittin qajeelfaman koodii naamusaa akka abbootii seeraa manneen murtii bulchiinsaa biroo kan hin qabne ta'u isaanii ti. Kunis, sirna itti gaafatamummaa abbootii seeraa manneen murtii bulchiinsaa mirkaneessuu keessatti rakkoo uumeera.

Akka waliigalaatti rakkoolee seeraa fi hoj-maataa armaan oliitti ibsaman manneen murtii bulchiinsaa akka naannoo keenyaa jiran aangoo abbaa seerummaa isaaniif kenname akka fixaan hin baasneef taasisaniiru. Kanaaf, kallattii qabxiilee madaallii armaan oliitiin manneen murtii

bulchiinsaa naannoo Oromiyaa keessatti hundeeffamanii jiran bu'aa qabeessa ta'aniiruu jechuun kan hin danda'amnee fi rakkoolee furmaata barbaadan garagaraan xaxamanii kan jiran ta'uun hubachuun ni danda'ama.

5.1.2. Aangoo Too'annoo Manneen Murtii Idilee

Qajeeltoo seera bulchiinsaa keessaa tokko wal-too'annoon qaamolee mootummaa sadan gidduu akka jiraatuuf jecha manneen murtii idilee murtiiwwan manneen murtii bulchiinsaan akkasumas qaamolee bulchiinsaan kennaman irratti aangoo too'annoo akka qabaatan aangeessuu dha. Kanaaf, manneen murtii idilee aangoo ol'iyyannoo fi aangoo keessa deebii akka qabaatan ta'uun bocamu. Murteewwan manneen murtii bulchiinsaa qorannoo kanaan filatamaniin (mana murtii hojjattoota mootummaa, boordii ol'iyyannoo gibiraaf taaksii fi boordii invastimantii) kennamurratti manni murtii idilee kaan irratti aangoo ol'iyyannoo fi aangoo keessa deebii akka qabu ifaan yoo kaa'amu kaan irratti haala iftoomina hin qabneen aangoo too'annoo manneen murtii tume jira.

Xiinxala bifa af-gaaffii fi galmeewwan irraa taasifameen bakka seerichi aangoo too'annoo jechuun aangoo ol'iyannoo fi keessa deebii ifaan kaa'ee jiruutti rakkoon bal'aan kan hin jirree ta'uus keessattu aangoon mana murtii bakka ifaan hin teenyeetti hanqinaaleen garagaraa kan jiran ta'u xiinxala taasifameerraa hubachuun ni danda'a. Ol'iyyannoo mana murtii hojjattoota mootummaarraa gara mana murti idilleetti fudhatamu waliin wal-qabatee rakkoon bal'aan kan hin jirree ta'uus ol'iyannoo boordii ol'iyyannoo gibiraaf taaksiirraa gara mana murti idileetti fudhataman irratti hanqinaaleen garagaraa akka jiran xiinxala taasifameerraa kan hubatamu dha. Hanqinaaleen kunis:

A) Ulaagaalee ol'iyyannoo osoo hin guutiin dhimmootni yeroo dhiyaatan keessummeessuu
B) Xiyyeeffannaa addaa akkaataa seeraatin kennuu dhabuu
C) Haqinaaleen manneen murtii bulchiinsaa bira jiran aangoon ol'iyyannoo mana murtii idilee sirnaan akka hojiirra hin oolle taasisu
D) Ajajoota manneen murtii idileen kennaman sirnaan raawwatamu dhabuu

Dabalataan aangoo keessa deebii mana murtii idilee dhimmoota mana murtii bulchiinsaan kennaman irratti qaban ilaalchisee bakka seerichi aangoo keessa deebii mana murtii idilee ifaan kaa'ee jiruutti hoj-maatni manneen murtii akka waliigalaa wal-fakkaataa fi akkaataa seeraan kan keessa deebiin ilaalamaa jiru ta'uus bakka seerichi aangoo keessa deebii ifaan hin keenyeetti

rakkoon bal'aan keessattu dhimmoota invastimantiin wal-qabatee akka jiru xiinxala taasifameerraa hubatameera. Bakka seerichi aangoo keessa deebii ifaan kaa'ee jiruuttii fi kaa'uu dhabeetti hanqinaaleen adda addaa hanqina hubannoo, qaawwii seeraa fi kkf irraa kan ka'e akka jiran hubatameera. Haanqinaaleen qabatamaatti mul'atan:

A. Dogoggoora seeraa fi dogoggoora firii dubbii adda baasuu dhabuu
B. Bakka seerri aangoo keessa deebii ifaan hin keenyeetti hoj-maatni wal-fakkaataan dhabamuu
C. Dhimmootni gosa akkamii keessa deebiin akka ilaalamu qabanii fi hin qabne adda baasuu irratti hanqinni jiraachuu kan jedhan isaan ijoo dha.

5.2. Yaada Furmaataa

Bu'aan xiinxala daataa bifa af-gaaffii fi galmee irraa argamee akka agarsiisuutti adeemsi kenninsa murtii manneen murtii bulchiinsaa naannoo Oromiyaa fi aangoon too'annoo manneen murtii idilee hanqinaalee adda adda armaan oliitti caqafamaniin kan xaxame dha. Kanaaf, hanqinaalee kana furuun manneen murtii bulchiinsaa bu'a qabeessa ta'an akka jirataan akkasumas sirni too'annoo mana murtii idilee bira jiru akkaataa heeraanii fi seerotaan raawwatamuuf yaadni furmaataa waliigalaa fi addaa armaan gadii kennameera.

Yaadni Furmaataa Waliigalaa

Rakkoolee seeraa fi hoj-maataa manneen murtii bulchiinsaa fi manneen murtii idilee waliin wal-qabatanii ka'aniif yaadni furmaataa armaan gadii kennameera.

Yeroodhaa yerootti seerotni gara garaa aangoo abbaa seerummaa manneen murtii idileerraa fudhachuun manneen murtii bulchiinsaa fi qaamolee bulchiinsaa garagaraa aangeessaa waan jiraniif rakkoolee garagaraa muudatanii fi gara fuula duraa muudachuu danda'an hambisuuf seera bulchiinsaa qindaa'aan barbaachisaa dha. Akkuma biyyoota Feedaraalaa biroo heerri mootummaa RDFI qaama raawwachistuu naannoo fi feedaraalaa hundeesseera. Qaamni raawwachistuu naannoon jiraachuun isaa seerri bulchiinsa naannoo addatti jiraachuu akka danda'u kan agarsiisu dha. Kanaaf, rakkoolee seeraa manneen murtii bulchiinsaa fi aangoo too'annoo manneen murtii idilee waliin wal-qabatanii fi hoj-maata jiruullee wal-fakkaataa akka hin taanee fi kaayyoo seeraa ala akka bahu taasiseef furmaata fuulla'aa kan ta'u seera bulchiinsa qindaa'aa tokko akka naannoo Oromiyaatti akka bahu taasisu dha.

Seerri bulchiinsaa bahu ijoowwan garagaraa kan of keessatti hammachuu qabu ta'uus kallattii kaayyoo qorannoo kanaan qajeeltoowwan armaan gadii waa'ee manneen murtii bulchiinsaa fi aangoo too'annoo manneen murtii idilee of keessatti hammachuu qaba.

- Aangoo isaanii akka mana murtii hojjattoota mootummaa dhimmi hojjatoota mootummaa waliin wal-qabatan muraasa duwwaa haala hammatuun osoo hin taane firii dubbii irratti manneen murtii bulchiinsaa aangoo bal'aa ta'e akka qabaniitti tumamu qaba. Sababni isaa yeroo baay'ee manneen murtii kan hundeeffaman dhimmichi ogeessa addaan akka ilaalamu yeroo barbaadamu dha.
- Caaseeffamni isaa haala bilisummaa mirkaneessuu danda'uun qaama dhimmi isaa ilaalamaa jiru irraa addaa ta'uun ykn yoo xiqqaate ogeessota waajjira dhimmi isaa ilaalamu ala ta'aniin akka hundeeffamu taasisu.
- Manni murtii idilee murteewwan manneen murtii bulchiinsaan kennaman irratti yoo xiqqaate aangoo keessa deebii kan qabu ta'u qaba.
- Kana dabalataan akkuma manneen murtii bulchiinsaa biroo manneen murtii bulchiinsaa naannoo keenyas koodii naamusaa itti hogganaman qabaachuu qabu.

Yaadni furmaata addaa /specific/

- Labsii hojjatoota mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.61/94 keessatti dhimmoota muraasa qofa mana murtii bulchiinsaa aangeessuun dhimmoota hojjattoota mootummaa biroo bira taree jira. Kanaaf, labsichi akkuma labsii feedaraalaa dhimmoota hojjattoota mootummaa ilaallatan hunda haala haammatuun fooyya'u qaba.
- Adeemsi deebii deebii seericha keessa haaqamu qaba.
- Manni Murtii Hojjattoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Finfinnee keessatti duwwaa kan argamuu dha. Kun immoo Manni murtii bulchiinsa dhaqabamummaadhaan dhimmoota irratti akka murtii hin kennine taasifamee jira. Kanarra kan ka'ees mirgootni lammilee midhamaa waan jiruuf manni murtii bulchiinsa sadarkaa Godinaatti hundeessuun barbaachisa dha. Kun yoo danda'amuu baate akkuma dhaddachaalee dhaabbii mana murtii waliigala oromiyaa kallattiiwwan afran Oromiyaatti (dhaddacha giddu galeessaa, dhaddacha kibbaa, dhaddacha bahaa, dhaddacha lixaa) dabalataan hundeessuun barbaachisaa dha.

- Boordiin invastimantii akkuma manneen murtii bulchiinsa biroo qofaatti of danda'ee fi haala bilisa ta'een hundeeffamuun aangoo abbaa seerummaa itti kenname bahachuu qaba.
- Dhimmoota invastimantii irratti hoj-maatni wal-fakkaataan akka jiraatuuf akkuma labsiiwwan manneen murtii bulchiinsaa biroo hundeessaniitti aangoon keessa deebii mana murtii idilee ifaan kaa'amuu qaba.

Yaadota fooyya'insa seeraa armaan oliitiin dabalataan yaadni furmaata hubannoo cimsuu armaan gadii kennamaniiru.

- Qulqullinaa manneen murtii bulchiinsaa fooyyeessuuf abbootii seeraa ykn miseensoota manneen murtii bulchiinsaaf akkataa kenninsa murtii irratti leenjii kennamu qaba.
- Akkaataa dogoggoora seeraa fi dogoggoora firii dubbii adda bahuurratti, akkasumas bakka rakkoon seeraa jiruutti hiikkoon seera bulchiinsaa akkamii aangoo ol'iyyannoo fi aangoo keessa deebii murteessuuf hojiirra oluu akka qaban leenjiin abbootii seeraa mana murtii idileef kennamu qaba.

Waabiiwwan

Barruu fi kitaabolee

1. Christopher Enright, Reconceptualising Error of Law, Canterbury 2015
2. Moojulii Leenjii Seera Bulchinsaa: Mana Murtiin Murtii Qaamolee Bulchiinsaa Irra Deebiin Ilaalu, Wiirtuu Leenjii Feedaraalaan Qophaa'e
3. Tamirat malefiya, judicial review and competence of Adminstrative tribunal to give final decision:a comparative study with south Africa and UK
4. Practice the essential for administrative tribunal
5. Introduction to tribunal system
6. Alamaayyoo Waaggarii faa, Sakatta'a Fedhii Leenjii, Fi Qorannoo Qaamolee Haqaa Naannoo Oromiyaa Bara 2009, Ilqso, kan hin maxxanfamne
7. Ombudusman, Administrative Tribunals and the Canadian Legal System
8. Matthew Groves, Australian administrative law: Fundamentals, principles and doctrines, Cambridge University Pres, 2007

Seerota

1. Labsii bulchiinsa taakii federaala lakk 983/2008
2. Labsii galii gibiraa mootummaa naannoo Oromiyaa lakk.74/95
3. Labsii gibiraa mootummaa naannoo Oromiyaa lakk.74/95 fooyyeessuuf bahe lakk. 134/2000
4. Labsii Hojjatoota Mootummaa Oromiyaa lakk. 61/1994
5. Labsiin investimantii Oromiyaa lakk 138/200
6. Heeraa mootummaa Riipabliika Dimookratawa Federaala Itoophiyaalabsii lakk.1/1995
7. Seera Hariiroo Hawaasaa

Dambii

1. Dambii hojjatoota mootummaa Oromiyaa lakk.36/96

Toora intarneetii

1. Yemane Kassa, Dealing with Justiciability: in Defense of Judicial Power in Ethiopia fuula 48. http://r.search.yahoo.com/_ylt=A7x9UnIERzVYYSQAFZlfCwx.;_ylu=X3oDMTBydWpobjZlBHNlYwNzcgRwb3MDMQRjb2xvA2lyMgR2dGlkAw--/RV=2/RE=1479915397/RO=10/RU=http%3a%2f%2fwww.mu.edu.et%2fmulj%2fpdfs%2fv3_N1%2fV3_N1-2.pdf/RK=0/RS=80LK2.TRW6amI2yQe5FzZGJ_fjw-
2. Dr. Nguyen Van Quang, Grounds for Judicial Review of Administrative Action: An Analysis of Vietnamese Administrative Law, Nagoy a Univ er s ity Center for Asian Legal Ex c hange fuula 22-23. http://r.search.yahoo.com/_ylt=A9mSs3FdRjVYmKQAUSZLBQx.;_ylu=X3oDMTEyZTdmZmlvBGNvbG8DaXIyBHBvcwMxBHZ0aWQDQjI2NDdfMQRzZWMDc3I-/RV=2/RE=1479915229/RO=10/RU=http%3a%2f%2fcale.law.nagoya-u.ac.jp%2f_userdata%2fDP%2520No.%25203.pdf/RK=0/RS=ENfXvL0LyAK0nfYda2g0pJmqEMs-
3. Professor RL Simmonds, The Law Reform Commission of Western Australia, December 2002 fuula 2. http://r.search.yahoo.com/_ylt=A9mSs245RTVYaYYAWLlLBQx.;_ylu=X3oDMTEyZTdmZmlvBGNvbG8DaXIyBHBvcwMxBHZ0aWQDQjI2NDdfMQRzZWMDc3I-/RV=2/RE=1479914937/RO=10/RU=http%3a%2f%2fwww.lrc.justice.wa.gov.au%2f_files%2fP95-R.pdf/RK=0/RS=r.JSZoq3d2jKm3cPGJAAXsolwXc-
4. Aberham Yohannes & Desta G/Michael, Administrative Law Teaching Material, repared under the Sponsorship of the Justice and Legal System Research Institute, 2009, fuula-189. http://r.search.yahoo.com/_ylt=A9mSs2WCRDVYESQAHw1LBQx.;_ylu=X3oDMTEyNjFlam1pBGNvbG8DaXIyBHBvcwMzBHZ0aWQDQjI2NDdfMQRzZWMDc3I-/RV=2/RE=1479914754/RO=10/RU=http%3a%2f%2fwww.joptc.gov.et%2fjoptc%2fPortals%2f0%2fadministrative-law.pdf/RK=0/RS=6Fp88V2JEtkybIO.TII3UHJmraU-
5. Judicial review, http://www.businessdictionary.com/definition/judicial-review.html
6. Appeal from Licensing Order, http://www.wandsworth.gov.uk/info/200293/alcohol_entertainment_and_late_night_refreshment_licences/1616/representations_reviews_complaints_and_appeals/5
7. http://www.lawteacher.net/lecture-notes/english-legal-system/admin-tribunals.php

8. William F. Fox, Jr. Professor of Law, Understanding Administrative Law, Fourth Edition, Catholic University of America, fuula 18. https://www.lexisnexis.com/documents/pdf/20090218103837_large.pdf,

Galmeewwaan

1. Booruu Waldee fi Koomishinii BLTO oromiyaa, Mana Murtii Hojjattoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Lakk. G b-639/08, gaafa 20/03/2005
2. Camadaa Tuggee fi Koomishinii Invastimantii Godina Wallaga Bahaa N-11, Mana Murtii Aanaa Guutoo Giddaa, Lakk. G 21090, gaafa 13/02/2005
3. Koomishinii Invastimantii Godina Wallaga Bahaa fi Camadaa Tuggee, lakk.G.30080, gaafa 15/5/2005
4. Camadaa Tuggee fi Koomishinii Invastimantii Godina Wallaga Bahaa, Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Lakk.G, 154517, gaafa16/01/2006.
5. Haacaaluu Morodaa fi Komishinii Invastimantii oromiyaa, Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Lakk.G. 231828, gaafa 16/05/2008 murtii argatee
6. Salaamnash Makkata fi Waajjira galiiwwan Aanaa Giraar Jaarsoo, MMO Goodina Shawaa kaabaa, lakk G, 36609, gaafa 07/06/05
7. Fiqaada Silaasee Mashashaaf fi Waajjira buulchiinsa godina shawaa bahaa, MMBulchiinsaa Murtii gaafa 3/10/2005 kenne
8. Salaamnash Makkataa fi Waajjira galiiwwan aanaa Giraar Jaarsoo MM olaanaa Godina Shawaa Kaabaa, lakk. G 39385 ta'e gaafa 19/07/2006.
9. Miilkiyaas Ayyalaa fi Dhaabbata Bishaan Dhuugaatii Magaalaa Dambii Dolloo, MM olaanaa Goodina Qeellam Wallaggaa, lak. G, 09319, gaafa 20/02/2005
10. Dhaabbata Bishaan Dhuugaatii Magaalaa Dambii Dolloo fi Miilkiyaas Ayyalaa, MMWO dhaddacha ijibbaataa, lakk. G 128890, gaafa 19/06/2004
11. Falmiin abbaa Taayitaa Galiiwwan magaalaa Fichee fi Waldaa koonistrakshinii Laallibalaa lakk.G, 51209, gaafa 06/07/2008 murtee argate

12. Fiqaada Silaasee Mashashaaf fi Waajjira buulchiinsa godina shawaa bahaa, MM Waliigala oromiyaa, Lakk. G 170058, gaafa19/03/06.
13. Fiqaada Silaasee Mashashaaf fi Waajjira buulchiinsa godina shawaa bahaa, MMBulchiinsaa Murtii gaafa 3/10/2005 kenne
14. Salaamnash Makkataa fi himatamaa Waajjira galiiwwan aanaa Giraar Jaarsoo, MM waliigala Oromiyaa, lakk.g, 141520, gaafa 30/12/2005
15. Zaman Addunyaa fi Abbaa Taayitaa buulchiinsa magaalaa Naqamtee,[1] MM olaanaa Godona Wallagaa bahaa, Lakk. G. 37474, gaafa 03/11/2007
16. Abbaa taayitaa galiiwwan buulchiinsa magaalaa Fichee fi himatamaa waldaa koonistrakshinii laalibalaa, MM Olaana Goodina Shawaa Kaabaa lakk. G, 51209
17. Addee Shumii fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Bulchiinsa Magaalaa waliisoo, Mana Murtii Olaanaa G/Sh/K/Lixaa, gaafa, 29/12/2005
18. Dheereessaa Simaa fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan magaalaa Sabbataa, Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, lakk. G. 2523300, gaafa 25/05/2009
19. Yamiisiraach Geetaachoo fi Waajjira Qonnaa fi Misooma Baadiyyaa Aanaa Aqaaqii, Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Lakk.G, 140975, gaafa 22/12/2005.
20. Obboo Haayiluu Tsahaay fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaala Jimmaa gaafa 07/06/2007 murtee argate (lakk.galmee hin qabu)
21. Obboo Arragaw fi Worqinaa vs Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaala Jimmaa murtee gaafa 07/06/2007 (lakk.galmee hin qabu)
22. obboo Taammiruu Walda Maariyaam fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaala Shashamannee murtee gaafa 25/09/2008 (lakk.galmee hin qabu)
23. Obboo Birhaanuu Diilsaaboo fa'a N-5 fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan GAONF irratti Boordiin Ol'iyyannoo taaksii fi gibiraa gaafa guyyaa 10/04/09 xalaya lakk.GAONF/6590/2009 murteesse
24. Amaan hajii fi W/T/Bishaan Dhuugaatii Magaalaa Heexoosaa, MM Buulchiinsaa Hoojjattoota Mootummaa Naannoo oromiyaa, Lak. G 564/07, gaafa 23/10/2007
25. Silashii Tashoomaa fi Waajjira Buulchiinsa Magaalaa Baatuu, MM Buulchiinsaa Hoojjattoota Mootummaa Naannoo oromiyaa, Lak. G 581/0, gaafa 03/10/2007
26. Gammachiis tashoomaa fi Waajjira Barnoota A/yubdoo MM Buulchiinsaa Hoojjattoota Mootummaa Naannoo oromiyaa, Lak. G 590/07, gaafa 02/10/2007

27. Fiqada silaasee Mashashaa fi Waajjira buulchiinsa godina shawaa bahaa, MM Waliigala Feedaraalaa Lakk. G, 87369, gaafa 27/7/2005
28. Fiqaada Silaasee Mashashaaf fi Waajjira buulchiinsa godina shawaa bahaa, MM Aanaa Adaamaa, lakk. G, 59886, gaafa, 27/11/2004
29. Aadde Wosanee vs Waajjira Maallaqa fi Misooma Diinagdee Aanaa laga hidhaa lakk.galmee Mana murtii ol'aanaa Godina Baalee 17690
30. Addee Kaloo Ismoo vs Kollejii Barnoota barsiisoota Asallaa lakk.galmee MMWO Dh.ijibaataa 187729
31. Xajjituu Tufaa fi Waajjira MMD Aanaa Iluu, MM Aanaa Iluu, lakk.G. 38743, gaafa 13/04/2009
32. Abdii Xayyib fi Waajjira Buufata Fayyaa Aanaa Qarsaa mana murtii Aanaa Magaalaa Jimmaa lakk.galmee 26844 gaafa guyyaa 19/04/05
33. Obbo Jaafa yusuuf fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaalaa Jimmaa lakk.A/T/G/M/J/2890/2007 gaafa guyyaa 09-05-2007
34. Obboo Jamaal Kadiir fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Godina Arsii Lixaa lakk.BU/12/168/09 gaafa guyyaa 12/03/09
35. Aadde Ayishaa fi Iqilimaa fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaala Jimmaa lakk.A/T/G/M/J/12891/2007 gaafa 09/05/07
36. Asafash Adaree fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaala Jimmaa lakk.A/T/G/M/J/12895/2007
37. Obbo Taajuu Tamaam fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaalaa Jimmaa lakk.A/T/G/M/J/12894/2007 gaafa guyyaa 09/05/07
38. Obboo Habsaa Muhammad fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaala Jimmaa lakk.A/T/G/M/J/1790/07 gaafa 28/06/07
39. Aaddee Samiiraa Jamaa fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaala Jimmaa lakk.A/T/G/M/J/5032 gaafa 19/10/2007
40. Obboo Tasammaa Baqqala fi Abbaa Taayitaa Magaalaa Jimmaa lakk.A/T/G/M/J/5033/07 gaafa 19/10/2007
41. Aadde Miskiyaa Ahimad fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaalaa Jimmaa lakk.A/T/G/M/J/1785 gaafa 03/08/07

42. Obboo Tasammaa Baqqala fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaalaa Jimmaa lakk.A/T/G/M/J/C/4116/07 gaafa 30/07/07
43. Aadde Tsahaay Abbabaa fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaalaa Jimmaa lakk.A/T/G/M/J/1787/07 gaafa 03/08/2007
44. Obboo Fu'aad Hasan fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaalaa Jimmaa lakk.A/T/G/M/J/1788/07 gaafa 03/08/2007
45. Obboo Rashiid Ahimad fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaala Jimmaa lakk. A/T/G/M/J/1784/2007 gaafa 03/08/07
46. Iminat Indaashaw fi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaala Shashamannee lakk.25050 gaafa 02/03/2009
47. Aadde Eelsaabeet Alamuu fi Komishinii Invastimantii Oromiya
48. Obbo Sa'id Yusuuf fi Komishinii Invastimantii Oromiya
49. AL-Ibirahim PLC fi Komishinii Invastimantii Oromiya
50. Al Amin General Trading PLC' fi Komishinii Invastimantii Oromiya
51. Aadde Faaxumaa Siraaj fi Komishinii Invastimantii Oromiya
52. Dhaabbata 'Office teck Ashatebi Animal Fattening PLC' fi Komishinii Invastimantii Oromiya
53. Aadde Felleqechi Wandimmuu fi Komishinii Invastimantii Oromiya
54. Obbo Gammachuu Bareechaa fi Komishinii Invastimantii Oromiya
55. Tasammaa Ayyalaa fi Komishinii Invastimantii Oromiya
56. Waldaa 'Gift Agro Bissnes PLC' fi Komishinii Invastimantii Oromiya
57. Dr. Baqqalaa Dabalee fi Komishinii Invastimantii Oromiya
58. Alemayeehu Shiferahu fi Komishinii Invastimantii Oromiya
59. Haacaaluu Morodaa fi Komishinii Invastimantii Oromiya
60. Dha. 'Gimbi Agricultural Development PLC' fi Komishinii Invastimantii Oromiya
61. Obbo Devid Valley fi Komishinii Invastimantii Oromiya
62. Ermiyaas G/Tsadiiq fi Komishinii Invastimantii Oromiya
63. Tasfayee Gurmuu fi Komishinii Invastimantii Oromiya
64. ZI-Andeta PLC fi Komishinii Invastimantii Oromiya
65. Romtom Agri—Plc fi Komishinii Invastimantii Oromiya
66. Satkartar Hawas Agro.Industry Plc fi Komishinii Invastimantii Oromiya
67. Dhaabbata " BH '' PLC
68. Saatkaar Hawaas agro.Indu. plc "

69. Makkiyaa Enterprise
70. “ Burqituu Hadiyyaa Misooma Bunaa fi Urgooftuu”
71. NINT Agri plc ”
72. Dhaabbata DOMI Farming Sh. Co

Namoota af-gaafiin waliin taasifame

1. Taariku Nagaroo, Ogeessa Seeraa Waajjira Pablik Sarvisii fi misooma qabeenya humna nama Aanaa Guutoo Giddaa, gaafa 15/06/2009..
2. Geetuu Maammoo, Preezidaantii MM Aanaa Guutoo Giddaa, gaafa 16/05/2009
3. Taaddalach Yaadasaa, B/B itti gaafatamtu G/Sh/K/Lixaa, gaafa 14/6/2009
4. Tasfaayee Dajanee, Preezidaantii MM A Kuyyuu, gaafa 30/05/2009.
5. Jaabir Huseen, B/b prezidaantii MMO Haargee Bahaa, gaafa 07/06/2009
6. Ayyaush Tasamaa Abbaa seera Mana Murtii bulchiinsa Hojjattoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa gaafa 08/05/09
7. Shaamee Abdoosh, Itti/Gaafatamaa Waajjira Pablik Sarvisii fi misooma qabenya humna nama Magaalaa Baabbilee, gaafa 09/06/2009,
8. Masarat Shifarraawu, itti Aantu Waajjira Pablik Sarvisii fi misooma qabeenya humna nama Magaalaa Baabbilee, gaafa 09/06/2009.,
9. Aagituu kabbada, Ogeessa Sagantaa Fooyya’insa Sirna Haqaa Waajjira Waajjira Pablik Sarvisii fi Bulchiinsa Gaarii Aanaa Guutoo Gidaa, gaafa 15/06/2009.
10. Obboo Takkaaliny I/A hoogganaa Biiroo Pabliik Sarvisiif Misooma Qabeenya Humna nama naannoo Oromiyaa,
11. obboo Silashii Fiqaaduu Abbaa seeraa mana murtii bulchiinsaa waliin gaafa guyyaa 08/05/09 taasifame
12. Aabbuu Siraaj A/Alangaa Abbaa Taayitaa Galiiwwan Magaalaa Shashamannee waliin gaafa guyyaa 19/05/09 taasifame
13. obboo Girmaa Urgee I/G Waajjira Bulchiinsa GAONF fi walitti qaba Boordii Ol’iyyannoo Gibiraa fi taaksii waliin gaafa guyyaa 21/06/09 taasifame
14. Maskaram Margaa, Itti/ga/Abbaa taayitaa galii Magaalaa Fichee, gaafa 29/05/2009,
15. Jaalannee Bantii, Hooggantuu Abbaa Taayitaa Galiiwwan Aanaa Jimmaa Arjoo, gaafa 17/05/2009

16. Adaana Biraasaa, Expartii Seeraa, Wajjira Bulchiinsa Godina Wallaga Bahaa, gaafa 16/05/2009.
17. obboo Darrasaa Raggaasaa A/Alangaa Abbaa Taayitaa Galiiwwaan GAONF waliin gaafa guyya 21/06/09,
18. Sa'id Khaliifaa Qondaala Naamusaa.Abbaa Taayitaa galiiwwan jimmaatti qondaala naamusaa waliin gaafa guyya
19. Aliiyyii Siraaj, Abbaa alangaa Waajjira galii Godina Harargee Bahaa, gaafa 07/06/2009.
20. Dajanee Baallammii, Itt/G/W/Kantiibaa magaalaa Fichee, gaafa 29/05/2009,
21. Ganaanaawu Siyyuum, A/A Abbaa taayitaa Galiiwwan Aanaa Kuyyuu, gaafa 30/05/2009,Galataa Caalaa, Itti/gaafatama/Waj/Bulchiinsa Aanaa Bachoo, gaafa 17/06/2009.
22. Obboo Abiyoot Asaffaa Qindeessaa dhimma Opreeshinii galii Abbaa Taayitaa Galiiwwanii Aanaa Sabbataa Hawaas waliin gaafa guyyaa 22/06/09,
23. obboo Tolaa Alamuu A/Alangaa Abbaa Taayitaa Galiiwwanii Magaalaa Roobee waliin gaafa guyyaa 27/06/09 taasifame
24. obboo Birhanuu abba adeemsa adeemsa hojii deegarsa tajaajila dhimma seeraa fi ol'iyyannoo waliin taasifame
25. Abbaba Jootee, abbaa Seeraa Mana murtii Waliigala Dhaddacha lixaa
26. Alamaayyoo Gaaddisaa, preezidaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Wallaga Bahaa gaafa,
27. Yeroo Raggaasaa, Abbaa Seeraa MMO Godina Shawaa Kaabaa
28. obboo Toofiiq Muhaammad A/Alangaa Abbaa Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa waliin gaafa guyyaa 08/05/09 taasifame
29. obboo Abarraa Buusaa A/Alangaa Abbaa Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa waliin gaafa guyyaa 08/05/09 taasifame
30. Makonniin Lammaa, Itti gaafatamaa Waajjira Pabliik Sarvisii fi Bulchiinsa Gaarii G/Sh/K/Lixaa, gaafa 15/06/2009
31. Jamaal Ahimmad, Abbaa Alanagaa Waajjira Galii magaalaa Haroomaayaa, gaafa 08/06/09
32. Abaata Asifaraaw, Ab/Ad/H/Hooggansa Qabeenya Namaa Magaalaa Baabbilee, gaafa, 09/06/2009.
33. Abdusalaam Mohammad, Itti Aanaa Waajjira Galii Magaalaa Baabbilee, gaafa 09/06/2009.

34. Salamoon Balaachoo, A/A Waajjira Galii Aanaa Baabbilee, gaafa 09/06/2009
35. Ahimad Kamaal, itti Gaafatamaa Waajjira Galii Aanaa Baabbilee, gaafa 09/06/2009.
36. Gammachuu Bantii, Qoondaalaa Naamusaa, Waajjira Pablik Sarvisii fi misooma qabeenya humna namaa Aanaa Guutoo Giddaa, gaafa 15/05/2009
37. Taaddasa Gabii, A/A Abbaa Taayitaa Galii Aanaa Guutoo Giddaa, Gaafa 15/05/2009
38. Darajjee Taaddasa, Koominikeeshinii Abbaa Taayitaa Galii Aanaa Guutoo Giddaa, Gaafa 15/05/2009
39. Addisee Guddinaa, Ogeessa Seeraa Waajjira Pablik Sarvisii fi Bulchiinsa Gaarii G/Wallaga Bahaa, gaafa 15/05/2009.
40. Tasfaayee Abbitoo, waliitti qabaa koree komii Waajjira Pablik Sarvisii fi Bulchiinsa Gaarii G/Wallaga Bahaa, gaafa 15/05/2009.
41. Baqqala Dheeressaa, Hooggansa Qabeenya Humna Namaa fi miseensa koree Naamusaa, Waajjira Pablik Sarvisii fi misooma qabeenya humna nama G/Wallaga Bahaa, gaafa 15/05/2009.
42. Dastaayyoo Abbaa Seeraa MM Olaanaa G/W/Bahaa, gaafa 15/05/2009.
43. Alamaayyoo Warqinaa, A/A abbaa Taayitaa galiiwwan Godina Wallaga Bahaa, gaafa 16/05/2009.
44. Alamaayyoo Tafarraa, Qorataa Yakka Gibraaf Taaksii, , gaafa 16/05/2009.
45. Gobanaa Gammachuu, Itti gaafatamaa Abbaa Taayitaa Galii Godina Wallaga Bahaa, gaafa 16/05/2009.
46. Adaanaa Birasaa, Experii Seeraa Waajjira Bulchiinsa Godina Wallaga Bahaa, gaafa 16/05/2009.
47. Shimalis Mitikkuu, Itti Gaafatamaa Waajjira Bulchiinsa M/Naqamtee, gaafa 16/05/2009.
48. Abiiyoot Gammachuu, Ogeessa Seeraa Waajjira Bulchiinsa M/Naqamtee, gaafa 16/05/2009.
49. Daani'eel Beekaa, Ogeessa Seeraa Waajjira Bulchiinsa M/Naqamtee, gaafa 16/05/2009.
50. Gammachiis Buzunaa, Preezidaantii MM magaalaa naqamtee, gaafa 16/05/2009.
51. Xiilaahuun Birruu, Itti gaafatamaa Waajjira Buulchiinsa Aanaa Jimmaa Arjoo gaafa 17/05/2009
52. Obboo Midhaksaa Magarsaa Pireezidaantii Mana Murtii Aanaa Sinaanaa waliin, 28/06/09

53. obboo Kamaal Jundii Ogeessa Hooggansa qabeenya humna namaa Waajjira Pabliik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Humna Namaa Aanaa Sinaana waliin gaafa guyyaa 28/06/09 taasifame
54. Obboo Malkaa Argaachoo abbaa seeraa mana murtii bulchiinsa hojjatoota mootummaa naannoo Oromiyaa waliin gaafa guyyaa 08/05/09 taasifame.